**XIINXALA ADEEMSA SIRNA**

**RAAWWII KABAJA HULLUUQQOO OROMOO SADEEN SOODDOO: GODINA SHAWAA KIBBA LIXAA, AANAA TOLEE**

**NAGEESSAA HAYILUU BADHAANEE**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIN GUUTTACHUUF DHIYAATE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**YUUNVARSIITII FINFINNEE**

KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORII

FULBAANA 2017/2024

FINFINNEE

# XIINXALA ADEEMSA SIRNA RAAWWII KABAJA HULLUUQQOO OROMOO SADEEN SOODDOO: GODINA SHAWAA KIBBA LIXAA, AANAA TOLEE

QORATAA: NAGEESSAA HAYILUU BADHAANEE

GORSAAN: DR.FILEE JAALLATAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

FULBAANA, 2017/2024

FIFINNE

## YUUNVARSIITII FINFINNEE DHAABBATA QORANNOO EEBBA DIGRII DURAATIIN BOODDEE

Waraqaan ulaagaa digrii lammaffaa Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii guuttachuuf Nageessaa Hayiluu Badhaaneetiin mataduree ‘’ ulaagaa Yuunvarsiitiin kaa’een kan Raawwatame. Xiinxala Adeemsa Sirna Raawwii Kabaja Hulluuqqoo Oromoo Sadeen Sooddoo: Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Tolee

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa__________________Mallattoo_______Guyyaa__________

Qoraa Keessaa_______________Mallattoo________Guyyaa_________

Gorsaa______________________Mallattoo________Guyyaa_________

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digrii Lammaffaa

## Galata

Badhaasaa waan hundaa kan taateefi hunduu karaa kee kan wal namaaf qixxaatu, addunyaa dhugaa keessatti karaa milkaa’inaarra kan nama qajeelchitu,Waaqa uumaafi uumamaa, gurraacha garaa garbaa, leemmoo garaa taliilaa bu’a bayii hedduurra na dabrsitee waan asiin na gasseef galata argadhu.Waaqaa gaditti, kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga xumuraatti humnaafi yeroo isaanii otoo hin qusatin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf laataniif gorsaa koo Dr.Filee Jaallataa galanni ani qabuuf guddaadha. Gorsa abbummaafi ogummaa naaf taasisaniif, milkaa’ina qorannoo kanaaf shoora olaana qaba waan ta’eef, umurii dheertuu, fayyaa gadamsaa Waaqni isaaniif haakennu. Beekumsa keessan hammaaraan hinfixin. Beekumsaan jaaraa; bulaa dhaloota bulfadha.

Ummata Oromoo kanabbaa aadaafi duudhaa bareedaa kanaa ta’e kunuunsee dhalootaa dhalootatt i dabarsaa tureef guddaan isaaf haa ta’u. Itti aansuun maatii koo kan yeroon ani qorannoo kana dalagu maallaqaafi gorsaan nadeeggaraa turan hundaa guddaan galateeffadha.Waajira Aada afi Tuurizimii Aanaa Tolee keessaa hojii qorannoo kanaatiif odeeffannoo hanga danda’an kan naaf kennan hojjattoota Waajirichaa hedduun galateeffadha.

## Gabaajeewwaniifi kottoonfachiiftuu

Gabaajeefi kottoonfachiiftota hedduu qorannoo kana keessatti dhimma itti bahameera. Sababii kanaaf, qorannoon kun dubbisaa akka hinrakkifneef jecha, maqaa, gaaleefi kan biroo bakka bu'uun beekamaniifi bakka bu'uu danda'u waliin kaa'ameera.

AF_______________________Afgaaffii

A/Soolee_________________ Armuufoo Soolee

A/Tajii___________________Armuufoo Tajii

BH______________________Baacaa Hayiluu

Fkn.______________________ Fakkeenya

HUB._____________________ Hubachiisa

JA___________________Janbaree Aangessaa

TG______________________Takkaa Galaachaa

TH___________________Taarikuu Hayiluu

WATAT_________________ Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanaa Tolee

Wkf.____________________Waan kana fakkaatan

## Jibsoowwan

Jechoonnifi gaalewwan hedduun isaanii qorannoo kana keessatti akkaataa hiika galumsa bakka sanaatiin hiikni itti laatameera.

Dhalee____________dhadhaa muudaaf ykn dibataaf ta'a.

Dibbiqqoo__________Uffata haadholiin yeroo ayyaanaa qomatti uffatan

Faatii______________Osoo bakka jilaa/ dhibaayyuu hindhaqin kan wallole dhiifama walii gochuu

Fiitii_______________ Biqilaa hidda qal'aa waan tokko waliiti hidhuuf nama gargaaru

Gubbee____________ Meeshaa dhalee ykn dhadhaa muudaa itti qabatan

Hooqubaa_________ Galata Waaqaaf akka jechuuti.

Hulluuqqoo_________ jala darbuu/ waan hamaa jalaa bahuuf deemuu.

Jagabaa___________Ibsaa tikseen yeroo horii tiksitu Ifaanoof jecha cabsitee kuufattu.

Lufuu_____________ karaa darbiinsa, hulluuqqoo

Mijuu____________ dhangaa jilaaf qophaa'u.

Mijirii ______________Muka ibsaaf bakka gubaatti walitti naannessanii dhaaban

Okolee____________Meeshaa dhangaan akka marqaa ykn mooqaa itti dhi

## Axareeraa

*Xiinxala Adeemsi Sirni Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo akkuma duudhaalee ummata Oromoo yeroofi safuu isaa eeggatee raawwatamaa tureera. Akka mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuuf kan qorataa kakaases, naannoo mata duree qorannoo kanaatti Sirni Hulluuqqoo kuni haala gaariin osoo kabajamaa jiruu gidduutti sababoota babal'ina amantiilee alaa dhufaniin osoo hinraawwatin hafuu isaatidha. Kun immoo aadaan madda araaraa, tursiiftuun safuu, waliin jireenyaa gaarii yookiin hawaasummaaf sababa guddaa ta'u kun akka dhaloota harkaa hinbanneef hanga dand'ameen dhaloota hubachiisuufi kan jiru akka itti cimuuf haala kan mijeesseedha. Qorannoowwan kanaan dura raawwatamaniin walutubanii kan gara fuulduraatti raawwatamaniif karaa ta'eera. Dhaloota dagatanillee akka yaadatanii waan ofii kanatti akka deebi'an taasisuudha. Adeemsi qorannoo kunis maddi ragaa hawaasa aanichaa irratti kan hundaa'e ta'ee, namoota hulluuqqoo irratti beekumsa qaban mala eertuu dardaa dabarsaa irraa bifa afgaaffiitiin, bifa daawwannaafi marii gareetiin kan fudhatameedha. Haaluma kanaan, kitaabilee mata duree kanaan firoomina qaban kan sakatta'amanii, firiiwwan fookloorii keessaa raawwii jilaa bu'uureeffachuun akkaataa ayyaanichaa irratti hundaa'ee kan xiinxalameedha.* ***Mala*** *qorannoo itti fayyadame keessaa ragaalee jiru bifa suuraatiin funaanuun barreefamatti kan jijjiirame yoota'u raawwilee iddoo adda addaa bakka namoonni itti argaman irraa kan argameedha. Gosootni raawwilee ayyaanichaas as keessatti xiinxalamanii jiru. Qorrannoo kana keessatti argannoowwan qorataan argate addemsa raawwii ayyaanichaa, afoola sirna kanarratti dhiyaatan, meeshaalee aadaa hiika isaanii waliiniifi yoomessi kun maaliif akka waktii Birraa filatame kan ifa baaseedha. Yaadonni furmaata qorannoo kanaatis qaamni dhimmi ilaalu viidiyoon waraabuun barreeffamatti osoo jijjiiree, hayyoonni hawaasa keessa jiraataniifi fedhiifi danddeettii barreessuu qaban hawaasa keessaa funaanuun barreefamatti jijjiiranii mana barumsaatiif raabsamee dhaloonni bifa raawwii ayyaanichaa irraa baratamu taasisuudha. Akkasumas osoo jijjiirama bu'uraa hin agarsiifne dhalootatti akka darbu ta'uu danda'uudha. Yaboo qorannoo kanaatiin xiyyeeffannoon barbaachisaa ta'e akka kennamuufii qabu akeekni ijoon taa'eera.*

# Qabiyyee


**Baafata** **Fuula**

Galata ........ i

Gabaajeewwaniifi kottoonfachiiftuu ........ ii

Jibsoowwan ........ iii

Axareeraa ........ iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. SEENDUUBEE QORANNICHAA ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 4

1.3.2. Kaayyoolee gooree ........ 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.7. Muuxannoo Dirree ........ 6

1.8. Seen duubee Bakka Qorannichaa ........ 7

1.8.1. Argama Aanaa Tolee ........ 7

1.8.2. Hortee Ummata Sooddoo /The Ethenography of Sooddoo Oromoo ........ 8

1.8.3. Hidda Latiinsaa Ummata Naanichaa Caatoon yoo ibsamu ........ 8

1.8.4. Bu'uuraalee Misooma Anichaa ........ 9

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'IINSA QORANNOO WAL FAKKII ........ 11

2.1. Yaad-rimee Dhimmoota sirna Hullqqoofi Fookloorii Oromoo ........ 11

2.1.1. Gosoota Fookloorii ........ 11

2.1.2. Faayidaa Fookloorii ........ 14

2.2. Ayyaanota Gurguddoo Ummata Oromoo ........ 15

2.2.1. Hulluuqqoo ........ 15

2.2.2. Ifaanoo/Masqala ........ 15

2.3. Jiloota ........ 16

2.3.1. Gosoota Jilaa ........ 17

2.3.2. Jila Dhibaayyoo ....................17
2.3.3. Dhibaayyuu Yeroo Hulluuqqoo ....................18
2.4.1. Yaaxxina Tajaajilaa/ Functionalism Theory ....................20
2.4.2. Yaaxina Aadaa Hawaasaa ....................21
2.4.3. Yaaxxina Haalaa ....................21
2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ....................22
BOQONNAASADII: MALLEEN QORANNOO ....................26
3.1. Saxaxa Qorannoo ....................26
3.2. Maddeen Ragaalee ....................26
3.3. Iddattoo ....................27
3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa ....................29
3.4.1. Daawwanna ....................29
3.4.2. Marii Garee ....................30
3.4.3. Afgaaffii ....................31
3.5. Qindoomina Ragaalee ....................32
3.6. Mala Xiinxala Ragaale ....................33
3.7. Muuxannoo Dirrreefi Naamusa Qorannoo ....................33
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ....................35
4.1. Raawwii Sirna Ayyaana Hulluuqqoo ....................37
4.1.2. Raawwilee Yeroo Hulluuqqoo ....................41
4.1.3. Raawwilee SirnaAyyaana Hulluuqqoo Boodaa ....................42
4.2. Qabiyyeewwan Afoolaa Sirna Hulluuqqoo Keessatti Hojiirra Oolan ....................46
4.3. Hiika Meeshaaleen Aadaa Sirna Kanarratti Hojiirra Oolan Qaban ....................51
4.3.1. Kallachaan ....................51
4.3.2. Bokkuu ....................53
4.3.3. Alangaan / Alangee ....................54
4.3.4. Caaccuun ....................55
4.3.5. Siinqee ....................56
4.4. Faayidaa Sirni Hulluuqqoo Jiruufi Jireenya Ummata Keessatti ....................56
4.5. Haala yeroo ammaa sirni Hulluuqqoo irra jiru ....................60
4.6. Ayyaanota Ormoo Duraafi duuba Sirna Hulluuqqootti Raawwataman ....................61
4.6.1. Ayyaana Taaboree /Ukee ....................63

4.6.2. Ayyaana Ifaanoo /Gubaa ..... 65
4.6.3. Irreessa Daaraa Qabbaneessu ..... 67
4.7. Yoomessa Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo ..... 68
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ..... 70
5.1. Cuunfaa/ Gudunfaa ..... 70
5.2. Argannoo Qorannichaa ..... 71
5.3. Yaboo ..... 72
WABIILEE ..... 74
Dabaleewwan ..... 76
Dabalee A ..... 76
Dabalee B Maqaa namoota marii garee ..... 77

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun boqonnaa garaa garaa kan of jalatti hammatu yoo ta'u, boqonnaa jalqabaa jalatti, seenduubee qorannichaa, ka'uumsa qorannichaa, akkasumas, kaayyoo qorannichaa, barbaachisu mmaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa kan of jalatti hammateedha.

Yaadonni kunniin tokkoo tookkon isaanii boqonnaa jalqabaa kana jalatti xiinxalaan ibsamaniiru.Boqonnaaleen hafanisa haaluma kanaan, qabxiilee jiran kaasuun ibsamanii jiru. Boqonnaa lammaffaa jalatti, sakatta'a barruu walfakkii, boqonnaa sadaffaanis malleen qorannichaa, boqonnaa arfaffaan Xiinxala ragaaleefi shanaffaan immoo cuunfaa, argannoo qorataan kunboqonnaa afur jalatti dhiyeessfi yaboon qorannichaa ibsamaniiru.

## 1.1. SEENDUUBEE QORANNICHAA

Hawaasni kamuu aadaa mataa isaa qaba. Aadaa keessatti sirna raawwii garaa garaa qaba. Sirni raawwii kun immoo aadaa, duudhaa, amantii, hawaasa diinagdee, haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan mul'isu of keessatti hammata. Haalli jiruufi jireenya hawaasichaa dhaloota har'aafi dhaloota boriif darban dhaloota dur jiraatanii irraa kan fudhatamuudha.Yaaduma kanarratti Toleeraafi Hundasaan (1995 f 5) yoo ibsan "Hawaasa tokko hubachuuf abbootiin abbooti isaa yookiin sanyiin isaa haala keessa darban hubachuu barbaachisa. Haalli yookiin akkaataan jireenya snyii ofii keessa darba haala jireenya har'aa irratti calaqqisa ni qabaata".

Akka yaada barruuwwan armaan olii kanaattis, Hawaasa Oromoo biratti raawwileen waktii garaa garaa keessatti raawwataman haala darbaa dabarsaa gosa yookiin sanyii isaanii kan agarsiisuudha. Gosoonni Oromoo bakka garaa garaa jiran gochoota garaa garaa garuu kaayyoo walfakkaataaf yeroo raawwatan akkaataa achii as dhuftee isaanii gadi hin dhiifneetti kan mul'atuudha.

Kanumarraa ka'uun Oromoo Tuulamaa kan gosa Sooddoo waan Oromoonni gosoota naannoo biroo raawwatan kan hedduu wal isaan fakkeessu qaba. Akka fakkeenyaatti Hulluuqqoon sadarkaa jechaatti illee kan walfakkaatu Oromoota golee Oromiyaa jiran keessaa Oromoo Arsii, Booranaafi warra Tuulama Sadeenii keessaa balbala Daacii birattidha. Qabiyyee walfakkaatuun gosa sadeen sooddoo Soolee birattis akka beekamuufi raawwatu ragaan qorannaa kanaan walqabatu nimul'isa.Ummanni addunyaa kana irratti erga jiraachuu eegalee jalqbee uumafi

uumamaa nidinqisiifata. Akkaataan dinqisiifannaa isaa safuu hawaasaa, uumaafi uumamaa osoo hin jeeqin dhalootaa dhalootatti dabarsaa jira.

Akka Mulugeetaa (1999 f 164) ibsetti, “Amantaa Oromoo Waaqeffataa keessatti Ayyaanni ergamaa Waaqaati. Waaqafi nama kan walitti fidu. Rakkoo jirus akka hiikkatu jiddudeemsi raawwatama jedhaniiti amanama. Akka yaada olitti tuqamerraa hubachuun danda’amutti ayyaanni Waqafi nama gidduu dhaabbatee kan tajaajiluudha. Namaafis faloo kan kennuudha. Kanumatti dabaluun akka hayyuun tokko waa’ee ayyaanaa ibsutti,

> Oromo traditional religion teaches that there are many saints like divinities called ayana each as manifestation of the one waaqa. Ayana is believed to be the angle of waaqa. Ayana is created by waaqa and does not creat anything. Ayana can only communicate the problem of humnas to waaqa. (Warkineh, 2001, f. 27)

Akka yaada barreessaa kanaatti, amantiin aadaa Oromoo qulqulloonni akka Waf75rfbnaqolii ayyaana jedhaman tokkoon tokkoon isaanii akka mul’ata Waaqa tokkootti baay’ee akka ta’an barsiisa. Ayyaanni kofa waaqaa akka ta’e amanama. Ayyaanni rakkoo humna waaqaatti dabarsuu danda’a, jechuun ibsa.Amantii duudhaa Oromoo keessatti ayyaanni ergamaa Waaqaa, Waaqafi nama yaadan walagarsiisuudha. Rakkoo namni qabu waaqaaf dhiyeessuun fala namaa fida.

Akka Alamaayyoofi Kaawwan (1998 f 38) ibsanitti, Ummanni Kuush guddina qarooma aadaa keessatti ija mukaafi sanyii funaanurraa qonna yogguu eegale, adeemsa jiraachuurraa horii horsiisuu yogguu jalqabetti, kanroobee biqilchuufi guddisu bokkaafi aduun lamaanuu waaqarraa akka dhufe qalbeeffate. Kanarraa amantiifi falaasamni isaa akkasumas, warri amantii gaggeessan uumaman. Kanumaan dhagaa muudaa (amantii waaqaa) dhaabuun kun galma amantii abbaa muudaa Oromoo fuulduraafi akkasumas, sidaamaa, walaayittaafi hunda keessatti bal’inaan akka argamu ibsu.

Akka seenaan ibsutti hawaasni waan baay’ee uumuu yookiin kalaquu, shaakaluu, walbulchaa jireenya isaanii gaggeessaa deemu. Uummanni Oromoos akkuma kanatti jireenya isaa gaggeeffat a. Uummanni Oromoo aadaa hedduu siyaasaafi amantaa keessatti kalaquun gaggeeffata. Isaan keessaa muraasni: Sirna Gadaa, Hulluuqqoo, Ayyaana boorantichaa, Qaalluma, Ateetee, Taajoo, Gannii loonii, Ukee/ Taaboreefi kanneen biroo fa’i Araarsoo (1995). Hulluuqqoon sirna akka

jilaatti hawaasni Oromoo Sooddoo waktii birraa eegee karra yookiin loon waan qabu waliin bahee uumaa isaa itti galateeffatuufi kan fuulduraafillee wareeggatuudha. Kunis kan agarsiisu uummanni Oromoo hawaasa keessatti karaalee waan uumaafi uumama isaa dinqisiifatee jiraataa tureedha. Qorannoo kunis fuulleffannaan isaa Xiinxala Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo Oromoo Sadeen Sooddoo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee irratti kan xiyyeeffatee hojjatameedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Haasni Oromoo jiruufi isaa keessatti sirna kabaja ayyaanaa kan mataa isaa qaba. Sirna kana keessatti raawwilee garaa garaatiin dhugeeffata. Haata'u malee yeroo ammaa kana hawaasni dhiibbaa amantiilee garaa garaafi kan biroon waan duraan raawwatu hedduu gara dhiisuurra gaheera. Kana malees immoo namoonni baay'een isaanii aadaafi duudhaa akkanaa itti dhimma bahuu malee haala raawwii, ergaa inni jiruufi jireenya hawaasichaa keesatti qabuufi faayidaa isaa adda baasanii hinbeekani. Faayidaa sirni raawwii kun jiruufi jireenya isaa keessatti qabuufi ergaa gochaawwan ykn raawwileen sun qabatee jiru hubannaa isaa hinqabani.

Gama biraan, hayyoonni keenya hanga ammaatti akka godina Shawaa Kibba Lixaatti dhimma Hulluuqqoo irratti xiyyeeffannoo kennanii wanti qorannoos ta'ee kitaabni barreeffame hinjiru. Kun immoo qoratichi dhimma kanarratti akka qorannoo kana gaggeessuuf isa kakaase. Kanaaf qorannoon kun mata duree Xiinxala sirna kabaja ayyaana Hulluuqqoo Aanaa Tolee Oromoo Sooddoo"jedhu irratti xiyyeeffannoo kennuun qorannoo gaggeeffamee milkaa'eedha.

Haaluma olitti ibsameen qorannoo kana gaggeessuf sababa kan ta'e, hawaasni naannoo qoratichi keessa jiraatu yoo ilaaallame, sirna kabaja ayyaanaafi haala raawwii adda addaa sirnicha keessatti raawwatamutti nigargaarama. Haa ta'u malee, xiyyeeffannaa guddaan kenname hinmul'atu. Kun immoo akka qorannoo kana gaggeessuuf qabxii qoraticha kakaaseedha. Kana malees, gochaaleen sirna kabajaa kanarratti raawwataman kun beekumsa hawaasichaa mul'isan waan ta'aniif irratti hojjetamee, dhaloota gara dhalootatti yoo ce'u gaarii ta'uu isaa bu'aan qorannoo kanaa ifoomseera. Kanaaf qoratichis yaada kana xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan hanga tokko gahee isaa ba'uuf gaaffilee bu'uura armaan gadii kana ka'umsa godhachuudhaan qorannicha gaggeessee jira.

1. Adeemsi Sirni Hulluuqoo haala kamiin raawwatama?
2. Qabiiyyeewwan afoolaa sirna hulluuqqoo keessatti hojiirra oolana ergaa maalii qabu?
3. Meeshaaleen aadaa sirna kanarraatti hojiirra oolan hiika maalii qaba?
4. Sirni Hulluuqoo jiruufi jireenya uummaat Sadan Soodoo birratti faayidaa maalii qaba?
5. Sirni Hulluuqoo yeroo ammaa sadaraka maaliirra jira?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoolee gurguddoo lama ofkeessatti qaba. Isaanis kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreeti.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Adeemsa Raawwii Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo Oromoo Sooddoo aanaa Tolee xiinxaluu irratti kan gaggeeffameedha.

### 1.3.2. Kaayyoolee gooree

Qorannoon kun kaayyoo walii galaa irratti hunad'uun kaayyoolee gooree raawwiiisaa keessatti xiyyeeffannoo adda addaa kan qabuudha. Kaayyooleen gooree kunis:

- Raawwii sirna Ayyaana Hulluuqqoo ibsuu
- Qabiyyeewwan Afoolaa Adeemsa sirna Hulluuqqoo keessatti hojiirra oolan ergaa maalii akka qabu adda baasuun ibsuu.
- Meeshaaleen Aadaa dhiimma kanarratti hojiirra oolan hiika maalii akka qaban xiinxaluu
- Sirni Hulluuqqoo jiruufi jireenya ummata Sooddoo biratti faayidaa maalii akka qabu xiinxaluu
- Sirni kabaja Ayyaana Hulluuqqoo yeroo ammaa kana sadarkaa maaliirra akka jiru ibsuu
- Ayyaanota duraa duuban Sirna Hulluuqqootti marsanii jiran ibsuufi xiinxaluu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun wayita gaggeeffamutti bu'aa qorannichaarraa kallattiis ta'ee alkallattiin dhaloonni itti gargaaramuu yookaan dhimma itti bahuu danda'uudha. Qorannoo Hulluuqqoo kana k eessatti adeemsa raawwii ayyaanichaa waliin raawwileen hedduun isaanii barbaachisummaa guddaa

qabu. Sababa jiloota kanaan hawaasni dura walitti hin dhufne ykn wal dhaballee yoo jiraatan walitti nidhufu; niaraaramu.

Wanti hawaasa hanga kana walitti hidhee nagaan waliin jiraachisu, waldhabdee garaa garaa hiiku kun bal'inaan qoratamee dhalootaaf darbuu qaba. Akkasumas dhaloonni golee Oromiyaa keessa bakka garaa garaa jiraatu waa'ee ayyaana Hulluuqqoo irratti adeemsa raawwii isaa, qabiyyeewwan afoolaa achi keessatti hojiirra oolan qaba, hiikaa meeshaaleen aadaa sirna kana waliin qaban, faayidaa sirni kun hawaasa Oromoo Sooddoo biratti qabuufi haala yeroo ammaa kana sirni Hulluuqqoo kuni irra jiru irratti hubannoo walfakkaatu akka qabaatuuf gargaaree jira.

Dabalataanis, qophii jireenyaa gara fuulduraa taasifamu keessatti hawaasaaf hubannaa kennuuf, barreessitootaaf, maanguddootaaf, barsiisota afaaniifi seenaa, aadaa, duudhaa irratti hubannoo kennuufi barsiisuuf kan gargaareedha. Qorattoonni dhimma Hulluuqqoofi jiloota biroo irratti qorannaa gaggeessuu barbaadaniif madda ragaa nita'a. Walumaa galatti qorannaan kanarraa dhalootni, akkasumas namoota sadarkaa garaa garaa jiraniif barbaachisummaa armaan gadii kan qabuudha.

- Haala deemsi raawwii ayyaanichaa.
- Namoota adeemsa sirna raawwii ayyaana Hulluuqqoo barsiisuu.
- Namoota qorannoo kana fakkaaturratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif madda qorann ooti.
- Hubannoofi ilaalcha dhaloonni Hulluuqqoo irratti.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannaan kun bakkaafi qabiyyeen daangeffamee jira. Bakkaan naannoo Oromiyaa godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee qofarratti daangeffameera. Kunis kanta'eef humnaafi baajata guddaa waan barbaachisuuf qorataan bakka qorannaa isaa daangesseera. Haala kanaan raawwii isaa fiixan ba'iinsa gaarii akka qabaatuuf bakki qorannaa kan daangeffameedha.

Kallattiin daangaa qorannaa kan biroo mataduree qorannichaati. Akkuma bakki qorannaa tokko daangeffamuu qabu mata dureen qorannoo illee daangeeffamuu qaba. Kanaaf qorataan mata duree haala raawwii ayyaanichaa ilaaluun qabiyyeen afoolaa sirna hulluuqqoo keessatti hojiirra oolan ergaa maalii akka qaban, hiikaa meeshaaleen aadaa sirnicha keessatti qaban, faayidaa Sirni

Hulluuqqoo jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qabuufi sirni kun yeroo ammaa maalirra akka jiru irratti kan xiyyeeffatamee xiinxalameedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Waraqaa qorannoo Kun“Xiinxala Adeemsa Sirna kabaja Ayyaana Hulluuqqoo (Haala Kibba Lixaa: Aaanaa Tolee: Godina Shawaa Kibba Lixaa) jedhurratti xiyyeeffata. Garuu, adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessatti, rakkooleen adda addaa qorataa mudataniiru. Rakkooleen kunneen kessaa isaan gurguddoon: odeeffannoo kennitoonni tokko tokko dagannaarraa kanka’e bakka itti waan garaa garaa argamee jira.

Kunis kan ta’eef naannoo hedduutti ayyaanichi akka isa duraatti sirnaan kabajamaa hinjiru. Akka sumas, namoonni tokko tokko sababa haala nageenyaa toora sanatureen meeshaalee elektiroonik siin sagaleen isaanii akka waraabamuuf eeyyamamoo ta’uu dhabuufi qoratichillee yeroon akka daataa sassaabbatee xiinxaluuf haalli nageenya, meeshaalee barreessuus kanneen akka kompitaraa, waraqaa yerootti argachuu dhabuu warren akka hanqinaatti kaafamani.

Haata’u malee, qorataanis rakkoowwaan kana qabachuun callisee kantaa’e osoo hintaane; odeeffannoo kennitoota odeeffannoo kennuu sodaataniif, kaayyoo qorannichaa itti dhiyeenyaan hubachiisuun eeyyamamoo ta’anii odeeffannoo akka kennan taasiseera. Rakkina dhimma nageenyaan walqabatus obsumaan soda tokko malee toora sanatti deddeebi’uun hojii isaa raawwateera. Kompiiteraan walqabatee hanqina isa mudateefis, hiriyaa isaa kan ta’an obbo Daadhii Bayyuu, obbo Guutaa Macheessaafi obbo Magarsaa Guraaraa kan jedhaman irraa bifa er gisaan fudhachuun,dhimma itti baheera. Walumaa galatti, jalqabaa hanga xumura qorannoo kanaatti rakkoolee xixiqqoofi gurguddoo akka hanqinaatti qorataa danqaa turan qoratichi nuffii tokko malee obsaan keessa darbeera.

## 1.7. Muuxannoo Dirree

Muuxannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannichi itti adeemsisu dhaquun qorannoo kan gaggeesseedha. Haalli kunis, odeeffannoo qorannoo sanaaf barbaachisu namoota, suuraa, aadaa hawaasichaafi haala teessumaa bira deemuun qabatamaan ragaa barbaachisu funaanuuf fayyada.

Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan kan walitti qabaman adeemsa adda addaa keessa darbaniiti. Jalqaba qorataan odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan nagargaaru jedhee

filate (afgaaffii dhuunfaatti namoonni kudha saddeet) waltajjii sirna hulluuqqoo irratti filataman gaaffii ja'a, namoota irratti hirmaatan namoota kudha saddeetiif gaaffileen ja'an qopheeffate mir kaneeffate sanaafi kaameraa odeeffannoon isa barbaachisuufi yaadannoo qabatee bu'aa isaa xiinxalee jira.

Namootuma afgaaffii dhuunfaan deebisan walitti qabuun garee namoota afur qabuuf kan namoot a shan qaban bakka lamatti qooduun dhugummaa daawwannaafi afgaaffii dhuunfaarraa argame mirkaneef fachuuf marii gareef walitti qabatee jira. Hojiiwwan aloolaa booddee ragaawwan viidi yoofi suuraa dhageeffachuufi ilaaluun gara barreeffamaatti jijjiiruun; ragaalee walfakkaatan iddo o tokkotti gurmeessuun, qoqqooduufi xiinxalamaniiru.

## 1.8. Seen duubee Bakka Qorannichaa

Aanaan Tolee, Aanaalee 11 Godinni Shawaa Kibba Lixaa qabdu keessaa ishee tokkoodha. Maqaa kanas kanargatte maqaa bakka Lafa baay'ee diriiraa mijataa 'Tole' jedhamuurraa kanargatte yoo ta'u, hiikni isaa immoo wanti hunduu mijataadha jechuudha. Bakki gabaa kunis, giddugaleessa Aanaa Toleeti. Magaalaa guddoon aanichaas "Baantuu" jedhamtee yoo waamamtu, moggaasni maqaa "Baantuu" jedhuus maqaa ilma Harmuufoo yeroo durii iddoo amma magaalattiin itti babal'atte keessa jiraachaa turerraa kan kennameefidha.Teessoon aanaa Tolee magaalaa guddoo Biyyattii, Finfinnee irraa gara kibba lixaatti fageenya km 85 Magaalaa Godinaa Walisoo irraa gara Bahaatti fageenya km 77 irratti argamti. Aanaa kana keessa gandoota baadiyyaa 23fi gandoota magaalaa 2 waliigala gandoota 25tu jiru.

### 1.8.1. Argama Aanaa Tolee

Argamni aanaa Tolee kallattii arfaniinuu haala armaan gadiitiin daangeffamee kan argamuudha.Karaa Kaabaan –Aanaa Bachoofi Aanaa IluuKaraa Kibbaan-Aanaa Qarsaa Maallimaa Karaa Lixaan Aanaa Bachoofi Aanaa Sadan Sooddoo Bahaan Godiina Addaa Sabbata afi Aanaa Qarsaa Maallimaan daangeeffamtee argamti. Haalli qilleensa Aanaa Tolee Baddaa=20 %fiBadda Daree=80% yoo ta'u, haalli ho'iisa aanichaa giddu galeessaan 18c$^{0}$-27c$^{0}$ dha. Rooba gannaa immoo giddugaleessaan 800mm-1200mm argatti. Haalli teessuma lafa Aanaa Tolee lafa diriiraa56%, bu'aa ba'ii 11%, gaarafi tabba 26%, hallayyaa 7%'n haguuggamee kan argamuudha.

Gara biraatiin bal'inni lafaa aanichaa heektaaraan yoo ibsamu waliigalaan heektaara 41019 yoo ta'u, lafa qonnaa heektaara 28140, lafa bosonaa heektaara 348, lafa margaa heektaara 1776, lafa tabbaa heektaara 2180 qabdi. Aanaan Tolee sirrii qarqara galaanaa irraa olka'iinsa 2000-2800m irratti argamti. Akaakuun biyyoo aanicha uwwisee jiru gurraachi 51%,diimaa 21%,Cirracha 11%fi Kan biroo 17% dha. Baay'ina uummataa akkaataa bara1999 lakka'meen, dhiiraafi dubaraan kuma saddeettamii ja'aafi dhibba sagaliifi kudha shan (86,915) kan qabduudha.


### 1.8.2. Hortee Ummata Sooddoo /The Ethenography of Sooddoo Oromoo

Qomoon ummata Aanaa kanaa Hortee Tuulamaati.Tuulamni kunis ijoollee sadii kanhoreedha. Isaanis Daacci, Bachoofi Jiilleedha. Daacciis ilmaan sadi Galaan, Oboofi Sooddo kanqabuudha. Ak kasumas, Sooddo ilmaan sadii kan qabuudha. Isaanis; Odituu, Liibaniifi Tummeedha. Ittuma fufuud haan horteewwaan kun balbalatti yemmoo qoodaman Oditu balbala shan qaba. Isaanis (Siibaa, Abb aadhoo, Idooroo, Sooleefi Maallimadha). Tum'een balbala lama qaba.Isaanis (Waayyuufidha).Liiba nis balbala 2 qaba."Baantuun kan warra Buttaa Liibani" kanjedhameefis kanuma. Isaanis (Harmuufaafi Boodhaadha.)

Haaluma kanaan Aanaan Tolee ilmaanTuulama sadeenii keessaallee Bacho akka jiraniidha. Bacho ilmaan ja'a qaba. Isaanis: Iluu, Meettaa, Waajituu, Keekkuu, Garasuufi Uruudha. Uummanni aanaa kana keessatti argamanis ilmaan Tuulamaa keessaa Bachoofi Sooddoodha. Ammaaf toorri xiyyeeffannoo qorannaa kanaas kanilmaan sadeen sooddoo kana irratti waan fuulleffateef hidda latiinsa warra sooddoo qofaatu agarsiifama.

### 1.8.3. Hidda Latiinsaa Ummata Naanichaa Caatoon yoo ibsamu

Horoo
|
Oromoo
|
Booranaa Baarentummaa
|
Sammalooo
|
Gurraacha
|
Nagawoo
|
Odaa
|




(Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16; Jiildii-1, 2012).

### 1.8.4. Bu'uuraalee Misooma Anichaa

Bu'uraalee misoomatiin wanti walqabatu, Daandiin Cirrachaa Bonaafi Ganna tajaajila kennu 117km dheeratu kanjiru yoo ta'u, kunis caalmatti gandoota hunda bira kan gaheedha.Ibsaanillee, magaalaa guddittii Aanaa Tolee Baantuu irraa ka'udhaan magaalaota xixiqqoo kanneen akka Laalisee, Abeebee, Kusaayeefi jijjigaa kanitti tajaajilamaniidha.Uwwisa tajaajila fayyaa waliin gahuuf, dhaabbileen fayyaa jiran; buufata eegumsa fayyaa afur, keellaa fayyaa 22 fi hospitaala tokko kanqabduudha.

Manneen barnootaa baadiyyaa 23 fi magaalaa 2 keessaatti M/B Sad.1ffaafi 2ffaa gama ijaaruufi babal'isuutiin kutaa 1-4 ja'a, kutaa 1-8 kudha sagal, kutaa 9-12 lamaafi oolmaa daa'immanii kan dhuunfaa lama aanaa qabduudha. Akka dhaabbataattis Wiirtuu leenjii tekinikaafi ogummaa tokko sadarkaa Aanaatti kan jiruudha. aanittiif carraa guddaan tokko kanadha. Akkasumas, laggeen jajjaboon aanicha keessatti misooma jallisiifi kanneen biroof oolan niargamu.Isaanis:

kanneen akka laga Waatiraa, Laga Tagabaa, Laga Koocee, Laga Dhulaandhulaa, Laga Qarsaafi Laggeen xixiqqoon kan biroo oomisha kanaaf oolan Aanaa kana keessatti kan argamani.

### 1.8.5. Qbeenyaa Aadaafi Turiziimii Aanaa Tolee

Qabeenyi aadaafi turiziimii guddina biyya tokkoof baay'ee baay'ee barbaachisaadha. Akka dokumantiin WATAT (2011, Ff. 10-11) waa'ee qabeenya aadaafi turiziimii aanichaa ibsutti Aanaan Tolee qabeenya turiziimii kan ta'an holqawwaniifi dhagaa Giraany kan jedhamu qabaachuun beekamti.

Holqa Adaree kan jedhamu teessoo aanichaa kan taate magaalaa Baantuu keessatti kan argamu bara 2003 irraa eegalee beekamtii argateera. Holqi kun bifa mana jireenyaa fakkaatuun bocamee akka waan tajaajilaa jiruutti kan mul'atu eenyuun akka hojjatame garuu hanga ammaatti wanti beekame jiraarchuu baatullee namoonni akka odeeffannoo laatanitti yeroo Xaaliyaanii akka hojjatame himu. Naannoo sanatti Xaaliyaaniin kan hojjatame mana murtii aanaa ta'ee hanga ammaatti tajaajila kan kennaa jiru ijaarsi tokko ni jira. Kana wal qabsiisuun akka dubbataa jiran himama.

Innaa biroo hambaa seenaa kan ta'e dhakaa dhaabbii Gitraanyi ykn Bitaattichaa toora kana iddoo garaa garaatti ni argama. Dhakaan dhaabbii kun yeroo durii naannoo sanatti Ahmad namni jedhamu dhakaa kana bocee bifa dhaabbii namaa fakkaatuun qopheessee harka tokkoon lafatti gadi dhaabuun farda itti hidhataa ture jedhama. Dhakaan kun yeroo garaa garaatti dhaabbileen barnoota olaanoollee qorannoo irratti gaggeessuun bu'aa isaa hawaasa aanichaaf ibseera. Kanumarraa ka'uun Yuunivarsiitiin Finfinneetti Muummeen barnoota Seenaa appartimentii irratti bahuun naannoo seensa magaalaa Baantuutti Amufo Sole Magnatite jedhamuun barjaa guddaa tokko hojjachuun beekamtii kenneefii jira.

Walumaa galatti Aanaan Tolee qabeenya turiziimiif oolan kanneen uumamaafi namtolcheen kan beekamtuudha.Isaan keessaa kan akka Laggeenii, Tulluuwwaniifi holqoota namtolcheefi uumamaa (holqa Qaaxillaa) dabalatee hedduun hawwata turiziimiif ooluu kan danda'a'an hedduudha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'IINSA QORANNOO WAL FAKKII

## 2.1. Yaad-rimee Dhimmoota sirna Hullqqoofi Fookloorii Oromoo

Boqonnaa kana jalatti yaada yookaan ogbarruu hayyoonniifi barreessitoonni waa'ee jiloota hawaasaafi afoola garaa garaa irratti barreessantu qindaa'ee sakatta'ama." Qabiyyee kana keessatti kutaa seensaatti aanee inni argamu sakatta'iinsa barruuti. Akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'mutti barruun hojiiwwan garaa garaa duraan dhimmicharratti yookiin kanaan dura wal ilaallatu irratti hojjataman sakatta'uudha.

Yaaduma kana akka Adugnaa (2011, f. 57) ibsutti aangaa mataduree qorannichaarratti hundaa'uun yaadoleen waa'ee yaadrimee fookloorii, aadaa hawaasaa, jilaafi haala raawwii jilaa, qabiyyee sirnichaa meeshaalee, wantoota ijoo sirnichaan walqabatan mara hammachiisuun nixiinxalamu. Itti aansuunis, Yaaxxina haala raawwii (theory of context models) fi yaaxxina maleenya gochaafi hiika wantootaa (stuructural and semiotic approach) kanneen qorannichi walii galaan irratti xiyyeeffatan irratti hundaa'ee adeemsifamuufi barruun wal fakkiitiis sakatta'amuun tartiibaan kan dhiyaatanidh a.

### 2.1.1. Gosoota Fookloorii

Gosa fookloorii ilaalchisuun beektonni garagaaraa yaada isaanii kaa'anii jiru.Isaan keessaa Fiqaadee (1991 f 1) Dorson (1972) irraa fudhachuun "Fooklooriin firiiwwan gurguddoo afuritti qooddama. Isaanis afoola (oral literature), barsiifata hawaasaa (social folk custom), artii raawwii (performing folk art) fi meeshaalee aadaa (material culture) jedhamaniidha.

#### 2.1.1.1. Afoola

Uummanni Oromoo muuxannoo baradheeraaf kuufate, aadaa yeroodhaa yerootti gabbifateefi ilaalcha hawaasa isaa labata tokkorraa labata biraatti dabarsee har'aan kangahe afoolani. Kana bu'uureeffachuunn hayyoonni adda addaa afoolaaf hiika armaan gadii kaa'aniiru. Afoolli damee fokloorii keessaa isa tokko ta'ee beekumsaafi aadaa afaaniin daddarbu ta'uu isaati. Asafaan (2004, f. 11), (Bukenya, 1994) wabeeffachuun akka ibsetti, it [oral literature] is avaluable…experience contributing to the total growth, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imports to the growing person useful, cognitive,

Akkasumas, Fedhasaan (2013, f. 33) maalummaa afoolaa ilaalchisee, Afoolli kalaqa sammuu keessatti qophaa'uun afaaniin hima-muudha. Kana keessatti haalli lufinsasaas himinsa afaaniin

malee, barreeffamaan miti. Wanti afaaniin darbaa dhufe kun baattuu seenaa eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasaa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii asga’an, jechuun ibsa.

Yaada karraas wanti hubatamu afoolli afaaniin dhalootarra dhaloota kan darbu ta’ee dhimmoota garaa garaa of keessatti hammachuusaati.Falaasama jiruufi jireenya hawaasichaa calaqqisiisuu danda’an baatanii dhalootaa dhalootatti darba jechuudha.

#### 2.1.1.2. Duudhaa Hawaasaa

Namoonni kutaa hawaasaa tokko waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti dhimmoota garaagaraatirratti aadaa kuufatan qabu. Aadaan kuufatan kunimmoo eenyummaa isaanii ibsa. Kunis, waa’ee aadaa dhimma ta’e tokko hawaasa isaatiiin alatti kaasuun ifa gochuun rakkisaa akka ta’e namatti agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun fooklooriwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun, Sims and Stephens’s yoo ibsan:

> Rituals are repeated, habitual actions, but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or announce membership in agroup.Most rituals bring together many types of folklore: verbal such as chants, recitations, poems or songs; customery such as gesture, dance or movements; and material, such as food, awards, clothing and costumes. Sims and Stephens, (2005, f.113)

Akka yaada hayyoota kanaatti, jilli hawaasaa dhimmoota garee hawaasichaa keessatti irra deddee bi’anii haala wal-fakkaatuun raawwatamaniidha. Kunis kan raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta’uu yookiin itti makamuu agarsiisuuf ofbeeksifachuu akka ta’e agarsiisa.

Kaawoofi kaawwan (6400 f 227) keessatti akka ibsamee jirutti, Ayyaani Waaqeffannaa akkaataa kabajama isaan iddoo lamatti qoodama: Ayyaana Mo’aafi Ayyaana Galatooti.Ayyaana Mo’aa jechuun ayyaana warraafi maatii humnoomsee moosisuudha. Maatiifi warri ayyaanaa waaqaan guutamanii waan gaariifi qajeelaan gara egeree gaariifi qajeelatti akka fulla’an taasisa. Ayyaanota mo’aa warri jedhaman kanneen akka: Aarsaa, booranticha, gindiikaa, gijaareefi urgooftuu fa’a.

Ayyaana Galatoo jechuun ayyaanota kabajamoo Waaqeffattootni dhuunfaan akka maatiitti, gamtaan

akka jamaatti wal gahanii ayyaaneffataniidha; achiinis ayyaana moofaafi dulloomaa keessaa muux atanii bahuun ayyaana haaraafi jabaa dhuunfatan. Kunimmoo, Waaqeffattoota haaromsee humnees suun abdii egeree akka horatan taasisa; kanaafis, ayyaanonni kunneen dhalootaa dhalootatti fulla'i naan kabajamaa ayyaaneffatama.

Ayyaanota Galatoo waaqeffattootan ayyaaneffaman kanneen akka: Taaboree, Ilillee, Ifaanoo, Hull uuqqoo, Irreecha, Birboo, Wadaaja, Buttaa, Cooraafi Ateetee fa'a. Walumaa galatti, sirna ayyaanef fannaa ayyaanotaa kamuu jaataneessan yookiin raawwataman hunda dura waaqa ofii yookiin isaan uume kadhatu, faarfatu akkasumas nigalateeffatu ( Lenin 2015)

#### 2.1.1.3. Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa beekumsaafi ogummaa wayii agarsiisuuf jecha jecha kanhojjatan wantoota ijaan mul'ataniifi harkaan tuttuquun danda'amu. Akkasumallee, ergaa mataa isaanii danda'e dabarsuu danda'anii jiru. Waa'ee meeshaalee aadaa kanneen ilaalchise Martha (1963 f 16) yoo ibsitu;

> Material folklore takes a number of different forms, some of it "permanent," such as architectural structures or functional tools, and some of it ephemeral, such as food, body painting or paper ornaments. Permanent or not, material culture has in common that it is tangible-can be touched, seen, eaten orlived in. In many cases, these material objects are hand crafted, but they alsomay be mass-produced items that are used in expressive ways, such as holiday decorations, or toys or artifacts. Woodword (2007, f. 3)

Akka yaada nama kanaatti meeshaaleen aadaa bifa adda addaa kan qabu yoo ta'u, gariin isaanii dhaabbataa kan akka caasaa ijaarsaa, meeshaalee hojii, gariin immoo yeroo mursaasaaf kan akka nyaataa, suuraa qaamaa, yookiin fedhii meeshaafi xinsammuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjetan wantoota ijaan mul'atanifi harkaan qabamuu danda'aniidha. Wanti aadaa kangurraan dhaga'amu yookiin kanafaaniin dubbatamurra kanijaan ilaalamuudha. Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falasama hawaasa tokkoo kan calaqqisuudha; namoota ilaalchafi barsiifata tokko qabaniin dhaloota tokko irraa kanitti aanutti bifa ilaalamufi harkaan qabamuutiin qabeenya aadaa darbuu danda'u.

#### 2.1.1.4. Aartii Raawwii

Aartiin sochii qaamaa hawaasaati. Gosa aartii hawaasaa keessaa tokko ta'ee raawwiin isaa sochii qaamaan kam mul'atuudha Aartiin sochii qaamaa hawaasaa, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogummaan guutee, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kankalaqate. Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka,
miilla, mataa, fuula, mudhii, morma, ijaafi gurra keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuud ha. Aaartiin sochii qaamaa sirba, sochii qaamaafi diraamaa ogummaa qo'atamuufi wantoota qo'atamanii kan of keessaa qabudha.

Raawwiin yookiinn dalagni tokko dhiyeessitootaafi hirmaattota of keessaa qabaata. Inni kunimmoo aadaa hawaasaa keessatti namaafi nama, namaafi lafa, namaafi Waaqa…..walitti araarsuuf walii mijeessuuf…adeemsifamuu danda'a. Kanumaan walqabatee, hayyuun Bouman jedhamu (1977, f. 11) "Thus conceived, performance is amode of language use, is away of speaking," jechuun raawwiin mala ergaa tokko tarii haala hawataa adda ta'een walii dabarsuu akka ta'e ibsee jira.

Hayyuun Finnegan (1992 Ff 87-88) immoo, "Performance is in a sense perhaps an element in every action, and certainly a concept of general interest within anthropology and elsewhere,'' jechuun ibsite. Kunis, raawwiin gochaa waliigalaa aadaa hawaasaa dirree xiyyeeffannoo saayinsii hawaasummaa hundaa akka ta'e nuqayyabachiisa. Dabalataan, qorannoon dirree kanarratti gaggeeffamu jechoota afaan dubbiitiin ergaan ittiin darbuu qofa irratti akka xiyyeeffachuu hinmalle jechuun raawwiin jilaa tokko kallattii garaagaraatiin qo'atamuu akka danda'u addeessitee jirti.

### 2.1.2. Faayidaa Fookloorii

Karaabiraatiin, miidhaginni fookloorii keessa jiru akka riqichaatti hawaasa walitti fiduuf nigargaara. Kana ilalchisuuun, Brunvand (1979, f. 426) yoo ibsu, "Folklore is a sphere of interaction, needs and desires, and artistic expression with its own structures and aesthetics," jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti, fooklooriin barbaachaafi fedhii guddaa hawaasni qabu; akkasumas, ogummaa artii hawaasaafi caasaa artii hawaasaa, miidhagina isaa waliin akka geengootti kan walquunnamsiisu ta'uu isaa nihubatama.

## 2.2. Ayyaanota Gurguddoo Ummata Oromoo

Akkuma ummata addunyaa kanarra turaniifi yeroo ammaa jiraatan ayyaanota kan mataa isaanii kabajatan qaban, ummanni Oromoos ayyaanota gurguddoo kabaju kan mataa isaa qaba. A yyaanota gurguddoofi beekamoo ummanni Oromoo kabaju keessaa, ayyaana qaallumaa, irreecha a, ateetee, masqalaa, boorantichaa, hulluuqqoo, gannii loonii, ayyaana gaafataa fa'i (Hayiluu, 19 97,f.91)Ayyaanota kanneen keessaa kan mata dureen qorannoo kanaa irratti xiyyeeffatu immoo ayyaana Hulluuqqooti.

### 2.2.1. Hulluuqqoo

Sirni Kabaja Ayyaanni Hulluuqqoo ummata Oromoo bakka garaa garaa jiranitti bifa garaa garaa qabaachuu mala. Haata'u malee kaayyoon walfakkaataaf kanraawwatamuudha.Jilli Hulluuqqoo jala dhumaafi xumura Gooroo Gadaa tokkoof qophaa'uus nijira. Innis warra Gadaamojjitti ce'aniifi kangara Yuubaatti cehan jidduutti jila xumura aangoo walitti dabarsuu mirkaneessuudha. Jila kana irratti yaa'iin Gadaa baallii kennuufi Dooriin Eeboo yookiin Waraana gargarii keeyyatanii gidduu Hulluuquu yookiin gidduu bahuudha. (Alamuufi Kaawwan 2020)

> There are different kinds of ritual performed at different times and places in Arsii Oromoo depending on Oromo calendar.Some of these rituals are Taajoo, Ateetee, Boora ntichaa, Wadaajaa, Falaa, Hulluuqqoo etc. Actual conducted for the well being of the people, live stock and the environment. Branches and leaves of certain trees are colleted for this purpose (Lenin, 2015)

Akka yaada nammota kanaatti, Oromoo Arsii keessatti akkaataa kalandarii oromoo irratti hundaa'uun sirnoota adda addaa yeroofi bakka garaa garaatti raawwatamu. Ayyaanota haala kanaan ayyaaneffataman keessaa muraasni ayyaanota akka Taajoo, Ateetee, Boorantichaa, Wadaajaa Falaa, hulluuqqoofi kanneen biroodha. Qabatamaan fayyaa ummataa, beeyladaafi naannoof gaggeeffam. Dameefi baalli muka murtaa'ee kaayyoo kanaaf walitti qabama.

### 2.2.2. Ifaanoo/Masqala

Ayyaanota galatoo keessaa inni ifaanoodha. Ayyaanni ummata Oromoo biratti ji'a Hagayya wala kkeessaa jalqabee hanga fulbaana walakkaatti kankabajamuudha. Ayyaana galatoo waan ta'eef ganna nagaan bahuu isaa bakka jiru hundaa walitti bahee ibsaa ibsatee nagaa ta'uu isaa waliif

dabarsa.Yaada kana Dirribii (2012, f. 75) yoo ibsu, “Ibsaan birraa yeroo dukkanni gannaa darbee Birraan dhufu ibsaa ibsaanii gammachuudhaan simachuudha” jedha. Yaada kanarraa wanti nutti hubannu mallattoo gammachuu ta’uu isaa hubanna. Maalummaa Ifaanoo /Masqala ilaalchisee, Fileen. Mbiti (1992 f 215) wabeeffachuun akka barreessetti,

> A number of peoples keep or use a holy fire for religious purposes.The Heroro have sacred fire on the villages alters,with which the whole welfare of the peopleis intimately connected. They mentioned God as being responsinble for the fire which symbollizes national life, prosperity and contact with the unseen world

Akka yaada hayyuu kanatti Ifaanoo /Masqalli uummata heroro biratti ayyaana eebbifamaa tahee akka amaantitti kan kabajamu jiruufi jireenya hawaasa heroro keessatti gahee olaanaafi kabaja guddaa kan qabu mallattoo gammachuu kan qabudha.

Gama biraan ayyaana haala yeroo agarsiisan ilaalchisee Dorson (1972, f. 161) akka itti aanutti ibse:

> Especially in northern countries, the changing of the seasons provides suc spaced occasions. In winter, the nights are long and the days are cold; but then in March days of good weather begin to appear. The snow melt, and buds appear on the trees. In April, the groud is clear, and by May the leaves have come out and flowers blooming. In Europe, festivals have been celebrated in thesemonths since long before the Christian era, festivals survive even nows as (forexample) Carnival and May Day.

Akka yaada hayyuu kanaatti, biyyoota kaabaa Awuuroopaa keessattis sirni kabaja ayyaanaa haala yeroo irratti hundaa’ee akka kabajamu. Innis wanta ta’iinsa yeroo sanaan walqabatee ta’u mul’isuuf akka ta’edha. Sirni kabaja ayyaana Ifaanoo /masqalaa immoo hawaasa Oromoo biratti sirna kabaja ayyaanaa haala yeroo agarsiisuuf kabajaman keessaa isa dura waan ta’eef mata dureen kuniifi sakatta’iinsi barruu walfakkii kanaan qorannoon kungaggeeffameera. Akkasumas qabaiyyeefi faayidaa sirnichaan wal qabatanii argaman irraatti ibsi haalaan kennameera.

## 2.3. Jiloota

Maalummaa jilaa irraatti hayyoonni garaa garaa hiika adda addaa kennanii jiru. Jilaafi qooda jilli hawaasa tokkummeessuu, waliin jiraachisuu, walitti araarsuu keessatti qabu akka armaan gadiitti kaasaa jiru. Jilli haala qindaa’aafi toora isaa eeggatee bifa bifa bareedaa yookiin qulqullina qabuun bakkaafi yeroo murtaa’aa keessatti raawwatamu ta’ee irra deddeebii haala fedhii namaa

hawwatuun kandhiyaatuudha. Kunis garee hawaasaa tokko walitti hidhuu, waliin jiraachisuu, walii galchuufi walitti araarsuu keessatti qooda olaanaa qaba, (Dalasaa, 2008 f 17).Jilli haala raawwii kan mataa isaa qaba. Akkasumas yeroofi bakka murtaa’aa haalan qindoomina qabu keessatti raawwatama. Qabiyyee qindaa’aafi hiika ergaa dabarsuu danda’au, iddoo hundattis kan hintaane, itti yaadmamee haala kabajaa qabuun kan kabajamuudha.

### 2.3.1. Gosoota Jilaa

Jilaa Hawaasni Oromoo kun akkuma hawaasa addunyaa kana irra jiraatu kan biroo jila gosa adda addaatti qoodee ilaala. Kana ilaalchusiuun,

> Fileen (2021, f. 149).Sirnoonni adeemsa garaa garaa keessa darban sirnoota gammachuufi gaddaa jedhamuun bakkee gurguddoo lamatti qoodamu. Sirnoonni gammachuu jireenya hawaasummaa keessatti gammachuun karaa ittiin calaqqisiifamu ad eemsonniifi raawwileen adda addaa nijiru. Isaanis sirna gaa’ela, sirna da’umsaa, taaboree, ingiccaa/ qunnii buqqifannaa, masqala /gubaa, guddifachaa, moggaasa maqaafi wkf yoota’u, Sirnoonni gaddaa immoo kanneen akka boo’ichhfi awwaalchaa, ekaraa sooruudha, jechuun barreessu.

Kanarraa kan hubannu, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti sirnoonni adda addaa yeroo adda addaaf haalota garaa garaa keessatti kanraaawwataman jiraachuudha. Akuma sirnoonni gammac huu jiran sirnoonni gaddaallee jiraachuudha. Dabalataanis akkuma jedhame amalli dhala namaafi amalli aadaa hawwasichaa akka tokko ta’uudha. Dhalli namaa nidhalata; niguddata; akkasumas nidu’a. Aadaan ummata tokkoos adeemsa akkasii kana hordofa jechuudha. Walumaa galatti, Jilli hawaasni kamuu raawwatu hiika, kaayyoo, yoomessaan daangeffamee kan raawwatuudha.

### 2.3.2. Jila Dhibaayyoo

Dhibaayyuun ayyaana galateeffannaa Waaqaaf jecha yeroo garaa garaatti waan adda addaa kennuu ykn wareeguun kan raawwatamu. Knan ilaalchisee,

> Dhibaayyuu ritual is an indigenous people of the Borana Oromo argaa dhageettii (informats), dhibaayyuu means thanks giving and pray to Waaqaa by the Oromo people for good things done for them in past and praying for future year ofprosperous, fertility and peace for their land, livestock and people, (Legese, 2000)

Akka hayyuun kun ibsuttutti, dhibaayyuun sirna dhalattoota Oromoo Booranaa biratti yeroo baay’ee kabajamuufi beekamuudha.Sirnichi warra raawwataniif kaayyoofi hiika mataa isaa kan qabuudha. Akka argaa dhageettii ummata Booranaatti dhibaayyuu jechuun waan gaarii kanaan dura isaaf hojjatameef ummanni Oromoo Waaqa galateeffachuu, kadhachuu,bara dhufuuf imaanaa kaawwachuu,bara badhaadhinaa, hormaataa, nagaa lafa isaa, horii isaaf akka ta’uuf hawwii isaa ibsata.

### 2.3.3. Dhibaayyuu Yeroo Hulluuqqoo

Sirnoota yeroo hulluuqquu taasifaman keessaa dhibaayyuun isa tokkodha. Hulluuqqoon ayyaana galatoo waan ta’eef sirni raawwii dhibaayyuus daeemsuma kana kan qabuudha. Kana ilaalchisuun barreessan tokko akkas jechuun ibsa.

> The second day of Dhibaayyuu ceremony is called Hulluuqqoo. It is the important day of the ceremony where young, old, female and male came out and in large participate in the ceremony.In the journey to the site of Hulluuqqoo, the male holds hororo(men ritual stick) while women holds siiqqee(women ritual stick and saqa. As the women went ahead to the site, the men proceed to the tuullaa site where the cattle drunk from the brings cattle to the Hulluuqqoo ritual site. Asoon as the cattle arrived in the Hulluuqqoo site the jilaa passes the cattle through Hulluuqqoo.When the cattle passes through Hulluuqqoo the girls and the children says Horaa Horaa Horaa (means multiply) or blessing to increase their number (Kelbesa, 2005).

Akka yaada barreessaa kanaatti Sirni dhibaayyuu guyyaa lammaffaa hulluuqoo jedhamuun beekama. Guyyaa sirnicha isa biraa caalaa barbaachisaa ta’eefi dargaggoonni, maanguddoonni, dubaroonniifi dhiironni baay’inaan sirnicha irratti hirmaataniidha.Imala gara Hulluuqqootti godhamu keessatti dhiirri horooroo (ulee sirna dhiirotaa) yoo qabatu dubartoonni siiqqee (ulee sirna dubartootaa) fi saqa qabat. Dubartoonni gara iddoo sanaatti akkuma fuulduratti deeman, dhiirri bakka jilichaatti siquun loon gara bakka hulluuqqootti fidu. Akkuma loon bakka jila hulluuqqoo gahaniin loon muka ulaa Hulluuqqoof qophaa’e keessa darbu.Yeroo loon Hulluuqqoo keessa darban shamarraniifi ijoolleen “Horaa Horaa Horaa” jechuun eebbisaa hulluuqsisu jechuudha.

Kanarraa wanti hubatamu Sirni kabaja ayyaana Hulluuqqoo yeroo garaa garaa keessatti yaadrimee wal fakkaatuun guutuu Oromiyaa keessatti kan raawwatamu ta’a. Sirni Hulluuqqoo

bakka garaa garaatti raawwatamu kun haala raawwii irratt yoo walfakkaatellee hirmaattoa ayyaanichaarratti garaa garummaa ni qabaatu. Innis akka yaada hayyuu armaan oliitti dubaroonni sirna hulluuqqo kanarratti akka hirmaatan eeree jira.

Akka iddoo qorataan kun eerutti immoo dubartoota hinhirmaachisu. Kana ilaalchisee yaadota lamatu jira. Inni tokko dubartiin ganda biraarraa waan dhufteef sirna warra kanaatti hihirmaattu garuu sirna kanaan walqabatanii kanneen manatti raawwataman duraa duubaan kan keessatti mul'atu dubartiidha. Yaanni inni biraa immoo, dubartoonni sirna kana gaggeessuuf kan isaan ilaallatu kophaatti manatti waan qabaniif ayyaana isa dirreetti bahamu kanatti hirmaachuuf yeroo hinqabani jechuun yaada jedhu kennu.

## 2.4. Yaaxxinaalee Qorannoo Fookloorii

Mata dureen qorannoo tokko fokloorii waliin kanharriroo qabu yoo ta'e kutaa sakatta'a barruu wal fakkii jalatti qabxii ijoon dagatamuu hinqabne, yaaxxina mata duree qorannoo waliin deemu xxinxaluudha. Yaaxxinaalee fokloorii ilaalchisee Addunyaan (2011, f. 58) hayyuu Zoltan (2005, f. 255) wabeeffachuun, "Sakatta'a qorannoo jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu keessaa tokko yaaxxina qorannoo sun irratti bu'uure.Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruudha," jedha.Akka yaada haayyuu kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa'uu qorannichi maal irratti daanga'ee gaggeeffamaa akka jiru agarsiisuudha. Yaaxxinni fookloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu`uureffamaniiru

Ogbarruu afaaniin dhiyaatan qorachuuf yaaxxinoota hayyootaan eeraman keessaa yaaxxinoonni lamaan isaanis yaaxxina faayideessummaa (functional theory)fi yaaxxina haalaa(contextual approach) haalaa akka filataman Dastaan (2015) hayyoota lamaan isaanis hayyuu Dorsan (1972)fi hayyuu Okpwho (1992**)** wabeeffachuun yoo ibsu.

> With regardto theories or approaches,scholars such with regard as Dorson(1972) and Okpwho(1992) recommended that contextual and functional approaches are very important in study of oral literature.This is because such approaches guide as to view that oral genres are collective possession of asociety in this collection there is apossibility of recognizing its active role as identity marker.

Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti qorannoo ogbarruu afaaniffaarratti yommuu gaggeessinu daayessota lamaan kanatti fayyadamuun filatamaa akka ta'edha.Kunis sababa wantoonni afaaniin hawaasa keessa jiran qabeenya hawaasaa akka ta'aniifi qabeenyota walitti qabaman kana keessattimmoo carraa eenyummaasaa ittiin ofibsuu argachuu waan isa dandeessisaniif kankennuuf akka ta'eefidha.

### 2.4.1. Yaaxxina Tajaajilaa/ Functionalism Theory

Akka yaaxxina kanaatti fooklooriin faayidaa inni uummataaf qabu maali isa jedhu ilaaluun hundarra murteessadha yaada jedhu qaba. Innis yaaxinni faayideessummaa kun uummata ykn gartuu fook keessatti looriiwwan adda addaa argaman uummaticha ykn garee fookitiif faayidaa inni kennuufi hawaasicha keessatti hiika akkamii akka qabu agarsiisuuf xiyyeeffannoo kan taasisudha.Yaaxinni kun durduriiwwan, raagamtaawwan, mammaaksoota, amantaawwaniifi looriiwwan biroo hawaasummaa, diinagdee, siyaasaa, aadaadhaafi faayidaawwan biroo kennuufi hawaasicha biratti hiika akkaamii akka qabaatu xiyyeeffachuun yaaxina dhimoota fookloorii xiinxiludha. Yaaxina kana ilaalchisuun Sims fi Stephens (2005,f. 174) akka itti aanu kanatti ibsan:

> Folklore communicates: it is an ongoing process of expressing information and belief with in folk group…when we talk about interpreting folklore, many times people ask, "what does this folklore communicate to the member of the group who are sharing it?"One of the ways folklorists consider meaning is to examine the way folklore functions in the community.

Akka yaada waraabbii kanarraa hubanutti, fookloorii odeeffannoo waa'ee waan gareen hawaasaa tokkoo irra jiru itti amanuu niibsa. Waa'ee hiika fookloorii yoo dubbannu yeroo baay'ee uummanni kangaafatu, fookloorii kunwaa'ee garee hawaasaa beekumsa waliin qooddatee maal dubbata? Karaalee hayyoonni fookloorii hiika ittiin xiinxalan keessaa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajiludha.

Gama biraatiin yaadiddamni tajaajilaa kunfaayidaalee hedduu beekumtaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu kallattii adda addaan ibsuuf xurree namatti fuulcha. Yaadiddamni kunis adeemsa sirnootaafi ayyaanota adda addaa, faayidaa isaa, gahee meeshaaleefi afoollii hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qaban, akkasumas hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabu qorachuu keessatti gahee olaanaa qaba. Filee (2021 f 55).

Kanaaf qorannoo fookloorii gama faayidaa isaatiin gaggeesssuumuu qaba jedhu. Qorannoon kunis fookloorii gama duudhaa hawaasatiin walqabatee hawaasa keessatti argamu xiinxaluufi faayidaa inni hawaasa sanaa qabu ibsuuf waan ta'eef yaaxxina kanatti hirkatee yoo qoratame bu'aa dansaan argamuu danda'a. Kanaaf qoratichi yaaxxinoota jiran keessaa yaaxina kana irratti hundaa'ee qabiyyee fooklooriifi faayidaalee fookloorii hawaasa keessatti qabu qoqqoodee yaadrimmee qorannichaa jalatti kaa'eera. Kunimmoo walitti dhufeenya isaan qorannoo kanarratti qaban agarsiisuu waan ta'eefi xiinxala ragaa keessaattis bal'inaan taa'eera.

### 2.4.2. Yaaxina Aadaa Hawaasaa

Yaaxinni kun kanmadde qo'attoota duudhaadhaan. Kaayyoon yaaxxina kanaas, hayyoonni yaaxxina kanaa hayyoota yaaxina biroo biratti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudha. Bu'aan hawaasaa (wantotni hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo akka argatan gochuudha

Akka yaada yaaxxina kanaatti qorannoon hamayyaa ta'e yaaxxina qofaa kangidduu galeessa godhate miti. Kanaaf odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan durii irra deebi'anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa'ee fookloorii sanaa agarsiisudha. Walumaagalatti akka yaaxxina kanaatti qorannoon fookloorii waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu nutti agarsiisa. Qornnoon kunqorannoo duudhaa hawaasaati akka yaaxxina kanaatti waan aadaafi duudhaan xiyyeeffannooo argachuu qabu jedha. Akkasumas qorannoo tokko gaggeeessuuf odeeffannoo dirree murteessaa akka ta'e nikaasaa, kanaaf qorannoon hojii baay'een hojii dirree wajjinni waan walqabatuuf yaaxxina kanatti hirkatee yoo xiinxalame gaariidha. Walumaagalati qorannoo kunxiinxala sirnaafi fakkoommii sirnichaa waan ta'eef yaaxina aadaa hawaasaan deeggaramee yoo gaggeeffame bu'aan gaarii argama.

### 2.4.3. Yaaxxina Haalaa

Yaaxxinni kunbara 1960 afooleewwan dargaggoota ta`aniin Yuuniversitoota Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti kanneen leenjii Doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale.Waa'ee yaaxxina haalaa Dorson (1972f 45) irratti yoo ibsu, "…the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated."

Akka yaada kanaatti afoola tokko qo'achuun kandanda`amu, waan raawwatee taa'erraa otoo hinta'iin waan raawwachaa jiru bu'uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun

keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan geggeeffamu ta`uu nuhubachiisa.

Yaaxinni haalaa yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kanxiyyeeffatuudha. Kanuma walsimatee faaruu shimalaa bifa dhiichisaa dhiyeessuu keessatti ga'een hirmaatotaa maal akka ta'e, akkaataa raawwiin achi keessatti barbaachisu itti mul'atu, yeroofi iddoon faaruun kunitti dhiyaatu ibsuuf yaaxina haalawa fookloorii bu'ureeffachuun xinxaluun nidanda'ama.Kana ilaachisee Simsfi Stephens (2005f f 136) akkas jedhu. "The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance."

Haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattootaafi yaaxxinaa firiiwwan fooklooriin dalagamaniif anniisaa cimaa akka ta'an yaanni waraabbii armaan oliin tuqame nihubachiisa.Qora nnoon kanaafis yaaxinnin addadurummaan filatame yaaxana haalawa fooklooriiti.Yaaxxina kana bu'ureeffachuun dhiyaatina maalummaa afseenaa dhagaa dhaabbii Harmuufoo Soolee, dhag aan kun fakkoommii maaliitiin akka bocameefi bobbocni dhagaa kanaa maal akka fakkaatuufi akkasumas hubannoon hawaasni naannichaa qabeenya kanarratti qabu maal akka fakkaaturratti ragaan kallattii adda addaatiin funaanaman walitti qabamuun roga adda addaan xinxaalamee jira..

## 2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Sakatta'a barruu walfakkii jechuun qorannoowwan kanaan dura hojjataman kallattiinis ta'ee, al ka llattiin Adeemsa Xiinxala Sirna kabaja ayyaana Hulluuqqoo waliin hariiroo qabaachuu danda'an itti sakatta'aman jechuudha. Mata duree kana keessatti qorannoowwan garaa garaa armaan dura q oratamanii kallattiinis ta'e, alkallattiidhaan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban sakatta' amuun dhiyaataniiru. Kanaafuu, hanga ammaatti qorannoon kallattiidhaan mata duree qorannoo k anaan walfakkatu akka hingaggeeffamne mirkanaa'eera. Haata'u malee, qorannoowwan muraasni alkallattiidhaan kanmata duree qorannoo kana waliin hariiroo qabaniifi qorannoo kanaaf gumaachan ilaaluun gabbina yaadaa in ibsa.

Kanaafuu, Muummee Fooklooriitiin Jila Oromoorratti qorannoon adda adda mata duree adda addaa irratti godhamee jira. Kanneen keessaa, Leeniin Quuxoofi Dajanee Gammachuu (2015) mata duree,

“Indigeous Oromo peace making ritual:”The case of Tajoo among *Waayyuu* Oromoof Arsii” jedhurratti Artikilii‘online’irraa argameen qorannoon taasifamuu kanagarsiisu nijira. Qorannoon isa anis, barbaachisummaa tajoon nageenyaafi waliin jireenya hawaasaa keessatti qaburrattidha. Qabiy yee jilli hawaasaa kunsafuufi duudhaa hawaasa Oromoo ibsan xiinxaluudha. Mata dureen qorannoo kanaa wal fakkaachuu baatanis kaayyoon isaanii walsimataadha. Kana malees, kayyoo isaa irratti h undaa’uun ragaalee isaa xiinxaleera. Kanaafuu, jiloonni yookiin ayyaanonni kunneen jajjabaachuuu akka qabaniifi dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachiisaa ta’uusaafi wal dhabdee furuu keessatti qooda jilli kuni qabu mirkanaa’eera.

Tokkummaafi garaagarummaa qorannoo kana waliin qaban: qorannoowwan armaan olitti sakatta’aman kallattiinis ta’uu baatu alkallattiin qorannoo kanaa waliin walitti dhufeenya niqabaatu. Walfakkeenyi isaaniis, madda ragaan, akaakuu qorannaan, tooftaa ragaan ittiin guurameefi malli rag aan ittiin xiinxalame walfakkeessa. Haata’u malee, mata duree qorannoo, kayyoo qorannoofi daanga a (bakka qorannoon) itti gaggeeffame sanaan garaagarummaa niqabu. Qorannoon kunneen walitti dh ufeenyaafi garaa garummaa isaan qorannoo kana waliin qaban ilaaluun amanamummaafi gabbina yaadaa qorannoo kanaa nicimsa.

Habtaamuu (2018), Qorannoo mata duree ‘ Xiinxala Raawwii sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa Godina Shawaa Lixaa aanaa Abaanuu Gindabarat’jedhu irratti gaggeeffame kaayyoon qorannichaa adeemsa raawwiifi fakkiiwwan sirna ayyaanaa kana irratti xiinxaluun barsiisuu ta’a. Argannoon qorannaa kanaa: Ayyaanni Masqalaa ganna dukkanarraa gara booqaa Birraatti, rakkoo ganni baatee jiru irraa gara abdii horannaatti, firoonni addaan citanii turan kanwal agarsiisuufi gara jireenya haaraatti kanceessisu ta’uu isaa.

Sirna kanarratti qaamni hawaasa sadarkaa kamirrayyuu jiru daa’immanii kaasee hanga maanguddootti kanhirmaataniifi namoonni hundi gahee adda addaa kanqaban ta’uu isaa. Ayyaanni Masqalaa Ayyaana Oromoon dur osoo amantiin adda addaa dhufee aadaa isaa jalaa hin faallee, waggaatti kabajachaa kanjiruufi ture ta’uu isaa bira gahameera.Walfakkeenyi inni qorannaa kana waliin qabu, Habtaamuun haala raawwii sirna kabaja ayyaana Masqalaa xiinxaluudha. Qorannaan kunis Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo xiinxaluudha. Kun immoo guutummaatti walfakkaachuu baatanis hanga sirnootaafi haala raawwii isaanii xiinxalanitti kanwalitti isaan fidu ta’uu isaati.

Jinenus (2010) qorannoo mata duree “Meeshaalee Ulfoo Amantii Oromoo” Aanaa Tokkee Kuttaayee irratti xiyyeeffate. Qorannaan kun waraqaa ulaagaa qorannaa digrii tokkoffaa guuttachuuf kan raawwatame yemmuu ta’u, Oromoon sirna amantii isaa keessatti dhugeeffannaa isaa ibsan keessaa meeshaaleen ulfoo bakka guddaa qabaachuu isaa kan Waaqa galateeffachuu keessatti gahee mataa isaa qabu ta’uu isaa bira gaheera.Meeshaaleen ulfoo kunis kanneen akka Ka llacha, Bokkuu,Alangee, Caaccuu, Callee, siiqqee, Ciicoofi kan biroon meeshaalee hawaasa biratti hooda jabaa qabaatan ta’uu ibseera.

Haaluma kanaan, Meeshaaleen aadaa kunneen bakka hawaasni Oromoo jila adeemsifatu keessatti hin hafneefi meeshaalee faayaa bira taranii hooda guddaa qabaachuu isaanii irratti kanwalii galaniidha. Kanaafuu qabxiileen kunniin qorannoo kanaa waliin akka walitti dhufu taasiseera.Haata’u malee, mata duree qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, iddoon qorannichaa qorataa kanaa garaa garummaa niqaba. Kunis sirna hulluuqqoo keessatti meeshaaleen aadaa ergaa garaa garaa qabatanii nidhiyaatu.Akka ilaalcha hawaasichaatti meeshaaleen kunneen kabajaafi ulfina qaban irraa ka’uun bakka jila hulluuqqoo kamittuu hinhafneedha.Kanaaf qorannoo Jiinenus waliin hidhata qabaatu jedhamee yaadame jechuudha.

Filee (2021), Kitaaba Beekumtaa Oromoo kanjedhu irratti akka kaa’eetti sirnoota Oromoon kabaju keessaa Jaariin tokko ta’uu isaa nikaasa. Jaariin kaayyoolee adda addaaf yeroo adda addaa bakkeewwan garaa garaatti Waaqa ofii itti kadhataniifi Waaqeffataniidha jechuun ibse. Akka mata duree qorannaa sirna hulluuqqoottis raawwiinifi kaayyoon kabajamuuf walitti dhufeenya guddaa qaba.

Xiyyeeffannoon Qorataa kanaa sirna kabaja ayyaana Hulluuqqoo irratti faayidaafi raawwilee isaa xiinxaluudha. Akka ibsaa Fileettis sirni jaariifi sirni Hulluuqqoo raawwii isaanii irratti lachuu Waaq a galateeffachuufi isa bade/dabe yoo jiraate qajeelfachuuf kan ayyaaneffatamu.

Garaa garummaan isaan qaban immoo Jaariin kan kabajamu waan akka Falootti yeroo dhibdeen wayii mudatu, kan akka bakakkaa yoo namatti, horiitti, ooyruuttifi kan birootti Waaqni beeke wal gahanii falataniidha. Sababni isaas, akka dheekkamsa Waaqaatti ilaalama waaan ta’eef Waaqni waa malee nutti hin dheekkamu; waatu dabe/ maqe jechuun kan dhufuuf faloo tolfatu. Hulluuqqoon garuu akka toora mata duree filannoo qorataatti Waggaatti yeroo tokko itti

yaadmee yoomessa walfakkaataa keessatti maatii waatiin yookiin namnis qabeenyaa akka loonii faana bahuun altokkotti hulluuquun gara raawwilee birootti ce'u.

Haata'u malee Hulluuqqoonis bakka garaa garaatti bifa garaa garaan raawwatamuu danda'a. Ammaaf garuu Hulluuqqoo isa waktii Birraa kansa'aa namni yeroo tokkotti ba'ee ayyaaneffatee galu sanarratti qabiyyeefi faayidda isaa irrattidha. Yoomessa isaanii illee garaa garumma niqaba. Jaariin kanraawwatamu akka toora kanaatti waktii ganna gara ji'a Waxabajjii keessa galgala erga loon galanii ta'a. Hulluuqqon garuu waktii birraa ji'a Fulbaanaa gara barii ta'a. Kanaafuu garaa garummaa yoomessa isaanii, garaa garummaafi walitti dhuffeenya isaanii karaa garaa garaan xiinxaluun kun gabbina mata duree qorataa kanaaf nioola jechuudha.

Walumaa galatti, qorannaawwan kanaa olitti dhiyaatan kunniin karaa kallattiin osoo hintaane qabxiiwwan achi keessatti hammatamaniin hanga tokko wal kansimatu ta'a. Kana jechuun yaadonni murtaa'aan qoranicha keessatti argaman mata duree qorataa kanaa nideeggara.Qorannaa wwan kanaa olitti dhiyaatan kanneen keessaa irra jireessi qorannoo kanaa Xiinxala Sirna Hulluuqqoo kan qabiyyeefi faayidaa isaa irratti fuulleffatee jira.

# BOQONNAASADII: MALLEEN QORANNOO

Yeroo qorataan qorannoo kana gaggeessutti malleen garaagaraatti fayyadamuu mala.Isaanis: Mala qorannichi ittiin gaggeeffamu, saxaxa qorannichaa, Iddattoo, Meeshaalee funaansa ragaafi akkaataa ragaan funaaname itti xiinxalame akkaataa armaan gadiitti tokko tokkoon niibsama.

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoo tokko kallattii qorannichaa kannamatti agarsiisuudha.Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Fileen Victor (2009 f 203) wabeeffachuun akkas jechuun ibsa.The research design is aplan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where tyey come from, where they are and where they are going. Akka yaada kanaatti Saxaxni qorannoo tokko qoratichi/qorattuun maal, akkamitti, maaliif, maaliin, kam, eessatti, yoom, maalirraa akka qoratu kanmurteessu, akkasumas gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu kallattiin namatti agarsiisa. Qorannoo gaggeeffame tokko mijataafi hawwataa gochuu keessatti kanbaay'ee barbaachisu saxaxa isaati waan ta'eef qoratichis qorannoo gaggeessu kanaaf gosoota saxaxa qorannoo garaagaraa keessaa saxaxa qorannoo qulqulleeffataa ta'ee, addeessatti dhimma bahuun sakatta'iinsa Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo ibsama.

Maddi iddattoo qorataan kunitti gargaaramu mala miti carraa, iddattoo akkayyoo, darbaa dabarsaa (snow ball) tiin fayyadamee qorannaa kana adeemsiseera. Kunis kanta'eef namoota sirna Hulluuqqoo kanarratti hirmaatan keessaa maanguddoota irraa mala iddattoo akkayyootti gargaaramuun odeeffanno irraa walitti qabateera.

## 3.2. Maddeen Ragaalee

Qorannaa gaggeessuf waa'een waan qoratamu sanaa eessaafi eenyu bira akka jiru dursee qaorataan beekuu qaba. Maddi raga qorannaan tokko yeemmuu adeemsifamu odeeffannoo iddoo waan irraa qorannuu sanarraa kanargamuudha. Kana ilaalchisuun, (Fileen 2016 f 58) irratti akkana jechuun ibseera.

Akka yaada barreefama kanarraa hubatamuutti madden ragaalee namoota waa'ee qorannoo nuti q orachuuf deemnuu irratti raga qorannoo keenyaa irraa irraa argannuudha. Qorannoo kana ilaalchis uun qorataan maddi ragaa dhimma itti bahame madda ragaa tokkoffaati. Sababni isaas waltajjii

sanarratti argamuun namootaafi maanguddoota achirratti argaman irraafi jilicha aeemsisaa jiran, akkasumas kan waa'ee ayyaanichaa irratti muuxannoo qaban irraa kallattumaan waan argameefi.

Akkaatuma kanaan qorannoon Xiinxala Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo Oromoo Sadeen Soo ddoorraatti kan fuulleffateefi mata duree qorannoo isaa galmaan gahuuf madda ragaaleetti dhimma bahee qorannoo gaggeeffameedha. Haala kanaan hayyootaafi jaarsolii bebbeekamoo waa'ee seenaa, Aadaa, duudhaafi safuu aanichaa irratti beekumsa qaban namoota (4) waliin gaaffiifi marii waliin taasisuuf qorataan kun deebii barbaadu kan argateedha**.**

Maddi ragaalee inni biraa kan qorattoonni mata duree qorannoo isaanii irratti kallattiidhumaan idd oo sanatti argamuun waraabuu yookiin hubannoo qabanirratti hundaa'uun odeeffannoo funaanuu j echuudha. Kanumaaf qorataan kun madda ragaa isaa waltajjii sanarratti namootaafi manguddoota argaman irraa, akkasumas muuxannoo ofii waltajjii ayyaanicharratti qaburraa ragaa walitti qabachuu danda'eera.

Haaluma kanaan, ragaa quubsaa hirmaattotaafi maanguddoota jilaa, akkasumas hojjattoota mootummaa karaa Waajjira Aadaafi Turiziimiitiin argaman madda ragaa taasifachuun mala akkamtaatiin qorannoo kana xiinxaluun ibsee jira.Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaadameeti. Qorataa kanaafis ragaan akka madda raga lammaffaatti kan dhimma itti hinbahamneedha. Sababni isaas qorannoon kun ragaa madda lammaffaarraa qabu hin jiru.

## 3.3. Iddattoo

Waa'ee mala iddatteessuu yemmuu ibsu "malli iddatteessuu kan barbaachiseef human namaa, yeroo, diinagdee akka qusatu itti amanamee akka ta'eedha (Brown, 2006). Iddattoon naannoo bakka qorannoo gaggeeffamuu sanatti wantoota yookiin namoota ragaa laachuu danda'u jedhamanii beekaman keessaa filachuu jechuudha. Kan barbaachiseef immoo namoota bakka sanatti argaman hunda irraa raga funaanuun rakkisaa yeroon itti ta'u waan jiruu karaa bakka bu'aa qofaan akka ta'u waan yaadameefi.

Kunis akkaataa itti qorannoo tokko haala qabatamaa ta'een raawwachuun danda'amuuf kannam gargaaru. Iddattoon qorannoo kanaa namootaafi maanguddoota aanaa Tolee keessatti namoota waltajjii ayyaanichaarratti hirmaatan irraa muuxannoofi beekumsa waa'ee Hulluuqqoo irratti qaban ja'a (6) waliin gaggeessuun qorannaa isaa milkeesseera.

Namoota dhimaa naannoo qorannoo sanaarratti odeeffannoo kennuu nidanda'u jedhamanii, dandee ttiifi ilaalcha isaan sirna sanarratti qaban hundaa'ee iddattoo filatamuudha.Haaluma kanaan, qorataanis iddattoo miti carraa kanatti gargaarameera. Iddattoon miti carraa mala ittiin odeeffanno o kennitoonni ykn hirmaattonni filataman keessaa tokko ta'ee iddattoo kaan caalaa barbaachisaa ta'eedha.

Sababni isaas namoonni filataman raawwii sirna sanaa irratti beekumsaafi hubannoo gahaa kanneen qabaniifi hirmaannaa taasisaa turuu isaanii bu'uura godhachuun waan filamaniif (Yaadasaa 2018 f 68). Kanaafuu qorataanis mala iddattoo miti carraa keessaa mala iddattoo akkayyootti gargaarameera. Sababiin tooftaa kanatti dhimma baheefis kaayyoo qorannoo isaa irratti hundaa'uun namoota waa'ee jila kanaa sirritti muuxannoo qaban waan dursee odeeffannoo argateefi.

Adeemsi iddattoo akkayyoo immoo dursee kaayyeffamee namoota ykn maanguddoota sana keessaa waa'ee mata duree qorannoo sanaa hubannoo gahaa qaban bira dhaquun ragaa fudhachuudha.Yeroo tooftaa kana garaaramnee odeeffannoo fuunnu itti yaadamee akka filatamaniifi sababa filtameefis raga dhiyeessuu kan danda'u ta'uu qaba (Dastaa 2013).

Akka yaada armaan olii kanatti qorataan tooftaa akkayyootti yeroo fayyadame qorannoo iaafiixaan baafachhuf itti yaadetuma akkaataa odeeffannoo krnnitoota filachuudha. Sababni filan noo isaa ta'eefis walumaan raga isaa dhiyeessuu qaba. Tooftaan iddatteessuu akkanaa kuniddattoo akkayyoo jedhamuun beekama.

Haaluma kanaan, sababni qorataan kuntooftaa iddattoo akkayyoo kanatti dhimma baheef immoo iddoo qorannaan kunraawwate kanatti dhalatee waan guddateef namoota waa'ee kanarratti odeeffanno gahaa irraa argachuu danda'u addatti itti dhiyeenyaan waan beekuuf filate. Akkuma maatiitti namoonni yeroo dheeraa sirna kana raawwatamuu isaa beekaniifi muuxannoo caalatti qaban nijiru.

Malli kunmala iddattoon ittiin filatamu keessaa isa tokko yoo ta'u, iddattoo akkayyoorraa erga odeeffannoon walitti qabameen booda, dhimma mata duree irratti odeeffannoo hedduufi dhugum maa qabu walitti qabachuudhaaf namoota ykn maanguddoota biraa kanisa barbaachisuudha.

Namoota mata duree qoratamu sanarratti hawaasa bakka qorannoon itti addmsifamu sana keessaa hubannoo qabu jedhamanii beekaman ykn yaadaman iddattoo akkayyoorraa qorachuun

namoota kan biraa bira deemuun odeeffannoo sana argata. Darbaa dabarsaan iddattoowwan miti carraa keessaa tooftaa datbaa dabarsaadhaan odeeffannoo walitti qabachuuf dhimma tokko irratti namawaa'ee mataduree qorannoo tokkoo beeku irraa ka'uudhaan nama kanbiraa dhimmicha beeku iyyaafachhun kan bira gahamuudha (Filee 2011 f 69).

Akka yaada armaan olii kanarra hubatamutti, qorataantokko raga gahaa ta'e argachuuf malli iddattoo darbaa dabarsaa barbaachisaadha. Kana jechuun namoonni ragaa kennuu danda'an yoo baay'ee ta'uu baatan nama ragaa kennuu danda'u tokko irraa ka'uun kan biraa kan gaafachuun odeeffannoo baraachisaa ta'e argachuu jechuu ta'a. Kanaafis qorataan tooftaan kanaan mala iddattoo miti carraa keessaa tooftaa darbaa dabarsaatti dhimma bahuun raga sassaabbateera.

## 3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa

Qorannoon qulqulleeffataa ibsaa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira ga'uuf mala funaansa ra gaa adda addaatti gargaaramuu danda'a. Fakkeenyaaf, qorataan qorattuun yaadannoo dirree irraa qabatame, kaameraafi viidiyoo waraabamuun fayyadamee odeeffannoo funaannachuu danda'a d anda'ee jira.

Yaada kana akka Solomon (2004, f.) ibsetti, Qorannoon akkanaa daawwannaa, afgaaffii, ragaalee barreeffama adda addaa sakatta'uufi marii gareetiin raga funaanuun qorannoo geggeess uun nidanda'ama. Qorataan ttuun qorannoo qulqulleeffataa fayyadamus, haala adda addaatiin waan ilaaluuf malawwan ragaaleen ittiin funaanaman muraasatti dhimma ba'uu danda'eera.

Haaluma kanaan, odeeffannoon afgaaffiifi daawwannaa kallattiidhumaan hawaasa bakka q oranoon irratti gaggeeffamurraa kan funaanamu ta'a. Sanaan booda, odeeffannoon argame gadifageenyaan qaacceffamee kan dhihaatudha. Kanaaf, qoratichis meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa Af-gaaffii, Marii garee, Daawwiifi dokumantii sakatta'uutti dhimma bahee jira.

### 3.4.1. Daawwanna

Daawwannaan qorannoo fookloorii mata duree "Xiinxala sirna kabaja ayyaana hulluuqqoo" jedhu kana dura adeemsa daawwannaa kanatti fayyadamee maaltu akka raawwate, yeroo akkamii akka raawwatame, maaliif akka raawwatame irratti hubannaa gahaa argachuuf yoomessa dhugaa keessatti argamuun ragaan funaanameera. Adeemsi kun immoo odeeffannoo barbaachisu hunda itti dhihaachuun argachuuf kan fayyadameedha. Akkasumas, sagantaa adeemsa raawwannaa

sirna hulluuqqoorratti Fulbaana 14//2016 hanga Fulbaana 16/2016 sirna muka hulluuqqoo muruu irraa hanmga muka hulluuqqoo dhaabuutti suuraafi viidiyoo daqiiqaa 10fi 20f walduraa duubaan raawwii isaa daawwachuun odeeffannoon gara barreeffamaatti jijjiiruun hiikaa isaa xiinxalee jira.

Yeroo kanattii qorataan hojii isaanii daawwachaa suuraa akka waliin akka kaasuu hirmaattota keessaa nama maqaan isaa Abdii Baacaa jedhamu gargaaramuun odeeffannoo suuraa waliin fudhachuun ragaa xiinxalee jira. Mala qorannoo kanaan guyyaa jilaatti yookiin ayyaana Hulluuq qoo irratti hirmachuun daawwachuun qorataan odeeffannoo jiru sassaabbatee jira. Haaluma kanaan Sirni kabaja ayyaana Hulluuqqoo waktii Birraa ji'a Fulbaanaa waan gaggeeffamuuf, waktii kana keessaa jila sanarratti argamuun haala adeemsa ayyaanichaa, hirmaattotaafi faayidaa ayyaanichi of keessaatti qabu xiinxaluun ibsee jira.

Qorataanis waltajjii ayyaana Hulluuqqoo irratti argamuun haala raawwii, hirmaattotaa,wantoota ayyaanicha irratti dhiyaatan meeshaalee aadaan walqabatee, Haala dhibaayyuu, hunda daawwann aagaggeessuun raga kana sassaabbateera.Yaada kana Dastaa (2002, f 90) yoo ibsu, "Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa" jedha.

### 3.4.2. Marii Garee

Qorataan aadaa hawaasa tokkoo marii garee gargaaramee dhimma mata dureesaa sana irratti yaada barbaade niargata. Qorataan yemmuu marii garee taasisu maanguddoota aadaa, seenaa, barsiifata hawaasa qorannoon irratti adeemsifamee sana akkasumas, sirnoota raawwilee garaa garaa sirnaan beekan walitti qabachuun namoota walitti qabaman sanneen waa'ee mata duree qorannoo irratti akka marii taasisan ofiifis keessatti hirmaatee jira.Sa'aatii mariin kun itti gaggeeffame gara ganamaati.Turtiin isaa immoo sa'aatii walakkaaf (30') dha.

Kana ilaalchisee, Kothari (2004 f 98) yoo ibsu, akkas jedhee kaa'a; "Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent and it focused the attention of a participant on a particular topic."

Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, isa namni tokko beeku inni tokko hin beeku, kantokko dagate, inni biroo itti dabaluu danda'a. Kanaafuu, odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf tola. Kun immoo, qorataan odeeffannoo kennamu dhaggeeffatee yaadannoo

qabachuufis ta'e, sagalee waraabbachuufi suuraa kaafachuuf salphata.Yeroo af- gaaffiis ta'ee marii garee gaggeessutti qorannoo kana guutuu taasisuuf yaadannoo qabachuun, sagalee warabbachuufi suuraa kaafachuun odeeffannoon kanqindeeffame.

Haaluma kanaan qorataan meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman kanneen akka: kaameeraan suuraa kaasuufi yaadannoo gabaabaa qabachuutti dhimma bahuun, deebii odeeffanno kennitoonni gaaffii gaafataman irratti kennan qabachuun iddoo suura kaasuun barbaachisetti suura kaasuuf bilbila kan gargaarameedha. Odeeffannoo afgaaffiin argame, marii garee irratti mirkaneeffachuun raga qulquullummaan ifoomeera. Argannoon marii garee kanarraa argames, dhugummaa daawwannaafi afgaaffii irraa argame mirkaneeffachuun amanamummaan bira ga'ameera.

Qorataanis marii garee kanatti dhimma bahee qorannoo isaa gaggeessee jira. Dhugummaa odeeffannoo af-gaaffiin argate madaalauuf jecha garee namoota saddeet qabate iddoo lamatti (2) qoodee beektotaafi namoota muuxannoo qaban dhiira afuriifi dubartoota afur (4) waliin marii garee kan dhiiraa Fulbaana 15/20016, akkasumas warra dubartootaa waliin Fulbaana 16/2016 taasiseera. Haalli Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo yeroo ammaa irra jiruufi gara fuula duraatti maal akka ta'u hayyootaafi beektota aanichaa waliin marii garee qorataan kun gaggeessee jira.Yaada furmaataa isaas eereera. Kana malees, yaada marii kana keessatti dhihaaturratti hundaa'uun yaada irraanfatame, irra utaalameefi haaraa illee argachuun waan danda'amuuf, dhimmi kan itti bahameera.

### 3.4.3. Afgaaffii

Afgaaffiin malleen odeeffannoo qorannoo kanaaf ittiin funaannaman keessaa isa tokkoodha. Malli kun odeeffannoo daawwannaadhan argachuu hindandeenyeefi warren odeeffannoo bal'aa barba adaniif sirriitti qulqulleeffachuuf kan qoratichi fayyadame.

Yaadauma kana deeggaruun, Creswell (2003, f. 181) irratti yoo adeessu, "In interviews, the researcher conducts face to face interview…, These interviews involves unstructured and generally open-ended questions that are few in numbers" jechuudhaan ibsa. Kunis kan agarsiisu, qorataan afgaaffii tokko hirmaattotaaf fuula fuu laan wal arguudhaan kan gaaffii isaa gaafatu, gaaffilee hincaaseffamneefi banaa ta'an dhimma itti bahame.

Odeeffannoo kennitootaan fuulaa fuulatti walarguun yoomessa namtolcheetti kan fayyadameedh a. Kana jechuun mala darbaa dabrsaatti gargaaramuun, iddoo jilichaafi mana mana isaanii deemuun gaaffii afaaniin dhiyeessuun odeeffannoo barbaadu argatee jira. Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii yeroo gaafatu haala himaattotaaf galuun ibsuu akkasumas, gaafatamtoonni iddoo gaaffiin gaafataman hinhubatmneefitti carraa gaafatanii hubachuu qabu.

Qorataanis bakka deebiin iddattoonni kennannitoonni hinhubatamneefitti akka irra deebi'anii hubatan taasisuun ragaa qulqulluu argachuuf kandandeessisu waan ta'eef qorataanis dhimma itti bahuun odeeffannoo walitti sassaabbatee jira. Iddattoon qorataan afgaaffiif itti fayyadame namoota beekumsaafi muuxannoo sirna hulluuqqoorratti qabu jedhamaniifi dubartoota sirna hulluuqqoo kabajuu keessatti muuxannoo qaban walumaa galatti namoota digdama (20) dhiira kudha ja'a (16) fi dubartoota afur (4) irraa odeeffannoo walitti qabatee xiinxalee jira.

Haalli afgaaffiin kun itti gaggeeffame bakka namoonni jila kabajuuf argamanittiifi dubartoota id doo isaan dhibaayyuuf walitti dhufan irraa warren sirritti dhimma hulluuqqoorratti beekumsaafi muuxannoo qaban kophaatti baasuun akka afgaaffiidhaaf tolutti kan gaafatamaniidha. Kunis ode effannoon barbaadamu akka argamuuf jedhamee itti yaadamee kan raawwatameedha.

Walumaa galatti qorataan kana bu'uura godhachuudhaan, yaada odeeffannoo kennitootaa irratti h undaa'ee gaaffilee biro gaafatee yaada dabalataa akka argatuuf odeeffannoo kan funaannate. Haal a namoonni odeeffannoo kennannitoonni sun keessa jiran giddu galeeffatee gaaffilee fooyyesseefi yaada isaanii irratti hundaa'uun gaaffilee biraa kaasee gaafatee odeeffannoo bal'aa argachuun danda'ameera. Kanaafuu, malli kun qorannoo akkanaaf mala filatamaa ta'ee jira. Argannoon afgaaffii irraa argames, sirni hulluuqqoo dirree barnootaa, duudhaafi safuun itti baratamu, madda araaraa, madda beekumsaafi dirree hawaasa walbarsiisu ta'uun akka tajaajilan hubatamee jira.

## 3.5. Qindoomina Ragaalee

Ragaaleen qorannaa kanaaf barbaachisan gaaffilee bu'uuraa irratti hundaa'uun walitti qabameera. Haaluma kanaan ragaalee qaamota adda addaa irraa bakkaafi yeroo garaa garaatti walitti qabaman xiinxalamee jira. Adeemsuma qorannaa keessattis qorataan odeeffannoowwan karaa garaa garaan funaaname sanwalitti qabee gara barruu qorannoo isaatti jijjiiruudha.

Kana ilaachisuun Dastaa (2013) qorataan yemmuu ragaa isaa bifa adda addaatiin fudhachaa jirutti, battala sanatti yaada iddattoo isaa addaan kutuun iddattoon sun mufachuu waan danda'uuf osoo yaada isaa addaan hinkutin raga kennameef akkuma jirutti fudhachuu qaba. Kana booda raga sassaabbate irra deebiidhaan ilaalee gulaaluudhaan mata duree isaa wajjin kanwal hinqabanne keessaa baasaa deema.

Akka yaada hayyuu kannaattis, Qorataan tokko raga iddattoo isaa irraa argate mata duree isaa waliin hidhata kan qaban fudhatee barruu qorannoo dabalachuudha. Dhumarratti kanneen gara ba rreeffamaatti jijjiire ilaaluudhaan akkaataa karaa gaaffilee bu'uuraatiin gulaalee ibsuufi hiika itti kennuun mala akkamtaan xiinxalmeedha. Akkaatuma kanaan qorataan qorannoo isaa karaa qidoomina kanaatiin fiixan baaseera jecchuudha.

## 3.6. Mala Xiinxala Ragaale

Odeeffannoon maloota armaan olitti ibsamaniin funaanamanii kanxiinxalamani; yookiin hiikama ni. Qorataan kunis, waan qaamolee adda addaarraa walitti qabate funanuun akkaataa Walfakkeen yaafi walitti dhiyeenya isaaniitiin mata duree mata dureedhaan bifa barreeffamaatiiqoqqoodee xiinxaluuf yaaleera.

Haala kanaan, dhimmoota qoranna kana irratti yaadota murtaa'oo irraa ka'uun hanga yaadota walii galaatti ragaa iddattoo sagalee, afgaaffii, marii garee, daawwannaa isaa irratti hundaa'ee waraabbate gara barruu qorannootti jijiiree kankaa'e. Kanneen hunda karaa danda'ame hundaan ragaalee xiinxalee yaadicha tartiibaan ibseera.

## 3.7. Muuxannoo Dirrreefi Naamusa Qorannoo

Qorannoon dirree kanqorataan/ttuun tokko iddoo qorannichi itti adeemsisamu dhaqee/xee qorannoo kangaggeesse/ssite. Adeemsi kunis, kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta'u irraa argame (namoota, fakkii, hambaa, aadaa hawaasichaa, kkf) bira dhaqee qabatamaan ragaa barbaachisu kan sassaabedha. Haaluma kanaan, qorataanis aanaa qorannoon kunirratti gaggeeeffame qaamaan deemee daawwatee bu'aa isaa kandhiyeesse.

Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan kanwalitti qabaman adeemsa adda addaa keessa darbe. Jalqaba qorataan odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan nagargaaru jedhe filatee kanhojjateedha. Itti aansuunis, malleen kanaaf kanbarbaachisan gaaffiilee afgaaffiif ta'an

qopheeffachuun namoota mala iddattoo akkayyoo afgaaffiif filataman fedha isaaniitiin gaafatamee gaaffilee kana tokko tokkoon itti fufuun sagaleen isaanii waraabamaa akka jirus itti himamamee waraabbatee dhumarra akka xiinxaleedha. Odeeffannnoon argame dhumarra xiinxal ameera. Akkasumas, iddattoo akkayyoo warri daawwannaaf filataman fedha isaaniin jila yookaan ayyaanicharratti hirmaachuun daawwannaan gaggeeffameera.

Odeeffannoon daawwannaarraa argames xiinxalamuun kan dhiyaate. Dhimmi waraabbiin walqabat es gareen kamuu fedha isaaniin eeyyamsiifamanii kan waraabamaniidha. Gama suura tokko tokko achi keessa jiraniitiin wal qabatees namoonni dhuunfaan suurri isaanii qorannicha keessatti hammatamu eeyyama isaaniitiin akka kaafaman malee dirqama miti. Hojiiwwan dirree booddee ragaaawwan viidiyoo, kaameeraan waraabaman dhageeffachuufi ilaaluun barreeffamatti jijjiiruu, ragaaalee wa l fakkaatan iddoo tokkotti gurmeessee, qoqqoodee xiinxaleera.

Walumaa galatti qorataan kunyeroo qorannoo kan raawwatu keessatti hariiroo hinbarbaachifneefi warren duudhaa ummatichaa san faallessuu danda’an irraa hanga danda’metti bilisa ta’uun qorannoo isaa milkeesseera. Akkasumas namoota, odeeffannoo kennannitoota galateeffachuun qorannoofi kitaabilee garaa garaa sakatta’uuf dhimma itti bahe hunda wabeeffachuun guutuu isaa keessa galcheera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kankeessatti xiinxala ragaalee gaaffilee bu'uuraa, ragaalee daawwannaa, afgaaffii, mar ii garee, sakatta'a dokumantii walfakkiin argaman karaa itti xiinxalamani.Haaluma kanaan, kaay yoofi gaaffilee bu'uura qorannoo irratti hundaa'uun kandhiyaateedha. Qorannoon kun, "Adeemsa Xiinxala Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo Godina Shawaa Kibba Lixaa) jedhurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, boqonnaan kun bu'aa qorannoo kanaatiif ciicata guddaadha. Sababni isaas, kaayyoon jalqaba qorannoo kana keessaatti karoorfamee ka'e, galmaan ga'uun isaa kan mirkanaa'u kutaa kana keessatti. Yaada ka'umsi qorannichaa irratti fuulleffatan mirkaneessuuf ragaaleen meeshaalee funaansa ragaatiin argaman kan xiinxalaman kutaa kana jalatti.

Ragaaleen xiinxalamanis, kanneen akka: haala raawwii, ergaa qabiyyeen afoolaa qabu, hiikaa meeshaaleen aadaa sirna kanarratti dhiyaatan qaban, faayidaa inni hawaasa keessatti qabuufi yoomessa isaa, raawwilee jilaa, akkasumas ayyaanota sirna Hulluuqqoo faana hidhata qaban kaanneen garaa garaa kan godina Shawaa Kibba Lixaa aanaa Tolee xiyyeeffachuun xiinxalamee jira.

Hulluuqqoon yeroo garaa garaatti kaayyoo garaa garaan kabajama.Sirni Hulluuqqoo kun kan waqtii Birraa looniin wal qabatee kabajamu jira, Kan yeroo sirni Gadaa Baallii wal harkaa fuudhan, Akkasumas Hulluuqqoon yeroo sirni fuudhaafi heerumaa raawwatu taasifamuufi iddoo birootti immoo maqaa adda addaa qabaatee kan kabajamaa tureefi jiru ta'uudha.

Haata'u malee kaayyoon sirna ayyyaanichaa iddoo garaa garaatti haala garaa garaan kabajamaa tureefi jiru kun akka ilaalcha hawaasichaatti itti fufiinsa dhalootaa baraa baratti ceessisuu ykn hulluuksisuu agarsiisa. Dhaloonni aadaafi duudhaa kalee akaakileefi abaabilee isaa irraa dhaale akkuma jiru kana dhugeeffannaa ykn fakkoommii isaa waliin ceessisuudha. Hulluuqqoo maquma isaafi adeemsa isaarraa yoo ilaalamee xiinxalamu, waan gaarii qabatanii lufuu yookiin hulluuquu kan agarsiisu. Kanaaf waktii ce'uumsa Gannaarraa gara Birraatti nu hulluuqsisi yookiin nu hulluuqsiftee galata jechuun uumaa isaanii itti galateeffatu; kadhatu' akkasumas kan egereef immoo wareeggatu.

Sirna fuudhaafi heerumaa keessatti adeemsa sadarkaa tokkorraa gara sadarkaa biraatti darbuu dhala namaa kanagarsiisu. Ijoolleen yeroo sirna fuudhaafi heerumaa kana raawwatan sadarkaa dura turan irraa gara amma jiran kanatti yeroo cehan hulluuqqoon niraawwatama. Kunis,

adeemsa ijoolleen wal fuudhan walitti dhufan irratti walitti makamuu/ dabalamuu isaanii ibsuuf korma horii wal jala dabarsuun akka walii ta’an mul’isu.

Kana jechuun walitti ceene; akkuma namaan walitti makamne karaa karraa/looniillee akka wal utubnu jechuun korma hoolaa yookiin jibicha walii kennu. Inni biroo immoo, yeroo sirn Gadaa keessatti baallii ykn aangoo waliif dabarsan kanraawwatus hulluuqqoo jedhama. Walumaa galatti kaayyoon kabaja Hulluuqqoo amantiidha.Amantaafi amantii isaaanii galmaan gahachuuf hawaasni Sooddoo raawwilee jilaa hedduu Kangaggeessu qabu.Isaan keessaa muraasni hulluuqqoo waktii Birraa, Hulluuqqoo yeroo sirna fuudhaafi heerumaafi sirna Gadaa keessattidha.Kunneen martuu akka jilaatti sirna dhugeeffannaa ummanni Oromoo yeroo adda addaa kaayyoo garaa garaaf kan dhimma itti bahaa tureedha.Warri waan kana guutan ykn haala kanaan ayyaanicha kabajatan milkiin baraa baraatti akka isaan dabarsuuf uumaaf galata galchu jechuudha. Haalli raawwiifi maqaan isaa garaagarummaa qabaatus kaayyoon isaa akkuma dura jedhame karaa uumaa itti qajeelfatani jedhamee yaadama. Afgaaffii Obbo Jambaree Angessaafi Obbo Bacharee Gurmeessaa waliin gaafa (19/01/2016)



Fakkii marii sirna hulluuqqoo irratti taasifame

## 4.1. Raawwii Sirna Ayyaana Hulluuqqoo

Hawaasa Oromoo Sooddoo bakka qorannoon kunitti gaggeeffameetti, Ayyaanni Hulluuqqoo yeroo dhiyaatu wantoonni hawaasichi dursee raawwatu baay'eetu jiru. Isaanis wantoota jilicha kabajachuuf isaan barbaachisu hunda dursanii niqopheeffatu. Dursa abbaan qe'ee sanaa barii obboroo lafaa ka'uun muka laaftoo qaqalloo dheertuu lama muree quncisee qopheessa. Achi boo da bakka isaaf qophaa'e araddaa jilaa sanatti geessuun dhaaba. Haalli dhaabbannaa mukichaas a kkaataa loonifi namni osoo addaan hin bahin itti hulluuquu danda'anitti bal'atee dhaabbata. Sirna dhaabaa muka hulluuqqoo irraa eegalee akkaataa raawwii ayyaanichaa qorataan ilaalaman keessaa tokko bakka dhaabbata mukaa hulluuqqoofi haala raawwii ayyaanichaati.

Mukni Hulluuqqoo bakka argeetti kan dhaabbatu osoo hintaane iddoo isaaf qophaa'e irratti dhaabbata. Bakki Hulluuqqoon kundhaabbatu bakka abdarii yookiin waan akka muka jiidhaa too ra sanatti margee jiru cinaatti ta'a. Kana jechuun lafa ulfinaafi ayyaantummaan dhaloota duraan jiran irraa itti darbetti ta'a.Yeroo mukni Hulluuqqoo kuni dhaabbatu irraa kaasee ilaaluun odeeffannoon argame akka mul'isutti, sirni dhaabaa muka Hulluuqqoo gaafuma jilaa sana maanguddoo qe'ee saniitiin barii obboroo muramee qophaa'a. Booda mukkeen garagaraa kanneen akka Laaftoo, Ejersa, baala abbayyii, baala bakkanniisaa, hidda fiitiifi wkf. niin mataa muka dhaabbtu lamaan walitti hidhama. Daawwannaa gaafa 15/01/2016 Namoonni olla yookiin maanguddoonni qe'ee sanatti dhiyoo jiran iddoo sanatti argamuun dhaabicha sanarratti nihirmaatu. Dhaabaa kunis, jalqaba abbaa Abdariitiin kandhaabbatu. Abbaan Abdaarii immoo nama angafaa gosaa yookiin ayaantuu ta'e. Akkasumas hawaasa sana keessatti nama kabajaafi ulfina guddaa qabu yoo ta'u, erga eebbifateen booda muka hulluuqqoo kan gadi dhaaba.



Suuraa-2 muka Raawwii sirna hulluuqqoof qophaa’e

Itti aansuun, erga sirni muka hulluuqqoo dhaabuufi meeshaaleen sirna kana waliin wal qabatan hundi dhiyaachuun sirni hulluuqqoo itti eegala. Akka mukni hulluuqqoo dhaabbateen hirmaattonni ayyaanichaa walitti himuun karra/loon isaaniifi maatii isaanii hunda meeshaalee itti fayyadaman kan akka eeboo, kooraa fardaa, gaachanaafi kanneen biroo qabachuun bakka jilaa sanatti dhiyaatu. Jiruufi jireenya ummata tokkoo olaantummaan kan hoogganu, qajeelchu, raaju, to’atu amantaafi amantiidha. Sababni isaas,karaa amantii yoo ilaalame Waaqayyo isa hundumaa uumeta hundumaa hojjata; 0hojjachiisa. Amantiitti aanee waa’ee jiruufi jireenya Oromoo ,badii kanaan duraa irraa of eeguufi dogoggora hojjatamee darbe irraa baarachuuf, abdii Oromoon qabu, gara fuula duraa raaguufi raajuu keessatti waan qabuuf (Filee 2016, f. 44).

Yaada kanarraa wanti hubatamu Sirni kabaja ayyaana Hulluuqqoo raawwilee ilaalcha amantii of keessaa qabachuudha. Yoon waan kana raawwadhe kanan qabu, karri, dhalaa dhalchi koo, abdaariin qe’een ayyaanni warroota darbanii hundi niqajeela jedhee amana. Daba kanaan dura tureefi kanfuula duraallee raaguun sirna kanawaliin falata. Jilli Hulluuqqoo akkuma jiloota biroo yeroo garaa garaa hawaasa keessatti kabajaman adeemsa keessa darbanii kabajaman kanmataa isaanii qabu.

Wantootaafi haalota irratti xiyyeeffatamanii ayyeeaneffataman qabu. Adeemsa kana immoo haala adda addaatti qoonnee ilaaluu nidandeenya. Isaanis: jila dura, yeroo jilaafi jila booda

jennee qoqqoodnee ilaaluu nidadeenya. Jilli kabajannaa aadaa hawaasa kamiyyuu bira kanjiru ta’ee, gochoonni sirna sana keessatti raawwataman garuu hawaasaa hawaasaatti adda adda. Raawwileen yeroo ayyaana kanaatti raawwataman hedduutu jiru. Isaanis Yeroo ayyaanaa duraa, yeroo ayyaanaafi yeroo ayyaanaa boodaa kan raawwatamani (Afgaaffi Takkaa Galaalchaa 26/4/2016).

### 4.1.1. Raawwilee Sirna Ayyaana Hulluuqqoo Duraa

Hawaasa Oromoo Sooddoo bakka qorannoon kunitti gaggeeffameetti, Ayyaanni Hulluuqqoo yeroo dhiyaatu wantoonni hawaasichi dursee raawwatu baay’eetu jiru.Isaanis wantoota jilicha kabajachuuf isaan barbaachisu hunda niqopheeffatu. Hawaasni jala bultii ayyaana Hulluuqqootiif wantoonni raawwatu hedduutu jiru. Isaanis: bakka jilaa qulqulleessuu, muka Hullooqqoof muruu , dhangaa barbaachisu qopheessuu, korma (hoolaa) faloof ta’u qopheessuu, farsoo naquu, mooraa loonii qulqulleessuufi lafa deedicha loonii qopheessuu, namoota hindhageenyetti himuudha. Kuniifi kanneen biroo hundi gochoota Jilicha dursanii lafatti raawwatamaniidha.

A. **Bakka Hulluuqqoo qulqulleessuu:** Bakka jilaa qulqulleessuun kaneegalu gaafa jala bultii ayyaana jechuun ayyaanaaf guyyaan sadii yoo hafu. Kan qulqulleeffamus waan ganna guutuu itti roobaa tureef biqilaa hin barbaachifne irraa ciruufi haruudha.Kunis gahee ijoolleefi dargaggootaati. Ijoolleen gumaacha jila hulluuqqoof taasisan keessaa qulqullinni isa tokkodha. Ayyaana hulluuqqoo irratti namni kamuu ashaaraa isaa olkaa’uu qaba jedhamee waan amanama. Kanaaf namni barakana hirmaannaa ayyaana hulluuqqoof taasise martinuu nibaraa baratti nice’e; milkii gariitu anga’a; ijoollee yoo ta’an immoo fuuldurri isaanii guddina, dagaagina, badh aadhinaa, tasgabbaa’ina, ayyaantummaa gonfatu jedhamee yaadama. Walumaa galatti raawwileen sirna kabaja ayyaana Hulluuqqoo keessatti mul’atan hundi isaanii dhugeeffannaa/ fakkommii mataa isaanii danda’aniidha.

B. **Muka Hulluuqqoo muruu**: Raawwilee kabaja Hulluuqqoo keessatti raawwataman keessaa isa tokko. Akkuma ijoolleen iddoo ayyaanichaa qulqulleessuu keessatti gahee guddaa qaba. Akkasumas jalabultii Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo kanarratti hawaasni kun waan inni raawwatu waan bal’aatu jiru.Isaanis kanneen itti aananii dhufan kana ta’u jedhu.

C. **Sirna Dhaabaa Muka Hulluuqqoo:** Sirni dhaabaa Muka Hulluuqqoo kana keesssatti waanti ilaalamu qabu keessaa tokko bakka sirni kunitti dhaabbatuudha. Bakka argeetti kan dhaabbatu osoo hin taane iddoo isaaf qophaa'e irratti dhaabbata. Bakki Hulluuqqoon kundhaabbatu bakka abdarii yookiin waan akka muka jiidhaa toora sanatti margee jiru cinaatti ta'a. Yeroo mukni Hulluuqqoo kuni dhaabbatu gaafa borumtaa jilichaa maanguddoo qe'ee, sanaa kan ta'een muramee erga qophaa'een booda kan mukkeen garagaraa kanneen akka Laaftoo, Ejersa, baala abbayyii baala bakkanniisaa, hidda fiitii kkf kan jedhamaniin mataa muka dhaabbtu lamaan walitti hidhama. Namoonni olla yookiin maanguddoonni qe'ee sanatti dhiyoo jiran iddoo sanatti argamuun kandhaabicha sanarratti hirmaataniidha. Dhaabaa kanas jalqaba abbaa Abdariitiin kandhaabbatudha. Abbaan Abdaarii immoo nama Angafaa gosaa yookiin Ayaantuu ta'edha. Innis hawaasa sanakeessatti nama kabajaafi jaalala guddaa qabu yoo ta'u, innis erga eebbifateen booda mukni kaafamee dhaabbata. Mariin garee namoota afur (4) waliin Muddee 15/2016, (TG, BH, TH, JA)

Haala kanaan eebbifachaa Mukni dhaabbatee qunceefi hidda fiitii sanaan walitti hidhu. Kun ammoo akka loowwan yeroo hulluuqan sana itti bu'anii hinkuffisneefi hinjijjigsineefidha.Tokkoon tokkoo biqiloota mataa hulluuqqoo irratti walitti qabamanii dhaabamaniifi hidhaman sanhiikaafi dhugeeffannoo mataa isaanii qabu. Mukkeen dhaabaaf filataman Kunniin sababa filatamaniif qabu. Fakkeenyaaf Mukkeen dhaabbatan lamaan Laaftoodha. Laaftoon mukkeen jiran keessaa jabaafi dhaddacha jedhamee waan beekamuufi. Kunis akka hawaasa naannoo kanatti muka yoo dulloome jabaa godhatan, yoo waldhaban jalatti araaraman, yoo dhala dhaban jalatti guddifatan, muka jirma tokko irraa dameen hedduun dagaagee lafarra bal'ate. Kun immoo saba kanaan hariiroo qabachuu isaa kan agarsiisudha.

Ejersis muka Oromoo waliin walitti hidhata cimaa qabudha. Innis Bokkuun Oromoo muka kana irraa hojjetame. Oromoon bokkuuf kabajaafi akka meeshaa ulfootti kandhimma itti bahan ta'uu beekamaadha. Akkasumas Ejersi kunfoolii gaarii kanqabuufi meeshaaleen aannanii illee kanarraa waan hojjatamaniifi urgeessuuf ykn qoraasuuf kanitti tajaajilamu. Muka kanaaf hawaasichi iddoo olaanaa qaba. Baalli Abbayyiifi Bakkanniisaa immoo yeroo hunda jiidhaafi lalisaa ta'uu isaatiin haawaasichi kabajaaafi jaala addaa qabaafi. Hiddi Fiitii kanittiin walitti hidhamu sun immoo waan akka aannanii ofirraa waan qabuuf karra keenya walitti nuu qabi;

aannaniin nu jaarsi jedhanii waan dhugeeffataniif yeroo sanatti itti gargaaramu. Yaadumaa mariigaree namoota afur(4) daqiiqaa 25'f 16/01/2016 A.L.H, tti gaggeeffame.

Yaada olii kanarraa akkuma hubanutti, mukkeen kunniin jiruufi jireennya hawaasa kanaa waliin hidhata guddaa qabu. Fakkeenyaaf Oromoon yoo ayyaana kabajatu, yoo Booranticha bulfatu; dubartoonni jila sanaa mukkeewwan kana dhibaayyuu waliin qabatanii dhiyaatan malee hin bulfatamu. Kanaaf mukkeen kunniin Hawaasa kana waliin hidhata cimaa qabu. Innis Oromoon yeroo Ayyaana Booranaa bulfatu sanyii sadeeen waliin nu qajeelchi jechuun eebbifatu. Sanyii sadeen Oromoon jedhu kun immoo sanyii namaa, horiifi sanyii midhaaniiti. Kana jechuun isaanii immoo sanyiiwwan kanneeniifi mukkeen kana waan walitti fidu jechuudha.Gama biraan Oromoon horii/ looniifi midhaaniif kabaja guddaa qabachuu sirriitti ibsa.

### 4.1.2. Raawwilee Yeroo Hulluuqqoo

Akkuma yeroo garaa garaatti sirnoonni biroo raawwilee garaa garaan beekaman yeroon hulluuqqoos raawwilee adda addaa kan mataa isaa danda'e qabaata. Isaanuma haala raawwii isaa akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

**A. Loon muka Hulluuqqoo jala baasuu:** Akka duudhaa achii as dhuftee hawwasa Sooddaatti gaafa guyyaa hulluuqqoo kana namniifi loon barii obboroon bahuun muka hulluuqqoo dhaabbate san jalaan hulluuqu. Ganama subii ganama mukua hulluuqqoo maanguddoon ijaare sanatti namoonni looniifi meeshaa isaanii kanaadaa, kan waraanaafi kkf qabachuun hulluuqqoo jalaan hulluuqu. Akkaataan hulluuqqoo kunis meeshaalee aadaaafi kan waraanaa kan akka eeboo, gaachana, ulee gosa garaa garaa qabachuun hulluuquun fakkoommii mataa isaa danda'e qaba. Altokkotti loon isaanii waliin hulluuquun kanagarsiisu karraafi maatii keenya waliin nagaan gara waktii ifaatti dhufuu isaanii kana gateeffachaa fuulduraafis akka hin buuneefi hinharcaaneetti dabarsi jechuudha.

Meeshaaleen isaan qabatanii bakka hulluuqqootti dhufan kunis kan agarsiisu, kabajaafi jaalala ummanni Oromoo meeshaalee ulfoo kan akka bukkuu, alangee, kallacha, caaccuu, okoleefi kanneen biroo bakka akka waan dhibaayyuu kanaa hafuu hindanda'amu.Ulfoo gatanii hulluuquun akka milkii gaariitti waan hinilaalamneef meeshaalee kanniin qabatanii hulluuqu. Adeemsuma kanaan, meeslaa lolaa kanjedhaman kan akka eeboofi gaachani farad fe'iinsaa/ kooraa isaa waliin hulluuqu. Walumaa galatti gochoonni yeroo hulluuqqootti raawwataman

kunneen hundi ergaafi akeeka mataa isaanii qabaachuu irratti walii galu. Daawwannaa (15/01/2016) toora daqiiqaa 20` f ture irraa argame.



Suuraa - 4 loon hulluuqqof yeroo dhiyaatan

### 4.1.3. Raawwilee SirnaAyyaana Hulluuqqoo Boodaa

Afgaaffii obbo Tasfaayee Danboobaa waliin taasifame irratti odeeffannoon argame akka mul'isutti, Ayyaana Hulluuqqoon booda wantoonni raawwataman hedduudha. Akkuma ayyaana duraafi yeroo ayyaanaa raawwileen garaa garaa jiran yeroo ayyaana boodaallee raawwileen hedduun kanaadaafi duudhaa hawaasichaa ibsan kanraawwatamaniidha. Raawwilee jajjaboon yeroo kanatti raawwataman keessaa muraasni: Loon waareetti yaasanii tiksuu, sirna korma muuduu, buna qalaa, sirna dhibaayyuufi kkf.

**A. Dhibaayyuu**: Sirni Oromoo yeroofi bakka adda addaatti haala garaa garaatiin raawwatamutu jira.Kanneen keessaa muraasni Gadaamojjii, Hulluuqqoo, Maqa baasaa, dhibaayyuu amtuma isaa, yeroo loon dhalaniifi wkf keessatti ayyaanota akkafakkeenyaattiraawwataman muraasadha. Kanneen keessaa barreeffamni kunsirna kabaja Ayyaana Hulluuqqoo irratti xiyyeeffata. Sirni kunwaggaa waggaan Malkaa yookiin muka odaa jala, iddoo ulfoo/ Abdaarii wareegamaafi libaatiin kanraawwatamu dhibaayyuun hawaasa walii gala keessatti nagaafi waldanda'uu akka fidu abdachuuni. Dhibaayyuun aadaa Oromoo walumaa galatti, addatti ammo Oromoo Sadeen Sooddoo keessatti sirna baay'ee beekamaa ta'eedha. Qaalluun yookiin hogganaan amantii gu yyaa sirnichi itti raawwatamu sirritti murteessee kaa'a. Kana malees, gaggeessitoonni Gadaa hawaasni sirnicharratti akka argamuuf haala mijeessa. Guyyaa dhibaayyuu wareegnnaa, eebbaafi waldhabdee hiikuun niraawwatama. Gama akkasiifi kanneen biroo barbaachisoo ta'aniifi bu'aan sirnichaa xiyyeeffannoo qarataa ammaa hawwataniiru.

Sirni dhibaayyuu guyyaa lammaffaa jilaas ta'uu danda'a jedhama. Guyyaa sirnichaa isa hunda caalaa barbaachisaa ta'eefi dargaggoon, manguddoon, dubaraafi dhiirri bal'inaan bahanii sirnicha irratti hirmaataniidha. Imala gara iddoo Hulluuqqootti godhamu keessatti dhiirri horooroo (ulee sirna dhiirotaa) yoo qabatu dubartoonni immoo siiqqee (ulee sirna dubartootaa) fi saqa qabatu. Shamarran mataa isaanitti sabbata uffachuun nyaata xixiqqaafi aannan qabaatu. Akkuma bakka Hulluuqqoo ga'aniin loon Hulluuqqoo keessa darbu. Dubartoonni gara iddoo sanatti akkuma fuulduratti deeman dhiirri gara bakka jilichaatti itti fufuun loon gara iddoo Hulluuqqoo fidu.Yeroo loon hulluuqqoo keessa darban shamarraniifi daa'imman horaa horaa (ba ay'isaa) jechuudha Daawwannaa daqiiqaa 30f garee dubartootaa afur waliin Fulbaana 17/2016 tti taasifame irraa.

Yaada marii garee kanarraa wanti hubatamu Oromoon sirnoota hedduu kan yaadni safuu isaa hunda galeessa ta'e itti mul'atu shaakalu.Yaadrimeewwan naamusaa kanneen akka sirrii, dogogg ora, gaarii, hamaafi kanneen biroo shaakala sirna kana irraa hubachuun nidanda'ama. Raawwii d hibaayyuu kana keessatti dhangaa qophaa'erraa dubartoonni mataa fuudhanii dirree ulfoo sanatti facaasu yookiin itti darbatu. Kunis kan taasifamuuf kan horree horanne waliin nubaadhu, nuitichi; kunoo mataa deebii kee siif kenninee ati nurraa fudhadhu ergaa jedhu of keessaa qaba jechuudha.

Walumaa galatti, Oromoon Sooddoo dhibaayyuun bakka onnee qulqulluufi wayyaa qulqulluutiin Waaqa kadhatu. Akka jechaatti dhibaayyuun sirna Oromoon Sooddoo cubbuufi jeequmsa tokko malee uumaa isaa itti kadhatuudha. Kanarraa ka'uun yeroo sirni dhibaayyuu adeemsifamutti kanWaaqni nuuf kennerraa mataa Waaqaafi lafaaf haadeebifnu jechuun dhugeeffannoo qaban mul'isu.

**B. Muudaa:** Muudaan karaalee garaa garaan ilaalama. Muudaan tokko muudaa dhalee yookiin dhadhaa looniitiin sammuufi adda namaarra kaa'uun aangomsuu, baallii kennuu, aangoo dabarsuufi eebbisuudha. Muudaan inni biroo immoo akka aadaa Oromootti korma loonii keessaa jibicha aangomsuuf ykn moosisuuf adeemsa raawwatamuudha. Kormi haala kanaan muudame hojii biroof hin oolu. Hanga dulloomee du'utti hintumamu; hinqotu, kormoomee dhalchuu duuwwaadha. Muudaan akkuma yeroo garagaraa hawaasa Oromoo keessatti kanraawwatuufi dhugeeffannoo adda addaaf dhimma itti bahamuudha. Innis yeroo sirni Gadaa baallii walharka fuudhan, yeroo sirni gaa'ilaa raawwatu, sirna Ateetee keessattifi sirna kabaja ayyaana Hulluuqqoo keessatti muudaan niraawwatama (Marii garee dubartootaa kan15/1/2016) qorataan waliin taasifame.

Akka maddeen irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, muudaan gaafa Hulluuqqoon raawwatu sirni muudaa nigaggeeffama. Innis haati warra manaa sanaguyyaa Hulluuqqoo kana ganamaan kaatee erga sirni Hulluuqqoo raawwatee mijuu garaa garaa qopheeffatu. Booda dhadhaa kichuu ta'e qadaada okolee irra kaawwattee yeroo abbaan manaa maatiifi karra/loon isaa manaa gadbaasuuf jedhu dhalee/dhadhicha sanmuuddi. Kan muudamu kunis abbaa manichaa qofaa osoo hintaane ijoollee ishiihangafaa kaastee hanga quxusuutti muuddi. Yeroo muuddu kana waan jettee muuddu qabdi. Innis "adda horadha; adda keessan homtuu hin danda'in, hamtuun adda keessan dura in dhaabbatin;" jechaa muuddi. Kunis Waktiin dhufu waktii moo'ichaafi oofkaltii isaanii akka ta'u agarsiisuuf raawwatama. Kanaaf muudaan guyyaa ayyaanichaa kana ganama raawwatu kundhugeeffannoo ofkaltii ta'uusaati. Marii garee 16/04/2016 namoota afur (Milkeessaa Danboobaa, Baacaa Hayiluu, Tasfaayee Midhaksaa, Takkaa Galaachaa).

**C. Loon Waaree tiksuu:** Waaree bobbaasaan adeemsa erga sirni hulluuqqoo taasifameen booda loon gara lafa margaatti geessuun tiksuuti.Lafti margaa guyyaa kana loon itti bobbaafaman lafa ganna guutuu osoo margi irraa hindheedamin kaleeffamee ture. Sababni kaloon kunkaleeffamee qophaatti irraa dhoowwamaa turuuf immoo guyyaa ayyaana hulluuqqoo

kanaan loon dheedanii quufanii akka galaniifi. Guyyaa kanarraa eegalee loon quufa malee beelli, akka hin jirreefi akka ilaalchaatti sa'aa namni guyyaa kana quufe, barahamaa, bona cimaa jail bahuu nidanda'a



Fakkii – 4 loo waaree tiksuu

**D. Qalma kormaa:** Qalmi kormaa kanraawwatu naannoo sirna hulluuqqoofi yeroo loon waaree tikfamanii deebi'anitti mooraa sirni dhibaayyuu itti gaggeeffamu keessattis nita'a.Kormi qalamus hanguma dandeettii hawaasa toora sanaatti, hoolaa irraa kaasee hanga korma sangaa ta'uu danda'a. Kanaan alatti qalmi sirna kanaaf raawwatamu raada yookiin sa'a ta'uu hin danda'u. Sababni isaas akka dhugeeffannaa hawaasichaatti, korma malee sa'a kennani. Bu'aa sa'aa keessaa sanakeessa wanti dhibaayyuuf ta'u hedduutu jira. Korma dhiigaan yoo falatan, sa'a immoo bu'aa isaatiin dhibaafatu jechuudha.Yeroo itti aanuufis sa'a santu korma biraa dhalee kanaaf qaqqabsiisa jedhanii waan dhugeeffataniifi.

Haala kanaan, sirna qalmaa kanarratti mooraas ta'ee abdaarii sanarratti waaddanii/ciincessanii, kaan daddarbanii dhangaalee biroo waliin dhiyaatee nyaatama. Kanaaf daddarbaan kun dhugeeffannaan isaa akkuma kan dhibaayyuu sana kan nuu kenniteef galata jechuun uumaa isaanii abdaarii sanatti kennuun dhugeeffatu. Akka karaa afgaaffii maanguddoo kanarraa odeeffatametti, Sirni qalmaa korma loonii irraa kaasee hanga korma hoolaafi re'eetti ta'uu nidanda'a. Bifti korma qalmaa kunis akka dhugeeffannoo hawaasichaatti yeroo birraa kana daalcha, booqaa, waan akka adii, magaalaafi kkf ta'uu danda'a.Sababni bifti akkanaa filatamuufis, waktiin kun waktii birraati; akkasumas waktii ifaati, kana waliin kan deemu immoo bifoota kanneeni jedhanii amanu. Akka dhugeeffannaa hawaasichaatti kormi gurraachi waktii gannaafi tajaajila biraaf ollun alatti yeroo kanatti hin dhiyaatani (Afgaaffii obbo Guddisaa Fayyisaa 17/1/2016)

## 4.2. Qabiyyeewwan Afoolaa Sirna Hulluuqqoo Keessatti Hojiirra Oolan

Raawwilee sirna Hulluuqqoon wal qabatee afoolli garaa garaa nimul'ata. Qabiyyeen afoolaa hojiirra oolan hedduudha. Isaanis keessaa bal'inaan kan dhimma itti bahamu eebbadha.Waltajjiil ee hawaasa Oromoo kamuu biratti eebbi bakka guddaa kan qabu ta'ee, haalaafi bakka adda addaatti ergaa garaa garaa qabaata. Ergaan isaa kunis kan waltajjii sana giddu galeeffate yoota'u, guyyaa utubaa/qiribbaan dhaabbatuu eegalee namoota dhimmi ilaallatuun kan dhiyaatuudha. Ee bbi akkuma waltajjii ayyaanichaatti qabiyyee garaa garaa qabaata. Akka fakkeenyaatti eebbi yeroo mukni hulluuqqoo dhaabbatu eebbifamuufi eebbi yeroo loon hulluuqqoo jalaan erga yaasanii eebbisan garaa garummaa hanga tokko niqabu. Afgaaffii obbo Midhaksaa Imaanaafi Guddisaa Fayyisaa 24/ 01/2016)

Bakka qiribbaa dhaabne nageenyi Waaqaa lafaa dhaabbata, sa'aa nama keenya mara waliin nu dhaabi.Dhaabbannee ati nu waliin dhaabbadhu… jechuun bakka muka hulluuqqoo dhaabanitti eebbifama.Baraa baratti dhaabaa kee nuu dhaabi. Walumaa galatti, sirna raawwii ayyaana hulluuqqoo keessatti qabiyyeewwan afoolaa hojiirra oolan karaa hedduun ilaaluun nidanda'ama. Sirni hulluuqqoo waliin jireenya hawaasaa cimsuu keessatti kanneen waltajjii eebbaafi abaarsaarratti dhiyaatan hedduudha.

## A. Sirna Eebbaarratti

Waltajjii irratti eebbifaman irrattii hundaa'uun sirni eebbaa gosa hedduutu jira. Hulluuqqoo irratti Afoolli eebbaaf dhiyaatu ergaa nageenyaafi badhaadhinaa qabatee argama. Eebba kana keessatti, ayyaantuufi hangafti wal-ofkolchuun akkana jechuun eebbifatu.

### A. Eeebba hormaataa

Kan nagaan nubulche, nagaan nu haa oolchu!

Kormi cirri haata'u!

Rimaan haphee haata'u!

Barbadaan suga haata'u!

Booruun gabbina haata'u!

Dheedee haa barbadeessu!

Dhugee haa booressu!

Gaadiifi okoleen haa marmaaru!

Sa'aafi jabbii walitti haa urgeessu! … Jedhanii eebba xuruursu.

Haaluma kanaan, afoola Oromoon waltajjii kanaaf qopheeffate hormaata loonii akka qajeelchutti amanamee eebbifama. Jechoonni eebba keessatti itti fayyadaman kormi cirrii haata'u jedhan kun, akkuma cirriin fiigdee loonirra qubattu kormi looniis haaqubatu jechuudha. Rimaan haphee haata'u jechuun ammo, saanni kormi irra bu'e haaqabattu; haadhaltu akka waan jechuuti. Barbadaan suga haata'u, booruun gabbina haata'uun immoo yoo margiifi bishaan hinjirrellee, saawwan haaquufan jechuudha. Gaadiifi okolee haamarmaartu jechuun ammo, dubartiin yeroo hundaa waan elmitu hindhabin; jiidhinni harkaa hinbahin jechuun eebbifama.

**B. Eebba Araara Waaqaa lafaa**

.Kan nagaan bulchite nagaan nu oolchi;

Biyya nanayaa nu oolchi;

Karaa nagayaatti baasi;

Hulluuqqoo nagayaa nu hulluuksisi;

Tokko nu taasisi; baragaariitti nu dabarsi!

Hamaa keenya karaa bitaa qabi; nummoo mirgatti nu qabi;

Kan bitaan dhufe mirgatti; kanmirgaan dhufe bitaatti nu qabi.

Hamaa keenya lachuu hanqisi; nu brattuu nimul'isi.

Dhala nuuf guddisi; dhalattuu nuuf bulchi.

Alaa ol nu yaasi; manaa wal nu taasisi.

Wal jala nu yaasi; wal nu dhaggeesisi …………..

Jechuun erga eebbifatanii raawwatan booda loowwa isaanii walitti qabanii erga tokko itti oofu. Kana kantaasisu ijoolleedha.Yeroo kanatti namoonni jajjaboon dursa yoo hulluuqan itti aansuun ijoolleen duubaa loon kra hulluuqqootti oofaa turan sanatu osoo loon hulluuqanii hin raawwatin isaanis waliin hulluuqu. Hanga ijoolleen hulluuqanitti immoo dabaree isaanii namoonni biroo loowwan akka adda hin faccanetti gara muka hulluuqqoo sanatti ittisu. Raawwileen kunniin hunda isaanii qorataan waltajjii ayyaanichaa irrtti argamuun daawwannaa taasiseen raga argameedha.

Akka aadaa hawaasa Oromoo Sooddootti, gaafa sirna Hulluuqqoo horiin yemmuu foonaa isaanii keessaa bahan muka dhaabamee mataan isaa walitti hidhame sana jala hulluqu yookiin jala baasu. Akka Gaachanaa Hayiluu irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, horii dhaabaa abdaarii isaanirra jiru kana jala baasuun dhugeeffannoo qaba. Innis waan hamaa dhufaa darbaa jala taranii nagaan hulluuqqoo gahuu isaaniifi gara ifa biraatti darbuu agarsiisa. Bakka tokko tokkotti foonaa horii kana illee nijijjiru. Kanaaf horii mukkeen kanjala baasuun ganna keessaa gara birraatti ce'uu yookiin darbuun fakkeefama. Kanaafuu gochaan kundhugeeffannaa nagaan gara waktii dukkanaarraa darbuu ykn ce'uu isaanii agarsiisuudha.

**C. Eebba Ce’uumsaa**

“Tokko nu taasisi; baragaariitti nu dabarsi;
Hamaa keenya karaa bitaa qabi; nummoo mirgatti nu qabi;
Kan bitaan dhufe mirgatti; kanmirgaan dhufe bitaatti nu qabi.
Hamaa keenya lachuu hanqisi; nubarattuu nimul’isi.
Dhala nuuf guddisi; dhalattuu nuuf bulchi.
Alaa ol nu yaasi; manaa wal nu taasisi.
Wal jala nu yaasi; wal nudhaggeesisi
Wallaala nuu beeksisi; beekaa nuu bulchi;”

jechuun muka hulluuqqoof tolfame jalaa kallattii lixaarraa gara kallattii bahaatti hulluuqu. Manguddoo argaa dhageettii Obbo Guutaa Araddaa 23/04/2016

Qabiiyyeen afoola kanaa hawwii gara waktii gannaarraa gara waktii birraatti darbuuf qaban irraa bu’uureffame. Tokkummaa keenya nuu cimsi; bara gaariitti nuceessisi; baraa baratti nu dabarsi; dhalaa dhalcha keenya nuuf bulchi dabarsii nu jiraachisi jechuun hawwiifi nageenya qaban ibsatu.

Hulluuqqoo jala baanee mijuu facaafnee,
Kan facaafnee gumaa dhabuu nu oolchi
Okolee baannee hulluuqqoo jala baanee,
Ammeessa aannan elmannu nuu mirgisi.
Ulfoo keenya qabnannee hulluuqnee;
Ulfinaafi kabajaan nundhorkatin
Gindiifi waanjoo baannee hulluuqnee,
Waan camadannu nun dhoowwatin.
Eeboo qabannee hulluuqnee,
Roorroo diinaa jalaa nu baasi.
Lammiifi qomoo gumaa baasu nun dhoowwatin.

Alangaa qabannee hulluuqqoo jala baanee,

Bulloo Gadaa garmaamu nuu bulchi,

Kan yaabbannu, kan fe'annu nun dhoowwatin….

Jechuun eebbifatu.Tokkoon tokkoo maqaa meeshaa asii olitti dhahamanii kun dhugeeffannoo mataa isaanii qabaatu. Haala kanaan meeshaaleen aadaa akkaataa duudhaa hawaasichaatti calaqqisa fakkoommii garaa garaatti fakkeessuun ittiin jiraataa jiru. (Obbo Eebbisaa Tuujjii 17/2/2016).

## B. Yeroo Abaarsaa

Akkuma eebbisee badhaasu abaaree cubbisuu yookiin balleessuu keessattis afoolli abaarsaaf ta'u nijira.Yeroo abaarsaa kana keessatti, diina abaaruufi tuma sirna hawaasichaa kandiige, akkasumas sirna araaraa keessatti namni waadaa diigee haaloo akka hinqabanneef afoolli qabiyyee sanaan wal qabatun abaaru. Abaarsa kana keessattis, afoolli qooda guddaa qabaachuun beekama. Faayidaa sirni hulluuqqoo qabu keessaa tokko sirna waliin jireenyaa cimsuuf waldhabdeen garaa garaa yoo jiraate dursa faatii walii bahuudha. Erga faatii walii bahanii boodas akka isaan deebi'anii haaloo walitti hinqabanneef waan jedhanii waadantu ykn waadaa galchantu jira.

Kan waadaa araaraa cabse!

Tumaa caffee dabse!

Dhugaa namaa dhokse!

Alangaan waaqaa daaraaf daakuu isaa godhu!

Itilleensaa qoree itti haata'u!

Qeensaa doobbiin haadhaalu!

Yoo facaafate hinbiqiliiniif!

Dhalchu hinguddatiifiin!

Jireenya isaaa jireenya dhakaa haa godhu! Jedhanii abaaru.

Kun immoo, waadaa araaraa cabsuu, dhugaa namaa dhoksuufi tumaa caffee dabsuun hawaasaa Oromoo biratti safuu guddaadha. Kanneen kana raawwatee kanargame seera waaqaa cabse waan

ta’eef abaarama jechuudha. Jechoonni abaarsa keessatti jedhaman kunniin kanhedduu ulfaataniifi sodaachisaa waan ta’eef, hawaasni waadaa yookiin kakuufi tumaa tumame garmalee kabaja. Akka odeeffannoo kennitoonni jedhanitti, “Abaarsi kun hariiroon hawaasaa akka cimuu bira darbee seerri waaqaa lafaa akka kabajamuuf malee, dhala namaa ittiin balleessuuf miti.” (Isaanuma) Achi booda, maanguddoon duratti bahuun akkas jechuun eebbifatu.

## 4.3. Hiika Meeshaaleen Aadaa Sirna Kanarratti Hojiirra Oolan Qaban

Maatiin ayyaana hulluuqqoo kanarratt meeshaalee adda addaa qabatanii itti dhiyaatu. Meeshaaleen kunis: Kallacha, Bokkuu, Caaccuu, Callee, Eeboo, Alangaa, Gindii, waanjoo, Okolee Daraaraa, Coqorsaafi kanneen biroollee hedduun nijiru. Meeshaaleen aadaa kunniin hundi isaanii ergaafi fakkoommii mataa mataa iasaanii qabaachuun beekamu. Haaluma kanaan, maqaa maqaa meeshichaa dhahaatii eebbifatu. Eebbi kanaan walqabatu qabiyyee afoolaa jalatti bal’inaan dhiyaatee xiinxalameera.

### 4.3.1. Kallachaan

Kallachi meeshaalee ulfoo ayyaantuun Oromoo kabajuufi hoodeffatuudha. Bddoo hedduutti kallachi addarratti
hidhatama. Kallachi kabaja qaburraa kan ka’e meeshaa ulfoo jedhamuun beekama. Kallachi Sibiila qorsaa yookaan bakakkaa waliin samiirraa bu’eedha jedhamee amanama. Akka dhugeeffannaa ummata Oromoo Waaqeffataatti durbakka bakakkaan itti bu’e yookiin itti beeketti aannan loonii dhibaafatee kallachaafi bo kkuu argata jedhamee amanama. Bakka kallachi itti bu’e yookiin itti irreeffatame eebbbatu jira jechuun u ummatni Oromoo (Waaqeffatan) amana. Kallachi bara oolaan (hongeen) jabaate, kallacha tulluutti; malka atti baasuun waaqni ittiin kadhatama.

Raawwilee sirna garaa garaa keessatti mul’atan irraa Kallachi akka meeshaa ulfoo hawaasichi fakkoommii garaa garaatiin nidhiyaata.Yoo waldhabdeen gurguddaan kan akka walajjeechaa, qaama hi’isuu sirna guddifachaa, sirna fuudhaafi heerumaafi kanneen biroo yoo jiraate kallacha baasuun araarsu. Kanarraa kan ka’e kallachi meeshaa ulfoo fakkoommii araaraa jedhamuun beekama.

Akka odeeffannoo kennitoonni af-gaaffii (Obbo Miidhaksaa Imaanaafi Guutaa Araddaa) jedhanittis, kallachi fakkoommii mataa isaa danda’e qabatee dhiyaate malee, faayaaf kandhiyaatu miti. Kallachi mallattoo hormaata dhiiraatti fakkeeffama. Sababiin isaas, mallattoo saala dhiiraatti fakkaatee waaqaa bu’e waan ta’eef ulfina waaqni dhiiraaf qabutti fakkeeffama. Waan

kana ta'eef kallachi mallattoo safuu dhiraati. Haaluma kanaan Kallachiis seerota hawaasa Oromoo Sadeen Sooddoo, Aanaa Tolee keessatti tajaajila adda addaaf dhimma itti bahama kan jiruudha. Kanneen keessaa muraasni:

A. **Sirna guddifachaa:** Sirna daa'ima guddifachuu keessatti kallacha malee hindeemamu. Kanas, guyyaa mucaa guddifachuuf yaadaan kadhachuu dhaqan kallacha qabachuun, "Kallachi hooda addi kallachaafi ayyaanni Boorantichaa ilma margaafi ba'aa siiyaa kennuu; dhala Waaqni siif kenne nu kenni;" jedhanii lubnifi ayyaantuu waliin kadhatu. Erga sirni guddifachaa raawwatees dhala argatan fudhatanii galu. Kanaaf, kallachi sirna guddifaarratti iddoo guddaa qaba. Warri mucaa guddisa kadhatamanis yoo fedhii kennuu hinqaban ta'eyyuu sodaafi safuu kallachaa dirqama kennu. Kennuu dinnaan mucaan guddisaaf kadhatame kunhinofkolu (hinguddatu) jedhamee amanama.

B. **Waliin jireenya cimsuu keessatti:** Kallachi iddoo walitti bu'iinsi jirutti rakkoo akkasii hiikuurratti iddoo guddaa qaba. Ayyaantuun bakka waldhabdeen ciccimoon jiruttiifi kallachaa
qabatanii waltajjiitti dhiyaatanii ittiin walitti araarsu; jaarsoliin dhiyaatanii yaada araaraaf gor sa kennu. Kanaaf, kallachi meeshaa ulfoo araaraa, sirna hariiroo hawaasaacimsuu keessatti ta jaajila guddaa qabu. Namni haguma fedhellee yoomiidhamee, Kallachi erga bahee irraa hidh abu; niaraaramu jechuudha. Sababni isaa namni bokkuun bahee waan dubbatame didu goonk umaa hinjiru.Yoo jiraate diroo darbaa dhaloota isaaf gaarii miti jedhamee amanama.

C. **Sirna fuudhaafi heerumaa keessatti:** Kallachi sirna fuudhaafi heerumaa kamuu keessatti k allacha qabatanii warra intalaatiin kadhatu. Kallachi ilmoodha; ilmoon isin kadhannee jedhan ii ittiin kadhatu. Kana keessatti, jechoonni jedhaman "kallachi manaa ba'ee harka duwwaa hi n alu" jedhu. Kallachi dhimma akkasumaaniif hinbahu; dhimmoota jajjaboof itti yaadamee a kka mirga nama fuudhuus ta'ee, kan heerumuutti hinbuunetti hojiirra oolfama. Dhimmi kuna mmoo mirga intalaa dhiibutti deema yoo ta'e; kallachi akka duwwaa hingalle uffata jiirbiirra a dhahamu dhundhuma lama itti dhoofsisuun warri intalaa eebbaafi kabajaan galchu. Kuni safuufi xiyyeeffannoo kallachi qabudha. (Isaanuma)

Kanumarraa ka'uun sirnoota Oromoon dhugeeffatu kamiyyuu keessatti meeshaalee ulfoo warren jedhaman keessa kallachi nijiraata. Fakkoommii araaraa, waliin jireenyaa, badhaadhinaa,

nageenyaa waan ta’eef sirna hulluuqqoo keessattis dhimma itta bahamaa jira. Meeshaa kana ykn Kallacha manatti dhiisanii iddoo jila hulluuqqoo deemuun hindanda’amu. Sababni isaas, akkuma bara dabarsee uumaan ayyaana kana ittiin nama gahe kana innillee ayyaana kana gahe jedhanii waan amananiif meeshaa ulfoo kana qabataniituma bakka jilaatti dhaqu.Kallacha kana qabatee kan deemus nama hunda osoo hin taane maanguddoo kanaan dura waa dabsee hinbeekne ykn kan akka aadaatti hangafummaan ayyaantummaan kennameefitu baatee deema.

#### 4.3.2. Bokkuu

Akkuma meeshaalee ulfoo kanneen biroo Bokkuunis sirnoota raawwii garaa garaan walqabatee waltajjii hawaasa Oromoo keessaa hinhafu. Bokkuufi abbaan Bokkuu Oromootaafi gaggeessitoota gadaa biratti ulfina guddaa qabu, Bokkuun yeroo baayee Jilooata jajjaboo irraatti ummanni bakka tokkotti uumaa isaa galateeffchuufis ta’ee, kan facaafate nagaan soorachuuf meeshaalee kanneen qabatee iddoo sirnichaatti niargama. Akkasumas, bakka walitti bu’iinsa uummata keessatti kan lubbuu namaa balleesseefi qaama hir’ise gidduutti nagaa buusuufi tasgabeessuu yookaan wadhabdee hir’isuuf kanba’uudha.

Bokkuun ulee waaqaati jedhanii amanu. Bokkuun mallattoo nageenyaa, fayyaa, hooggansaafi itti fufiinsa jireenya hawaasichaa ibsa. Kanaaf bokkuun sirna bulchiinsa uummatichaa biratti safuufi mallattoo hooggansaa kanagarsiisuudha.  Bokkuun inni jalqabaa akkuma kallachaa Waaqaa bu’e. Bokkuu qulqulluu kanas Waaqayyo dursa hangafa qulqulluutti kenne jedhamee amanama. Kanaaf, Bokkuun seera hangafaa-quxusuu illee niqaba jechuudha. Kanaaf warri hangafaa bokkuu sana waltajjii barbaadametti kandhiyeessuun akka barbaadetti hawaasicha dhugeeffannaa isaa agarsiisee ittiin jiraata. Faayidaan bokkuu araaraa lolli ilmaan Oromoo jiddutti yoodhalate, lola kana qabaneessuuf bokkuutu mana angafaatii bahee waltajjii taa'ee araraa fida. Obbo Takkaa Galaalchaa (15/1/2016).

Oromoota dhiiga walii facaasuuf walitti gaman, Abbaan Bokkuu, Bokkuufi marga jiidhaa harka mirgaatti, faajjii Gadaa kan kuula diimaafii adii harka bitaatti qabatee Waaq bishaan roobi, Waaq qabbaneessi jechaa sodaa malee jarreen wal lolaa jiranitti qajeela. Bokkuu, faajjiifii marga jiidhaa irreessa harkaatti arginaan lolli yeroodhuma sana dhaabbata. Abbaan Bokkuu erga lola qabbaneesse booda araara buusuuf, jarreen wal-lolan, manguddoota waayee lolli kun itti ka'ee beekan gos isaanii keessaa namoota filatanii, abbaan Bokkuu waltajjii ta'eefii, inniis namoota dubbii harka keessaa hinqabne qaama sadaffaa irraa namoota muraas wammatee, araarsa.

Bokkuun akkuma araara namaaf bahu araaa Waaqaafi lafaafillee nibaha.Araara Waaqaafi ;lafaa jechuunis kan yeroo hawaasni uumaa isaa qajeelfachuuf yookiin haala jiruufi jireenyaa tasgabbeeffachuuf raawwilee adda addaa yeroo adda addaatti taasifatuudha.Raawwilee jajjaboo hawwasni Oromoo bokkuu qabatee bahu keessaa tokko sirna kabaja hullqqooti.Hulluuqqoonis karaa biraa araara Waaqaafi lafaaf, akkasumas hawwii nageenyaafi hormaataaf qabu keessatti imaanaa hawaasni uumaatti laachuu keessatti qabuuti.

Gama biraan fakkoommii bokkuun hawaasa keessatti qabu, bokkuun aangoo dhiiraa kan agarsiisu yoo ta'u, aangoon kunis muudama siyaasa Gadaa Oromoofi muudama waaqaatti fakkeeffama. Bokkuu abbaarraa ilmi kandhaalu yoo ta'u, kunis ayyaana waaqaa dhaloonni waliif dabarsanitti fakkeeffama. Kanaafuu, fakkoommiin meeshaalee ulfoo/ ayyaanaa kundhiibbaa tokko malee kangiddu deemaan hawaasichaaf qoodudha. Bokkuu gurraachi immoo, fakkoommii hangafummaafi olaantummaan fakkeeffama. Kanaafuu, yemmuu waaqa kadhatan Kanaaf, "waaqa bokkuu gurraachaa" jedhanii kadhatu. Waan jedhaniif nisodaatama jedhu. Kanaafuu, bokkuun sirna sirnoota hedduu keessatti iddoo olaanaa qabaachuufi mallattoo aangoofi jabinaa ta'uu isaa agarsiisa. (Isuma)

### 4.3.3. Alangaan / Alangee

Alangaan meeshaalee ulfoo hawaasni Oromoo Sadeen Sooddoo sirna raawwii adda addaa keessatti dhimma itta bahuudha. Meeshaa akka safuutti waltajjii jilaa kamirrattuu maanguddoon qabatee deemuudha. Guyyaa ayyaana Hulluuqqootis namni alangaa manaa qabu dhiisee gara iddoo hulluuqqootti hindhufu. Akka odeeffannooo kennitoonni (af-gaaffii, Obbo Nugusee Ashamii) ibsanitti, Alangaan meeshaa hoodaafi safuuti. Alangaa abbaa alangaatu qabatee seera labsa. Alangaan tumaa heeraafi seera tumamu biraa hindhabamtu. Sababni isaas dhugeeffannoo s hanan gadaa Oromoo bu'uura godhata. Kana malees, alangaan eebbaafis ta'ee abaarsaaf nibaha.
Kanumarraa ka'uu akka aadaa Oromootti ayyaantuufi Abbaa Gadaatu qabata. Abbaan Gadaa labsii yoo labsu, ayyaantuun ammo alangaa qabatee seera uumaafi duudhaa hawaasa sanii labsa. Kana jechuun barri bara akkamii akka ta'e, Gadaan gadaa quufaafi gabbinaa akka ta'e fiixee alangee dhiiga korma qalameen cuuphee labsa.

Qophiifi sirni itti fayyadama hiikaafi mallattoo adda addaa qaba. Kunis hariiroo gochi kun itti raawwatamuufi qophii meeshichi irraa dalagame waliin wal qabata. Kana malees, yeroo abaarsaafi kakuufi fakkoommii gochaan wal qabatu qaba. Kun immoo alangaa waan waxalee

adabu waan ta’eef, meeshaa adabaatti fakkooma.Dabalataan murtii, labsiifi tumaan yeroo abbaan alangaa baha biiftuu ilaalee mirkaneessuun qarri biiftuu kunragaadha akka waan jedhuutti fakkoommii qaba. Yemmuu kakuu ammo, fiixee alangaa dachaasanii kakatu.Fiixeen alangaa dacha’e kunammo, dhugaa dabetti mirkaneeffama. Kanaafuu Alangaan sirna Oromoon bulfatu keessatti kabajaafi ulfina guddaa waan qabuuf yeroo jilaa sanatti abbaan qe’ee sunqabatee argama jechuudha. Kanaaf sirna Hulluuqqoo keessattis meeshaalee aadaa dhiyaatan keessaa isa tokkodha.

### 4.3.4. Caaccuun

Akka Af-gaaffii (Obbo Tashoomaa Baqqlaa) jedhanitti, Caaccuun faaya kabajaa dubartii Oromooti. Caaccuun gogaa goromsaa irraa elelleen sagal sagaliin toora galee tolfama. Caaccuun eebbaaf malee, abaarsaaf hinbahu. Dubartoonni seenqeefi caaccuu qabatanii, araaraa, nagaa buusuufi roobaafi hormaata nuuf kenni jedhani waaqa kadhatu. Kanaafuu caaccuun mallattoo araaraati jedhama. Dubartiin caaccuu kan godhattu yeroo dhibaayyuufi waltajjiin jilaa kan akka ateetee, sirna hulluuqqoon booda buna qalaarrattifikkf irratti godhata malee dubartoota hundaafi yeroo hunda miti. Caaccuun kun bakka hulluuqqootti yoo dhiyaachuu baatellee guyyaa sana dubartoonni sababuma ayyaanichaatiin wal qabatee sirni dhibaayyuu waan jiruuf meeshaa kana qabatanii bakka dhibaayyuu sanatti argamu.

Kanaafuu, caaccuun ardaa jiloota adda addaaf erga bahee, waaqaa ittiin kadhachuun akka meeshaa ulfoo ayyaanaatti ilaalama. Caaccuun seerota Oromoo Sadeen Sooddoo Aanaa Tolee keessatti, tajaajila guddaa qabu. Kanneen keessaa, kan akka seera guddifachaa, sirna araarafi sirna fuudhaafi heerumaa keessa meeshaaleen hoodaa kun ulfina addaa qaba.

**Sirna guddifachaa:** Akkuma Kallacha dhiirri qabatee sirna guddifachaarratti argamu, dubartiin immoo Caaccuu qabachuun hormaataafi hawwii qaban agarsiisaa argamu. Dabalataan, caaccuun ulfina dubartootaafi hormaata dubartootaatti fakkeeffama. Haaluma kanaan, dubartii dhala hinargatinis caaccuun faayyamtee ilmoo nama biraa guddifachuuf kadhatti. Sirna kanarratti duba rtiin dhala guddifachuuf deemtu baattee kanhaadha ilmoo irraa guddifattu kadhattuudha.

Yeroo kana, dubartiin guddifattu kunyemmuu kadhattu akkas jettee kadhatti. “Waaqni dhala caac cessee siif haa kennu, margaafi mirga qe’ee keetti haa biqilchu! Dhala waaqni siif keenne naaf kenni” jettee kadhatti. Dhumarratti dubartii guddifattu sun gudeeda dubartiin irraa guddifattuu

alshan caaccuu irra keessee, waaqni shanan Gadaa Oromoo sihaa caaccessu! Jechuun jilli sirna guddifachaaf irratti argame eebbisa. Kanaafuu caaccuun sirna guddifachaa keessattis iddoo guddaa qaba jechuudha. Kanumarraa ka'uun meeshaa yeroo hulluuqqootti bakka jila dubartiin itti walgeessetti dhiyaata.

**Sirna Araaraa Buusuu Keessatti:** Caaccuun meeshaa kabaja guddaa ummata oromoo biratti qabuudha waan ta'eef waltajjii jilaa ulfooa dhiyaatu kamirrattuu niargama. Bakka walitti bu'iinsi jirutti caaccuun rakkoo akkisii hiikuurratti iddoo guddaa qaba. Ayyaantuun bakka walitti bu'iinsi sodaatamaan jirutti kallachaafi caaccuu qabatanii waltajjiitti dhiyaatanii ittiin kadhatu. Caaccuun meeshaa hoodia kandubartoota waliin hariiroo cimaa qabuudha.Kanaaf waltajjii araara Waaqaafi lafaarrattis nidhiyaata.

### 4.3.5. Siinqee

Akka af-gaaffii (Aadde Zannabuu Mul'isaa) jedhanitti, meeshaalee yeroo sirni hulluuqqoo raawwatu dhiyaatu keessaa tokko siiqqeedha. Dubartiin siinqee qabatte hawaasa keessatti iddoo guddaa qabdi. Yemmuu daandii deeman dubartii siinqee qabattee deemtutti yoo dhufan hinqaxxaamuran. Gurmuun dubartootaa, oduu waraanaa kana darbaa walii dabarsanii, siinqee qabatanii battalatti walga'u. Weedduu isaanitiin siinqee weeddisaa gara lafa jilaatti yeroo deeman, Waaqa siinqeedhaaf aangoo kana kenne faarsu.

Iddoo jilaa sanatti yemmuu dhiyaatan immoo weedduu isaanii weeddisaa qajeelu. Kanaaf yeroo hulluuqqoon adeemsifamu dubartoonni siinqee ofii gatanii iddoo jilaatti hinbahani. Meeshaa ulfoo dubartii waliin hariiroo cimaa qabdu keessa tokko siiqqeedha. Ergaa nageenyaa, hormaataa, badhaadhinaafi jiidhinaa qaba waan ta'eefi. Innis Sirna guyyaa hulluuqqoo sanaan wal qabatee dhibaayyuufi sirna muudaa dubartoonni raawwatan irratti xiyyeeffatee dhiyaata.

## 4.4. Faayidaa Sirni Hulluuqqoo Jiruufi Jireenya Ummata Keessatti

Ayyaanonni Oromoon kabaju martuu faayidaa garaa garaaf haala garaa garaa keessatti raawwatamaafi kabajamaa jira. Faayidaan Hulluuqqoo inni guddaan nagaafi nageenya tiksuu, uumaa galateeffachuu, umaama diqisiifachuu, kunuunsa naannoofi qabeenya uumamaatiif akkasumas jiruufi jireenya hawaasichaa karaa aadaafi duudhaa isaa eeggateen itti fufsiisuuf raawwilee akka jilaatti raawwatamaniidha. Hulluuqqoon Sirna kabaja galata waaqaaf taasifamuudha. Uumaan waan hundaa namaaf kenne; kanaaf namnis fakkeenyummaa waaqaa

hordofee uumaaf waan akka galataatti raawwatu keessaa ayyaanota akka hulluuqqoo, dhibaayyuu, ateetee, gaafata, taajoofi kanneen biroo dhangaa garaa garaa qopheessuun ayyaaneffata. Kanaafuu Hulluuqqoon kabajaafi jaalala uumaaf ilmi namaa qabu mul'isuuf kan raawwatamuudha. Afgaaffii obbo Mul'ata Jawaaroo waliin (12/4/2016)

Sirnoonni hawaasa keessatti kabajaman hundinuu karaa garaa garaatiin ummata sana fayyaduu d anda'u. Innis, karaa aadaa, amantii, karaa siyaasa diinagdee, karaa duudhaa, karaa hawaasummaa fi wkf.hawaasicha kan fayyaduudha. Sirni kabaja ayyaana Hulluuqqoo ummata naannoo sanaa k eessatti faayidaalee hedduu qaba. Isaanis: Waliin jireenya hawaasa kanaa cimsuufi jabeessee dha lootaaf dabarsuu keessatti qooda olaanaa qaba. Namoonni ayyaana Hulluuqqoo kanarratti hirmaachuu danda'an kan waldhabbii waliin hinqabne ta'uu qabu.Yoo waldhabdeen jiraatellee guyyaa lafaa jechuun osoo ayyaanni kun hingahin yeroo guyyaan 10 hanga 14 hafutti maangudd oo quba qabsiisu ykn niyaadachiisu. Sana booda maanguddoon filamee namoota waldhan sana ar aarsuun erga harka wal fuusisanii booda dubbiin isaanii xumuramuu nilabsu yookiin nibeeksisu.
**Afgaaffii obbo Gachanaa Hayiluu (12/04/2016)**

Kana gochuu baannan Hulluuqqoo waliin hulluuquun gonkumaa hinn danda'amu. Sababni isaas guyyaa sananamoonni ayyanicharratti argaman hunduu guyyaa araaraa, guyyaa milkii, guyyaa ga lateeffannaafi guyyaa dhibaayyuu garaa tokkoon gosni wal ta'uun itti walii galaniidha. Nammoo nni araaramuu ykn araaramuu didan waltajjii Ayyaana Hulluuqqoo kanarratti hirmaachuufi walii n dhibaafachuu hindanda'ani. Kunis faayidaa ayyaanni Hulluuqqoo yeroo kabajamutti waldhabd een ittiin furamuufi waliin jireenya hawaasummaa milkeessuu keessaatti qabu isa hangafaati. Ka na malees, sirni aadaafi duudhaa dhaloota kaleessa keessa ture; dhaloota ammaa biraan geessisuu keessatti qooda guddaa qaba. Kunis fakkeenyaaf, yemmuu abbootiin dhibaafatan ijoolleen waan maatiin isaanii raawwatan, maaliif akka raawwatan gaafachuufi ilaaluun maatii isaanii irraa dhaalu.

Haala kanna, sirni Hulluuqqoo kunjaarraa dheeraa kandhalootatti ce'u ta'uu agarsiisa. Kana irraa waanti nutti hubannu, sirni kabaja ayyaana Hulluuqqoo hawaasa keessatti, hormaanni sa'aa namaa, araarri, nageenyi, walitti dhufeenyiifi jaalalli hawaasummaa cimaan akka uumamu taasis uu keessatti gahee guddaa qabaachuu isaati. Hawaasni kuni sirna kana keessatti jala bultii sirnichaa irraa kaasee hanga gaafa guyyaa hulluuqqtti wanta waliin raawwatu heddutu jira. Kanaaf faayidaan Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo kunuunsa looniif, Hormaata sa'aa namaa

qajeelchuuf, waliin jireenya hawaasumma cimsuufi.wkf. Keessatti gahee guddaa qabaachuu isaa hubatee hawaasni kun kanayyaaneffatu.

### 4.4.1. Kunuunsa looniif

Ayyaanni Hulluuqqoo kankabajamuuf irra jireessi isaa looniif jedhama. Kan raawwatamuuf akka loon horaniif, nageenya isaanii eeguuf, dhibeen garaa garaa akka itti hin dhufneef, akkasumas yeroo wanti gaariin jiraatees haaluma kanaan itti nuuf fufi jechuun kanayyaaneffatani. Oromoon jiruufi jireenyi isaa kanirratti hundaa'u loon waan ta'eef yoo loon haala gaariin yookiin haala darbaa dabarsaa dhaliinni irra dhufe kanaan hin kabajamne waan yaaddessaafi gaarii hin taanetu karra yookiin loon sanatti dhufa jedhamee waan amanamuuf raawwatama.

Loon yoo hin kunuunsiin yookiin hin hulluuqsisin hormaanniifi badhaadhinni loonii hin dhufu; kanaaf waggaatti al tokko ayyaanicha kana kabajuun dabarsu jechuudha. Erga raawwiin jilichaa xumurameen booda loon waaree bobbaasaa jedhama. Lafa kaloo ganna guutuu osoo itti hin bobbaasiin turetti yaasuun tikfamanii quufanii gara mooraatti deebi'uun sagantaan korma muuduu raawwata.Innis kormi muudamu kunis jibicha gahe kanhin qotinidha. Kana booda kormi muudame kunkallattii barbaadetti deemee dheedee, bookkisee, sa'aatii barbaadetti gala jechuudha.

Walumaa galatti adeemsi waaree bobbaasaa irraa kaasee raawwileen garaa garaa haala kanaan sababa looniif taasifamu kun kanagarsiisu kunuunsa Oromoon ayyaana kana waliin karra yookiin loon isaaf qabuudha. Oromoon Sooddoos raawwilee Ayyaana Huluuqqoo kabaju keessatti iddoon inni looniif yookiin karra isaaf qabu guddaa ta'uu agarsiisa.

### 4.4.2. Hormaanni sa'aa namaa akka qajeeluuf

Sirni kabaja ayyaana Hulluuqqoo kanwaktii birraatti raawwatu hormaataaf jedhamee yaadama. N ageenya sa'aa namaa, nageenya firaafi aantee, nageenya waaqaa lafaa biratti, badhaadhina milkeessuuf uummfi uumama qajeelfatu. Maatiifi bultii ofiihamaan akka hinxuqneef Hulluuqqoo n gahee guddaa qaba. Ayyaanni hamaafi ijji hamaan raawwilee qophaa'erra bu'a. Kunis maatii waatiin osoo hamaa irra hin gahin, osoo hin harca'in gara fuulduraatti nu hulluuqsisi jechuun kadhatu. Kanaaf Hulluuqqoo hulluuqnaan waan hamaa garaa garaa irraa isaan eegee akka waliin jireenya keessatti diinagdee isaanii cimsuuf waan akka dhibaayyuutti tolfataniidha.

### 4.4.3. Araaraaf /Waldhabdee hiikuuf

Faayidaa sirna Hulluuqqoo keessaa tokko nagaafi tasgabbiin wajjin jiraachuudha. Sirna kana keessatti hulluuqqoon adeemsifamu namni kamuu yoo waldhabdee qabaatellee dursa furatan malee gara sagantaa hulluuqqootti dhufuun hin jiru. Innis tokkummaa hawaasa kanaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Namoonni naannoo sanatti waliin jiraatan yoo waldhaba / walitti bu’iinsa qabaatan osoo sirni Hulluuqqoo hingahin karaa maanguddoo araarri dhuma. Kunis hangafni qe’ee Sanaa yeroo ayyaanni dhiyaatu, namoota toora kana keessaa waldhabdee qaban yoo jiraatan, iyyaaffachuun maanguddoota naannoo sanatti fudhatamummaa qaban ykn nama araarsuu keessatti hirmaannaa qaban walitti waamee iddoo tokkotti fidee araarsa. Sana ta’uu bannaan garuu, namoonni sun hulluuqqoo sana waliin hulluuquu hin danda’an. Sababni isaas akka aadaa naannoo kanatti namni osoo walhindubbisiin dhaabaa waliin hulluuquun hindanda’an waan ta’eefi.

Kanaaf yoo araaramuu baatanillee bakka adda addaatti ykn abdaarii adda addaatti gubu malee osoo waloodanii waliin hinguban. Kuni immoo faayidaa sirni kabaja ayyaana hulluuqqoo kungama hawaasummaan qabu agarsiisa. Kana malees sirni aadaafi duudhaa hawaasaa dhaloota kaleessa keessa ture, dhaloota ammaa biraan geessisuu irratti gahee olaanaa qaba. Kunis fakkeenyaaf yemmuu abbootiin dhibaafatan ijoolleen waan maatiin isaanii godhan daawwachuun, maaliif akka raawwatan gaafachuun maatii isaaniirra dhaalu. Kun immoo sirni kabaja ayyaana kunjaarraa dheeraa kandhaloota irraa dhalootatti ce’uu agarsiisa. Afgaaffii Obbo Zannabaa Gonfaa (18/01/2016)

### 4.4.4. Hariiroo Waliin jireenyaa cimsuu

Hawaasni Oromoo sirna akka jilaatti raawwatu kana keessatti waliin jireenya cimsuun beekama. Osoo gara bakka jilaa hin gahin ykn lafjalee isaatti yoo waldhabdeen jiraate isa furatu/ faatii malee gara jilichaatti hin qajeelu. Kana irraa waanti nutti hubannu, sirni kabaja ayyaana hulluuqqoo hawaasa keessatti walitti dhufeenyi cimaan akka uumamu taasisa. Hawaasni kuni sirna kana keessatti jala bultii sirnichaa irraa kaasee hanga guyyaa hulluuqqootti wanti waliin raawwatamu heddutu jira. Innis sirna dhibaayyuu dhibaafachuu, waan akka dhangalaasii kun hundi kanwaliin gamtaan hojjetaniidha. Kunimmoo hawaasummaa cimsuun namoonni toora

tokko jiraatan kabajaafi jaalalaan waliin jiraachuu keessatti hulluuqqoon gahee guddaa qabaachuu isaa mul’isa. Akka obbo Shugguxii Fayyisaa (12/4/2026)

## 4.5. Haala yeroo ammaa sirni Hulluuqqoo irra jiru.

Sirna hulluuqqoo qofa mitii kanneen abbootiifi akaakayyuun keenya raawwataa argaa dhagahaa dhufne hunduu yeroo ammaatti haala yaaddessaa keessa jira. Kanas kanfide dhiibbaa karaalee garaa garaan duudhaafi aadaa hawaasichaa irra tureefi ammallee cimee itti jiruudha. Dhiibbaan kunis irra caalatti akka amantii adda dureen aadaa hawaasichaatti duula gaggeessaa ture hinjiru. Sirni Hulluuqqoos haala amma mul’ataa jiru kanaan dhiibbaa guddaan isa balleessuuf itti duulaa jiru isuma kanadha.

A.Amantii: Akka walii galaatti gaheen amantiilee alarraa dhufaniin dhimmoota aadaa hawaasichaa kanarra dhaqqabaa jiruufi dhaqqabee jiru daran guddaadha. Keessattuu yeroo dhiyoo kana keessatti sababoota babal’ina amantii pirootestaantiin wal qabatee duudhaaleen hawwsni duraan itti bulaa turan ilaalcha “kun waan gabbara seexanaa ofkeessaa qabuudha” jechuun karaa sirriin karaa amantii kanaa qofa jechuun harkaa gatuuf hedduu yaalanii jiru.Kana qofa osoo hin taane waan duudhaa hawaasichaa jibbisiisu waan garaa garaa itti fiduun dhaloota booda kanaa muraasafi warruma dura abbaa isaa irraa dhaalee itti bulaafi aadaa isaa calaqqisiisaa ture harkaa buusuun ammatti iddoo tokko tokkotti kan adda citeeedha. Akka hawaasa Oromoo Sooddoo toora Shawaa Kibba Lixaattis dhiibbaan gama amantiilee raawwilee ayyaana hulluuqqoo irratti qabu hedduudha.

Yeruma dhiyoo as sirni hulluuqqoo kabajamaa ture sababuma amantii kiristaanaa kan akka pheenxeefi ortodoksii bifa wal dorgommii wayii fakkaatuun sirna kana balleessuuf waan garaa garaa hojjataa jiru. Isaan kaan kara ‘church’ kanattu yaamuun waan akkanaa dhaabi; kuni hojii seexanaati malee Waaqayyo kan hinfedhu; hin jaallatu jechuun itti lallabaa oolu.Inni gaafa achii galu meeshaalee aadaa hawwasichi kabajaafi ulfina kennuuf gadi guuree gatuufi gubuutti ka’a. Isaan kaan immoo, karaa amantii ortodoksiitiin namoonni dhuunfaa jibba aadaa hawaasichaa kanarraa qaban ‘xabala’/’tsabala’ waan jedhamutti yaamuun erga bishaanicha itti qican booda kanammoo fudhuu galiitii qe’ee keetti facaasi achii booda wanti ati ke’eetti dalagdu sun marti isaa nibada; ati karaa duraa dhiisii karaa kanatti koottuu wareega kee galfadhu jedhuuni. Kana booda inni/isheen achii galtee waan kaleessa warra isaa/ isheerra dhaale/ dhaalte sana balleessuu,

raawwachuu dhiisuu, dhugeeffachuullee nidhaabu jechuudha. Haala kana fakkaatuun amantiileen kunneen sirnoota Oromoo Sooddoo hedduu isaanii balleessuufi akka gatamuufillee karaa banaa ture jechuudha (Aadde Jiituu Baqqalaa 14/4/206)

## 4.6. Ayyaanota Ormoo Duraafi duuba Sirna Hulluuqqootti Raawwataman

Hulluuqqoonis waan haala kana fakkaatuun kabajamu jila akka gosa Oromoo Sooddootti yeroo garaa garaa raawwatuudha.Yeroon raawwii jilaa kuntokko waggaatti al tokko ji’a Fulbaanaa keessa qe’ee warra angafaatti wal gahuun sirna garaa garaan dabaalamee kabajama.Inni biroo immoo, Hulluuqqoon raawwatamu yeroo fuudhaafi heerumaati. Yeroo fuudhaafi heerumaatti immoo warra intalaafi warra gurbaatu korma gama lachiiyyuu fiduun wal jala dabarsanii walii kennu.Kun kan agarssisu jarri wal fuudhan walitti makamu, walii ta’uu, walitti firoomuu jaraa cimsuuf jedhamee isa hojjatame. Kan biraas karaan Hulluuqqoon kabajamu keessaa Sirna Gadaa keessatti adeemsa baallii wal harkaa fuudhuu keessatti hulluuqqoon niadeemsifama. Afgaaffii Obbo Tasfaayee Danboobaafi Obbo Mulugeetaa Biqilaa waliin (21/01/2016)

Akka yaada jarreen armaan olii kanatti, sirnoonni akka jilaatti Oromoon ummataa addunyaa kanaaf gumaache guddaadha. Sirnoota gurguddoofi qaroomina daangaa hinqabne addunyaa kanaaf gumaacheera. Amantii Oromoo Waaqeffannaa keessatti, Waaqni namoota waliin kanwal quunnamu karaa ayyaanaati. Akka amantichaattis Waaqni ayyaanota kana Laggeen, Tulluuwwanii fi mukkeen gurguddoo keessa bulfateera. Bakkeewwan ayyaanonni jiraataan lafa ayyaantummaa qabanii. Bakkeewwan ayyaantummaa qabaan kunneen bakkatti namoonni amantii itti gaggeeffatan, wareeggataniifi Waaqa itti kadhataniidha.

Oromoon ayyaanota garaa garaa waggaatti nikabajata. Ayyaanonni kuniinis: kan Waaqaa wajjiin hidhata uumsisaniifi ayyaantummaa golee walaabuutiif gabbisaniidha. Ayyaana dhuunfaa irraa jalqabee hanga ayyaana walootti kabajuun ayyaana gabbifatamuudha. Ayyaanoonni lameen ayyaanota uumama maraa kan ofjalatti hammataniidha. Uumamoonni hunduu ayyaana kana keessaan kanayyaana dhuunfaa isaanii gabbifatu. Ayyaanonni lamaan kuniis, ayyaana galatoofi ayyaana Wareeggannaati.

**Ayyaana galatoo:** Ayyaanni galatoo falaasamaafi ilaalcha Oromoon addunyaa kana keessatti ittiin humna waaqaa ibsu; jireenya lafa kanaa raajuu; dhoksaa yookaan iccitii jiruufi jireenya labataaf dabarsee ibsuudha. Qacceen ilmoo namaa dachee golee walaabuu irratti faca’ee yeroo

tokko du’u, tokko immoo margee mul’atu dhoksaan humna waaqaa kun adeemsa galateeffannaatiin ibsama.Iccitiin kun diinagdee isaa keessattillee ga’ee ol’aanaa qaba. Kanuma ibsuuf jecha”Yaa Waaqa, baala midhaan taasiftu; dhiiga mucaa taasiftu; hooquba!” jedhee ganama barraaqaan ka’ee, galgala gala sooressaa waaqa isaa galateeffata. Afgaaffii Guutaa Araddaa (23/04/2016)

Oromoon waan hojjatee, waan imalee milkiidhaan galeef, waan kadhatee waaqarraa argateef, waan dhukkubsatee fayyaatti aaneef, waan maseenee ilmoo argateef, waan horee badhaadheef, Okoleen waan qajeelteef, Gadiin waan tolteef, Tiksee uleen waan danboobdeef, fardi kooraa jala waan buleef, qotiyyoon waanjoo jala waan buleef, hamaa hamtuu dhufu mara waan ooleef Oromoon galata uumaaf galcha. Sirni galata galchuu kuniis sirnaafi jifuu mataa isaa kanqabuudha. Sirnoota kanaas waqtiifi jifuu barbaachisuun waaqaaf galata kanitti galchuu jiloota hedduu qaba; jedhu.

Akka yaada namoota kanaatti, Oromoon waan hojjatuu tokko waaqa isaatti osoo imaanaa hin kennatiin hin jalqabu. Waaqa itti kadhataa, durseeti isaatti imaanaa kennata. Hojiin kamiyyuu milkaa’ina waaqaan akka ta’uu hawwii isaa eebbaan, kadhaa waaqaan ibsa. Waan argatemmoo, waaqaaf galata godha. Mata deebii waaqaa lafaaf deebisa. Waan hojjatee argaterraa mataa deebisa. Kana jechuun waaqaaf osoo hin taane mijuu dhaabbatee, daddarbaa qopheeffatee kabajata. Mijuu qophaa’ee lafa dhibayyuutti dhibaafata. Dhangaa qophaa’erraa mataa fuudhee daddarbata. Wantoota dhibaafate yookaan daddarbatame kana Waaqatuu nyaata osoo hin taane tussee lafarra yaatu, bineensota nyaataa barbaaddataan kanneen akka hantuutaa, tuqaa, saree fi bineensota biroo, shimbirroo fi allaattoota birootu soorata. Dhabaa sooruu immoo waaqatuu jaalata. Warra waan nyaatan dhabaan kana sooruun galata. Jireenya Qonnaa keessatti abdii waaqaatiin Qonnaan bulaan sanyii midhaan isaa qooxii irraa fuudhee dacheetti facaasa. Waaqni roobaan lafa jiisee sanyiin biqilee baala ta’a. Baala kanatu yeroo waaqni kaa’e keessatti ija ykn firii baasee makaramee soorata namaafi horiif ta’a.

Yeroon kunitti ta’u wayita gannaa, dhoqqeen lafa kutee, lagni guutee, Coreen wal cortee malkaa ce’umsaa cuftee, hurriin lafa uwwisee, lafti dukkanaa’eetti dha. Waqtii isaa eeggatee dukkanni ifa aduu bakka bu’aa deemu, daandiin dhoqqaa’ee deemsa dhorkate xuuxxatee deemsaaf mijatu, sanyiin faca’ee biqilee baala ture hudhee daraaree, dachee bareechee ijatti (firiitti) deebi’u, asheetiin itti nyaatamuudha. Birraan yeroo galateeffannaati. Oromoon “Baga booqa Birraa

geessan” jedha. Birraan, Waqtii dukkanni gannaa darbee habaaboon dachee guutuudha. Marii garee namoota afur (4) waliin 15/01/2016 sa’aatii walakkaaf (30’) taasifame.

Akka yaada kanaatti ayyaanonnii galatoo akka walii galaatti seensa baatii haagayyaa irraa jalqabanii kanuumaan itti galateeffamuu eegaluudha. Ayyaana galatoos. haata’uu, ayyaanni Wareeggannaa kan gabbataan ayyaana lamaan namaafi ayyaana waaqaa lafaatiiniidha. Ayyaana jajjaboofi ayyaantummaa gabbatoo qaban kanneenis: ayyaana ingiccaa, qunniibuqqisaa/ qaammee/ daddarbaa/ ayyaana shamarranii, ayyaana taaboree/ dhukee/ ayyaana ijoollee dhiiraa, ayyaana ifaanoo/ ibsaa/ gubaa, ayyaana gannii loonii / waaree bobbaasaa, ayyaana hulluuqqoo, ayyaana irreessaa,ayyaana boorantichaa, ayyaana ateeteefi kan biroollee nijiru. Ayyaanonni kunniin yeroo isaaniitti wal duraa duuban kaayyoofi akeeka barbaadameef kan ayyaaneffatamuudha

### 4.6.1. Ayyaana Taaboree /Ukee

Ayyaanni kunayyaana ijoollee dhiiraa kan ganni isaanii waggaa 16 gadii ta’aniin waggaatti altokko kan kabajamuudha. Guyyaa ayyaana kanaa mijuufi dhangaa qophaa’eef erga sooratanii eebbifatanii booda dirreetti waliin bahuun qaccee dhukaasu ykn wallaansoo taphatu. Ayyaanni Taaboree torbee lammeessoo ji’a Haagayyaa irraa jalqabee hanga haagayyaa 30tti kan ijoollee dhiiraa Gadaa lamaatiin kabajamuudha.

Kana jechuun Gaammee xixiqqaafi Gaammee gurguddaa fixanii sadarkaa Foollumatti darbuuf ijoollee gahaniin taphatama. Kan jechuun ilmi tokko Gadaa lama jechuun (Guyyaa dhaloota isaa waggaa 0-8 fi bara Gadaa lammaffaa umurii waggaa 8-16) xumuree yeroo Foolluma seenu jechuudha.Sadarkaa kanatti ilmi Ganna 16 fixee foolluma waan seenuuf akka seera Gadaatti qorameet gara foolleetti seena. Qormaata ciccimoo har’a addunyaan seera mana waraanaa godhattee ittiin bulaa jirtu kana Oromoon dur gaafa dachee kanarratti uumamee Gadaa tolfatee jalqabee ittiin wal bulchaa, ittiin bulaa ture. Ammaas haa sheelaatuu, haa jallatuu malee golee oromiyaa muraasatti (Oromoo Sooddoo) biratti sirnoonni kunniin nijiru.

Kanaaf ilmaan sadarkaa Gadaa Gaammee fixatanii gara Foollee cehaniif leenjii gurguddoo kennaaf. Leenjii lafarraa isa har’a addunyaa riphee lolaa jettuun, leenjii qilleensarraa isa paatrool shuutii (patrol shut) jettuun sadarkaa foollumaatti ilmaan isaatiif kenna. Sirnaan leenjisee akka

roorroo dhufu ittisanitti ilmaan isaa guddisa.Irreen dargaggeewwaan kanneenii jabaafi eeboo fageessee akka darbatuuf sirnaan leenjisu. (Afgaaffii 14/1/2016 obbo Guutaa Araddaa)

Egaan ilma waggaa kudha jaha guutee tokko yeroo jalqabaatiif tapha booreeti taphachiisa. Jechi Taaboree jedhuus kanarraa kandhufeedha. Tapha booree jechuun tapha Booreef yookaan immoo xiiqiidhaaf taphattuu jechuudha. Tapha sadarkaa ijoollummaa gadi itti dhiistee dargaggumma ittiin ceetuudha. Kanaaf onnee guutuu fi xiiqii guutuun taphatama. Laafaa yoo taatee kufteeti hiriyaa kee biraa haftee Booreen sirratti hafti. Abbaan Gadaa sadarkaa ijoollummaatii gara dargaggummaatti yookaan Gaammeedhaa gara foollumaatti ceesisuudhaaf warra umuriitokkorra jiran walitti sassabuudhaan godoo ijaarsisa. Godoo xiqqoo mukkeen akka ejersaa, Birbirsaa, waddeessaafi Luugootiin sirritti xaxuudhaan hojjachiisa. Erga manni kunjabeeffamee sirritti itti kabamee hojjatameen booda ijoolleen sadarkaa Gaammeerraa gara Foolleetti cehaan dabaree dabareedhaan keessaan mana kana uranii hulluuqanii akka bahaniif qopheessu.

Bakka abbaafi haati ijoollee kanneenii jiranitti, bakka Manguddoo fi hayyuun biyyaa jiranitti mana kana keessaan baasu.Ilmi Foollumaatti seenuuf deemu fiigee dhaqeeti mana kana uree duubaan baha. Ijoolleen xixiqqoon gaammee gurguddoo keessa jiran garuu ulee qabataniiti akka inni isaan gatee mana kana uree keessaan hin baane eegu. Foolleen mana kana uree bahuus ulee qopheeffateeti Gaammeewwaan dagsiiseeti utaalee mana kana uree duubaan baha. Ulee isa rukutuuf gaammeen itti buufatuu danda’eeti, Gaachanaan qolachaatii keessa baha. Leenjii wantee qabachuufi loladhufu qolachuu as keessatti shaakala. Hiriyoonni isaas gaachanaan irraa qolu.

Yoo mana kana uree keessa bahuu baate umuriidhanillee Foolluma seenu akka foollee guutuu sana hinGadoomu. Qormaata itti aanutti hin darbu, nikufa. Gaammee isa duuba jiraan waliin baraitti aanu irree fi onnee jabeeffatee mana Booree keessa tapha Booreetiin baha. Hiikaan tapha Boorees, Xiiqii yookaan Gadoo qabattee baraitti aanuu taphatta. Namni tapha Booree injifatee darbee leenjii foollumaati seena. Kuniis darbannaa eebooti shaakala, qabannaa Gaachanaati shaakala, yaabbii fardaati shaakala. Isa kanaaf garuu dursa mana sanuree keessaan bahun irree isaa fi gahuumsa isaa agarsiisuu qaba.

Foolluma erga seeneen booda gugsii fardaati baha. Fardarra taa’eeti eeboo darbatee osoo fardarraa hin bu’iin fardarra ciisee eeboo lafaa kaafata. Kuniis gaafa diinni itti dhufe yookaan roorroo daangaa dabartee ittisuuf deemu eeboo tokko qofaa qabatee deema. Diinni garuu nama

shanii hanga shantamaa ta'uu malu. Kanaaf diina hunda isaa eeboo tokkoon lolateeti gala. Isa kanaaf immoo gaafa gara foollumaa dhufu eeboo darbatee diinaan waraane lafaa kaasee deebisee diina itti aanu akkamiin akka waraanuu danda'u shaakala.Tapha kana keessatti eeboo fudhachuudhaaf yoo kooraa qabatee kufe hin ta'u.

Inni biraa qabannaa Gaachanaaf Shimalaati. Kuniis Gaammee erga xumuree foolluma seenee irreen dargaggeessa kanaa jabaa ta'ee qabannaa uleetiin madaalu. Ulee qolatee ofirraa deebisuu nidanda'a jedhaniiti taa'anii ilaalu. Taphni kun lafa raasaattii fi laga bakka bishaan sirritti qabuttiidha. Akkamiin akka Gaachanaan faccifachaa uleedhaan diina ofirraa qolu shaakala. Yeroo shaakalaa kanaatti namni madaa'ee, namni buruqe, namni du'e gumaa hin qabu. Garuu miilaa gadi yoo rukutamee cabe gumaa qaba. Seera Gadaatu tume. Isa kanaaf immoo taphni kun yeroo baay'ee garba gurguddaa yookaan laggeen gurguddaa keessatti taphatama. Taphni Booree /Taaboreen guutummaan guutuutti jiraachuu baatuus gosoota muraasa biratti dhiiboo, gugsii jedhameeti taphatama. (Obbo Miidhaksaa Imaanaa 16/12/ 2016)

### 4.6.2. Ayyaana Ifaanoo /Gubaa

Ayyaanota galatoo keessaa inni sadeessoon Ayyaana ifaanoo yoo ta'u. Ayyaanni kunOromoota mara biratti haagayya walakkeessaa jalqabee hanga ji'a Fulbaana walakkaatti ayyaana Ingiccaafi Taaboreetti aanee kabajama. Ayyaanni Ifaanoo/Ammasqalaa /Gubaa ayyaana jabaafi gaarummaa qabuudha. Namni kamiyyuu ganna hamaa kanrooba cimaafi lolaa sanjala bahee booqaa Birraa arguu isaa kanibsaa ayyaana Ifaanoo/Ammasqalaa/ Gubaa ibsee agarsiisuudha. Ayyaanni Ifaanoo/ Ammasqalaa/ Gubaa ayyaana galatoo waan ta'eef Oromoon martuu Ganna nagaadhaan bahuu isaa bakka jiruu hunduu baheetti ibsaa ibseetee agarsiisa. Dursa garuu abbaa qe'ee sanaa yookiin maanguddootu ibsaa san baasa.

Walumaa galatti, ayyaanni Ifaanoo (Gubaa) akkuma ayyaana ilillee baatii Hagayyaa keessa kabajama. Ifaanoon bakka tokko tokkotti (gubaa, masqala, ammas qalaa, ayyaana Ibsaa jedhamee beekama. Ayyanni kunis ayyanaa abdiifi jijjiirraa waqtii ulfaataa, cinqiirraa gara gaaritti gaariitti adeemsa darbuu keessatti taasifamuuti. Ifaanoon (Ammasqalaan) hangafa ayyaanotaati jedhamees beekama. Kanaaf masqala dursee Oromoon kanIrreessaafi dhibaayyuu garaa garaaf gara malkaafi abdaarii kan hindeemne. Faarun (dhiichisni) dargaggoonni "masqala mootii ayyaanaa, masqala maaltu wallaala?" jedhus kanuma dhugoomsuuf kan jedhamuudha. Afgaaffii Obbo Tuujjii Dhaabaa (11/01/2016)

Halkan waarii gadi ba’ee bahee ibsaa ibsee jiraachuu isaa fi maatiin isaa nagaa ta’uu calaqqisiisa ture. Gosti gamanaa gosa gamasii ilaala. Maatiin abaluu nagaadha, firaafi aanteen isaa hunduu nagaadha ibsaa baaseeraa jedhanii gosa gamaa gamanaa ilaalanii ibsaa baasu.Erga ibsaa baasanii gubanii eebbifataniin booda dukkanaan gara manaatti ol hin deebi’ani. Ibsaa ibsachaatii ol deebi’u. Ifaan baanee dukkanaa baanee waan ta’eef dukkanaan ol hin deebinuu hooda jedha. Haala kanaan ayyaanota Ifaanoo duraa duuba isaanii irratti ibsa kannanii jiru.

A. **Ibsaan Maalii**: Ibsaan migira/citaa ji’oottan darbaniif tikseen yeroo loon eegu cabsee/funaanee galuudha. Kunis lafa citaa, kancitaan irraa hin haamamne kanloon dheedaa turaniiti. Citaan kun migira gogee ture yoo ta’uu tikseen qubaan cabsee ibsaa qopheessa. Kunis harkaan caba waan ta’eef guyyaatti hidhaa lama yookaan sadituu caba. Yeroo ifaanoon gahutti jamamaa guutee jamamata.

Jamamaa jechuun ibsaa tikseen loonii cabsee gaaraa manaa/Gidaara manaa jalatti funyoo ciqilee (dhundhuma) sadii dheeratuun hidhuudhaan irratti jamamuu yookaan kuusu.Gaafa ukee (Taaboree) walitti deemanii wal ilaalu waan ta’eef tikseen kamiyyuu jamamaa jamamuu (ibsaa hidhaa) sanakuufachuu qaba. Tiksee jamamaa hin jamamne itti kolfama. Ibsaa hin jamamne, tiksee raatuudha jedhameeti hiriyootaan itti qoosama.

Egaa ibsaa kana gaafa ayyaana ifaanoo maatii manaati kanhiruu tiksee kana. Ibsaa kenneeti Raafuu fudhata gaafas. Raafuun gaafaas tikseef qophaa’uu adda. Sirritti urgeeffameeti qophaa’a. Ganama hiriyoonni isaa dhufaniiti ilaalu waan ta’eef dhangeeffameeti qophaa’aaf. Goleewwaan Oromiyaa muraasatti immoo Ibsaan Sooyyamarraa tolfama. Sooyyamni sirritti malamalamee haala gaariidhaan lakkoofsa maatii mana sanaatiin tolfama. Sooyyamni kun xomborallee bakki itti jedhamuu nijira. Sooyyamnii yookaan Xomborrii kun ayyaanni Ibsaa baasuu osoo hin gahiin dursee akka gaariitti jamamee qophaa’a tikseedhaan.

B. **Mijjiriin Maalii**: Guyyaa gaafa Taaboree/ukeerraa eegalee Oromiyaa iddoowwaan tokko tokkotti mukti mijjirii kanmuramuu yoo ta’u, iddoo tokko tokkotti immoo jala bultii irraa eegalee murama. Egaan jala bultii irraa eegalee cariin, qoreewwanii fi baalli gogaan garaagaraa itti guurama. Kunis itti guura jedhama.Muka gidduu dhaabbatu iddoowwaan tokko tokkotti baay’ina maatiirratti hundaa’anii yoo dhaaban, kutaalee Oromiyaa muraasatti immoo muka sadii qofaa dhaabu.

Guyyaa ibsaan bahuu kandursa abiddaa qabsiifatuu abbaa manaati, ilma hangafaa, quxusuu fi ijoollee dubaraati. Erga ibsaa qabsiifataniin booda abbaan eebbisee ibsaa fudhatee baha. Haati manaa immoo balbala baafteeti oldeebiti. Lafa mijjirii erga gahaniin booda" Goroggoor! Goroggoor! Kan barakanaan nu geessee kanbara egereetiin nu gahi" jechuudhaan abbaan manaa itti qabsiisa. Itti aansuudhaan maatiin hunduu itti marsanii qabsiifatu. Oromoon yeroo Birraan bari'u jechuunis yeroo ibsaa birraa gadi baasu waan jedhee waaqa kadhatu qaba. Ammasqala inni jennus isa yeroo ammaa abbootiin keenya ibsaa birraa jedhaniidha. Mallattoon ibsaa kanaas yeroo ganni darbu yookiin birraan bari'uu ta'uu nu agarsiisa. Daawwannaa, (14/01/2016)

C. **Daaraa Tuqachuu:** Daaraa tuqachuu jechuun erga ibsaan bahee mijjiriin gubateen booda manguddoonni achitti argamaan taa'anii waan labooba ibsaa irraa dubbisaan, jigaatii muka mijjirii ilaalaa egeree golee kanaa raagu. Waan argaan hunda kaasanii gaarummaafi yarummaa isaa walitti himu. Achumaayiis fala dhahu. Raaga dhaquu kanbarbaachisu yoo ta'ellee waliif galu. Sanaan booda daaraa mijjirii gubatee bilatu/addaan tuqatu.Hundumtuu irra deemanii miila mirgaan tuqatanii,

"Daaraa mijjiraa nu ofkolchi;

Daaraa bonaa nu ofkolchii;

Labooba abiddaa nuuf qajeelchi;

Hangafaa maandhaa keenya nuuf qajeelchi;

Biyya ayyaantuun bulchi;

Hundaa nuutaasisi;

Hin taatuu nu lagi;"jechuudhaan hangafarraa jalqabamee dabaree dabareen marfatanii eebbifatu. Mijuu qabatanii dhaqaniis nidhibaafatu. Sana booda gara manaatti deebi'anii dhangaa qophaa'ee jaatanii jiru eeggatanii nyaatu. Kunis qabiyyee afoolaa keessa eebbi qooda qabaachuutu mul'ata.

### 4.6.3. Irreessa Daaraa Qabbaneessu

Irreessa daaraa jechuun erga ibsaa baasanii yookaan mijjirii gubaniin booda irreessa irreeffatamu. Bakki Irreessaa kunis lafa mijjiriin itti gubateedha. Ayyaanni kunayyaana galatoo yoo ta'u, waggaa gahanii ija abaaboo arguu, ibsaa saddeetaa gahuu fi Ganna dukkana ofkolanii

Birraatti ibsaan bahanii irreessa daaraatiin galata uumaaf galchuudha. Ayyaana Ifaanoo erga kabajaniin booda maatiin ibsaa baase hunduu walitti bahee barii barraaqa daaraa irratti irreeffata. Sirni kuniis jila daaraa gabbisuu yookaan daaraa qabbaneessuu jedham. Yeroo Irreessa daaraa bahaan akkuma Irreessa malkaafi tulluu yeroo dhaqan Mareeyoo dhaan dhaqanii, gabbisayyoodhaan deebi’anii galu. Bakka mijjiriitti irreessa waliin daddarbaafi dhibaayyuu qabatanii dhaqu. Erga itti Irreeffataniin booda daddarbaa daddarbatanii, dhibaayyuu itti dhibaafatu. Daaraa erga bilataniin booda hangafarraa eegalanii warri uumaan qe’ee Sanaa ilaallattu hunduu nieebbisu. Jabanaa dhaabbatanii abdarii gabbisu dhagaalee garaa garaa dhiyeeffatanii ayyanicha gabbisu (Afgaaffii Obbo Tuujjii Dhaabaa 14/2/2016).

## 4.7. Yoomessa Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo

Ayyaanni Hulluuqqoo waggaatti yeroo garaa garaa kankabajamuudha.Isaan keessaa ayyaana Hulluuqqoo kanWaktii Birraa kabajamu ilaalla.

Ji’a Fulbaanaa keessa naanno qe’ee warra hangafaa kanta’e iddoo duraan itti kabajamaa turetti kankabajamaa tureefi kabajamaa jiruudha. Sababni Waktii kana kabajamuuf Ganni waktii dukkanaati; dukkanarraa gara ifaatti kannuceessifteef galata kan kennuun waktii kana mijataadha. Hawaasni aanaa kanaas akkaataa faayidaa isaa eegeen yoomiifi eessatti akka kabajamu beekee dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureera.

Sirni Hulluuqqoo yoomessa murtaa’aa addatti bahee beekamu kanmataa isaa qaba. Hulluuqqoon yoomessa daanga’aa yeroo, guyyaa, waktiin adda ba’ee jiruufi jireenya keessatti itti tajaajilamu waan ta’eefidha. Kanaafuu, hawaasni Oromoo Sirna bakkaafi yeroon daangessee dhimma itti bahuun aadaa isaa kanwal harkaa fuudhaa jira jechuudha. Abdaariin amma hulluuqqoo itti hulluqaa jiran kun wa dura turnatu asitti dhibaafataa ture nuun jedhani jedhu marii garee gaafa guyyaa 15/1/2016 namoota afur waliin taasiserraa kan argame.



Fakkii - 6 Marii garee waa’ee yoomessa hulluuqqoorratti namoota afur waliin taasifame

**BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO**

Boqonnaan kunqaamolee qorannaa keessatti dhiyaatan cuunfaa, goolaba argannoofi yaboo kanof keessatti qabatu. Isaan kunis adda adda bahanii akkaataa ifa ta'uu danda'utti dhiyaataniiru. Kaayyoon qorannoo kanaa sirni raawwii kabaja ayyaana Hulluuqqoo hawaasa Oromoo Sooddoo aanaa Tolee biratti haala raawwii isaa xiinxaluu irratti kangaggedffameedha.

## 5.1. Cuunfaa/ Gudunfaa

Uummanni Oromoo akkuma ummata addunyaarra jiru kamiyyuu sirna kabaja ayyaanaa/Jilaa adda adaa kanmataasaa qaba. Akkasumas uummanni kunjiruufi jireenyasaa keessatti dhugeeffannoo ittii n aadaa, duudhaa, eenyummaasaa, falaasamaafi raawwiilee raawwatu ittiin ibsatu qaba. Wantoonni aadaafi duudhaa saba sanaa ibsan baay'eedha. Isaan keessaa inni tokko dhugeeffannaa sirna kabajannaa ayyaanaa keessatti argamanidha. Dhugeeffannaan sirna kabaja ayyaana garaa garaa keessatti argaman ammoo bal'aadha. Kanaaf sirna kabajannaa ayyaanaa keessaa, sirna kabaja ayyaana Hulluuqqoo keessatti argaman qorannoo kanaan sakatta'uun xiinxalameera.

Mata dureen qorannoo kanaa Adeemsa Xiinxala Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee gosa Oromoo Sooddoo biratti gaggeeffamedha. Qorannoon kun waliigalatti boqonnaa shan keessatti adeemsa qorannoon saayinsaawaa hordofuu qabu, hordofee kan dhiyaatedha. Ka'umsi qorannoo kanaas hawaasni Aanaa Hulluuqqoon dame duudhaa
hawaasaa/barsiifata/hawaasaa keessaa isa tokkodha. Haata'u malee yeroo yeroo ammaa kana haa la duriin babal'atee kanjiru miti. Kanaafuu dhimma Hulluuqqoo kana irratti qorannoo gaggeessu un maalummaa Hulluuqqoo, faayidaa inni hawaasa keessatti qabu, yoomessa isaa, haala raawwii isaafi hirmaattota isaa xiinxaluufi sakatta'uun barbaachisaadha.Sirni kabaja Hulluuqqoo kun kanaan dura afaaniifi raawwiin dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufeedha.

Kaayyoon gooroo qarannaa kanaa Addemsa
Xiinxala Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo Aanaa Tolee Gosa Oromoo Sooddootti kan xiyyeeffateedha. Kaayyoon kunis kaayyoolee gooree muraasa of jalatti kan qabu akkasumas, Adeemsa Sirna raawwii ayyaanicha, qabiyyeewwan afoolaa sirnicha keessa jiran, ergaa meeshaaleen aadaa sirnicha irratti dhiyaatan qaban, faayidaa sirni kun jiruufi jireenya hawwasichaa keessatti qabuufi haala amma sirni hulluuqqoo irra jiru kan godina shawaa kibba lixaa aanaa Tolee ibsee jira. Wantoota sirna raawwii kabaja ayyaanicha keessatti barbaachisan

ibsuu,Ayyaanni Hulluuqqoo akka ilaalcha hawaasichaatti faayidaa maalii akka qabu, ga'ee ayyaanichi waliin jireenya hawaasaa keessatti qabu , harcaatiifi irraanfannaa adeemsa bu'uura isaa gadhiisaa jiruuf dhalota hubachiisuu, dhaloonni sirna kana akka sagantaa duudhaa tokkootti akka baratuuf haala mijeessee jira.

Qorannaan kun ragaalee funaansa odeeffannoo Daawwannaa, Afgaaffiiffi Marii garee waraabbii sagaleen deeggarameen funaannaman gulantaalee sirna kabaja ayyaanaa (ayyaana dura, guyyaa ayyaanaafi ayyaana booda) qoqqoodamuun boqonnaa afur jalatti xiinxalameera. Adeemsi raawwii sirna kabaja ayyaana Hulluuqqoo keessa darbuun raawwtamu keessaa muraasa isaa odeeffataarraa argachuun xiinxalameera. Haaluma kanaan, dhaabaa muka Hulluuqqoo, Sirna dhibaayyuu, waaree tiksuu, muudaa kormaa, Sirna qalmaa, Sirna gubaafi kkf hundi kan guyyaa ayyaana kanaa raawwatamaniidha. Dhuma irratti sirni irreechaa, firri walgaafachuu baga nagaan baatan jechuu, hundi ammoo ayyaana booda kan raawwatudha.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree Adeemsa Xiinxala Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo kan godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee jedhu irratti gaggeeffamee,argannoowwan hojii qorannoo kanaan argaman, ragaalee xiinxalaman bu'uura godhachuun yoo ta'u, argannoon kunis kanneen itti aanan kana:

- Adeemsa sirna raawwii ayyaana hulluuqqoo keessatti faayidaa afoolli Oromoo qabu kan hubatameedha.
- Sirna kanarratti qaamolee hawaasaa keessaa dubartoonni heeruman maaliif akka hinhirmaanne garuu hirmaachisuu keessatti qooda guddaa akka qabaniidha. Kanaan wal qabatee yaada lamatu jira. Isaanis: Dubartiin iddoo sirni hulluuqqoo raawwatu sanatti kan hinbaaneef lalti isaan deemanii hulluuqan sun araddaa warra hangafaa waan ta'eef tarii dadhabbii qaba waan jedhuuni. Inni biraa immoo dubartoonni garee warra biraarraa waan dhuftuuf dirreen sun kan ilmaan ishii itti dhalataniiti malee isaan hin hirmaachiftu jechuun dubbatu.Qorataanis yaada qoraatee gaafateen walbira qabee yeroo ibsu, yaada isa duraa deeggaruun bakki hulluuqqoo kuni fagaachuu waan maluuf, rakkoolee uumamaan jiran sana waliin imalanii hulluuquuf waan hinmijanneeedha.
- Namoonni sirna kanarratti hirmaatan hunduu qooda mataa mataa isaanii kan qaban ta'uu.

- Ayyaanni Sirna huulluuqqoo Oromoon dur osoo amantiin adda addaa dhufee aadaa isaa dhiibbaa hin goone, waggaatti yeroo garaa garaa keessa kabajachaa kan ture ta'uu;
- Ayyaana kana ayyaaneffachuuf gochoonni adda addaa raawwataman ergaa mataasaanii qabatanii, falaasama hawaasichaa kan mul'isu ta'uu; akkasumas hariiroo hawaasaa kan Cimsu, safuufi aadaa hawaasichaa kan barsiisuufi muuxxannoon dhaloota darbee jiruufi jireenya dhaloota si'anaa barsiisuu irratti gahee olaanaa qabachuusaati.
- Ayyaanni kun dhugeeffannoo bal'aa gama hawaasa diinagdeetiin kan qabu kun akka itti hinfufneef dhiibbaan karaa amantii garagaraatiin ta'aa jiraachuu, kunis ayyaana dur Oromoon ganna gurraachaa bahee gara birraatti ce'uu isaatiif ibsaa ibsatee uumaa isaa ittiin galateeffatu.
- Meeshaaleen aadaa ayyaana hulluuqqoo waliin wal qabatanii jiran hundi isaanii dhugeeffannoo garaa garaaf ooluu isaaniifi faayidaa isaan surnicha waliin walqabatanii kennaniidha.
- Yeroo ammaa guyyaan ayyaana kanaa sababa amantiilee akka kiristaanaa keessa protestaanttiifi ortodoksiitiin sirni kun hirmaattota xiqqeessaa jiraachuusaa.
- Dhugeeffannoowwan sirna ayyaana hulluuqqoo kanaa bifa hedduu keessatti mul'ataniifi karaa garaa garaan hawaasni dhimma kan itti bahu ta'uu isaa;
- Dhaloonni yeroo ammaa kanatti, akka waan sirni kun amantiilee biroorratti dhiibbaa fiduufi akka fafala wayiitti ilaalaa jiraachuu isaati.

## 5.3. Yaboo

Ragaalee odeeffannoo mala iddattoo miti carraa akkayyoofi darbaadabarsaatiin sassaabaman irraa walitti qabaman boqonnaa afur keessatti xiinxalamaniiru. Kana malees ragaalee xiinxalamanirra ka'uun qorannichi akka waliigalatti xumurameera. Kanumarraa ka'uun yaboo qorannoo kanaa akka itti aanu kanatti kaa'uun danda'ameera.

- Sirni kabaja ayyaana Hulluuqqoo ayyaanota hawaasa Oromoo Sooddoo biratti kabajaman keessaa isa nagaa, araaraa, quufaa gabbinaafi ulfina guddaa qabu waan kana ta'eef, Biiroon Aadaafi Turiziimii aanaa Toleefi qaamni dhimmi ilaalu sirna kabaja ayyaana kanaa irratti qorannoo gaggeessuun dhaloonni ammaa kun hubannoofi ilaalcha

gaarii akka horataniifi sirni jilaa kunis akka hinmiidhamnee kunuunsuunfi eeguun barbaachisaadha.

- Ummanni sadeen Sooddoo sadarkaa kamirrayyuu jiru, hawaasni bal'aan sirna kabaja ayyaana kanaa kan qaroominaafi falaasama hawaasichaa agarsiisu, duudhaa isaaa
- Eggatee akka hinraawwatamne kanneen dhorkan irraa eeggachuufi kunuunsuun barbaachisaadha.
- Adeemsa sirna kabaja ayyaana keessatti wantoonni yeroo durii hinjirre kan adeemsa keessa itti dabalamaa dhufaniifi kanneen yeroo durii turanii yeroo ammaa sababa adda addaan dagatamaa deeman nijiraachuusaa.
- Waantoota daadaa hawaasichaa keessatti barbaachisoo ta'anii, garuu yeroo ammaa ammoo dagatamaa deeman deebisanii akka yaadataman, sochiin qorannoofi hubannoo uumuun warreen adeemdsa keessa sababa amantitii garaa garaan dhufanii dhiibbaa aadaafi beekumsa hawaasaa kanarratti fidaniif hubannoo dhalootaaf akka ta'uuf barsiisaa deemuun barbaachisaa ta'a.
- Hawaasni kunsirna hariiroo cimaa gama hawaasa diinagdeetiin, aadaa, duudhaa, amantiifi falaasamaan qabu kana akka darbee dhaloota dhufu qaqqabu taasisa waan ta'eef kunuunfachuufi cimsachuu barbaachisaadha.
- Dhugeeffanna sirna kabaja ayyaana hulluuqqoo irratti mul'atan aadaa, duudhaafi
- Falaasama saba kanaa ibsa. Hawaasni dhugeeffannaa kana itti fayyadamaa, kunuunsuun dhaloota haaraaf dabarsuun barbaachisaadha.
- Kana malees dhugeeffannoo kana tikfachuuf waajirri Aadaafi Turiziimii sadarkaan jiran gahee haaqabataniyyuu malee uummanni Oromoo hunduu haala walfakkaatuun kunuunfachuufi eeggachuu qabu. Beektonnis mala ittiin dhalootaa gara dhalootatti darban mariifi hubannoo garaa garaa itti kennan irratti hojjechuun dhalootaaf ceessisuu qabu. Akkasumas duudhaafi falaasama hawaasa ofii dhiisanii kan ambaa hordofuun duubaa kun doofumaadha. Kanaaf akka dhaloonni si'anaa kun aadaafi duudhaa isaan akka hordofan gochuun barbaacisaadha.

Walumaagalatti qorannoo gadfageenyaan yoo gaggeeffame hawaasa Aanaa kanaafi hawaasa Oromoo qofa osoo hintaane akka biyyaatti bu'asaa ifa baasuun namoonni akka itti fayyadaman gochuun barbaachisaadha. Kanaaf dhaloonni dhimmi ilaalu nama dhuunfaa irraa kaasee hanga dhaabbilee gurguddoo mootummaafi dhaabbilee miti mootummaa qorannoolee kanaafi kan biroo hojjetaman keessa deebi'uun ilaaluun hojiirra yoo oolchan gaarummaa qabaata.

## WABIILEE


Abbas Haji Jos volume 2 members 1 and 2. (1995). TheJournal of Oromo Studies

Addunyaa Barkeessaa. (2011).Akkamtaa. Finfinnee: Oromiyaa.

Alamaayyoo Haayilee. (1999). Sirna Gadaa. Siyaasa Oromoo Tuulamaa. Finfinnee Alamaayyoo Hayilee, Boshii Gonfaa, Daani‟eel Dheeressaa, Sanbata Bushaa, Umar Nuuree. (1998). Seenaa Oromoo Hanga Jarraa 16ffaa, Biiroo Aadaa fi Turizimii Berhana Selam Printing Enterprise.

Alamaayyoofi Alamituu. (2010).SeensaAfoolaa. Kan hinmaxxanfamne (Yuunivarsiitii Jimmaa)

Alan Iseacs. (1981). The Macmillan Encyclopedia.USA: Laurence Urdang associates Ltd.

Araarsoo Badhaasaa. (1995). Seenaa Sadan Sooddoo. Finfinnee

Asafaa Tafarraa. (2004).TheorizingThe Present towards the Oromo Literature: Jaarsoo

Asmeroom Leggesse. (1973). Gada.Three approach to the study of Africa society: New York

Andrzejewski, B.W. (1985). *Literature in Cushitic Languages Other than Somali. In Literature in African Language.* Cambidge: CambridgeUniversity Press.

Bascom, W.R. (1965).Four functions of folklore.The study of Folklore.Burkley: printice – Hall, Inc.

Bartels, L. (1983). Oromo Religion: Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopia. An Attempt to Understand. Berlin: Dietrich Reimer Verlag.

Bukenya .A. (1994).Understanding Oral Literature.Nirobi: Nirobi University Press.

Campa, Arthur L. (1965).Folklore and History, Western Folklore.Published by Western states of

Cerul, E. (1922). The Folk Literature of the Oromoo of Southern Abyssinia .Harvard African Studies.

Dasta D. (2002). Bu’uura qorannoo: Yuuniversitii Finfinnee. Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Deressa Debu. (2010) “Agro Ecological History of Omo Nadda in Jimma zone “of Oromiyaa from 1900 to 2007, JU, Library system

Dirribii Damusee. (2012). Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorson, R. (1972) .Folklore and Folklife: an Introduction. Chicago: The University of Chicago. Dundes, Alan. (1965).*The Study of Foklore*. Berkeley: prentice-Hall, Inc.

Filee Jaallataa (2019). Malleen Qorannoo: Finfinnee, Oromiyaa, Mana maxxansaa: Printing press.ADP (ADP)

Filee Jaalataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo. Kutaa Tokko*. Mana Maxxansaa Raajii: Finfinnee.

Kaawoofi kaaawwan (2006): Daaniyaa. Finfinnee

Finnegan R. (1976:24). Oral Literature in Africa.Nairobi: Oxford University press.

Misgaanuu, (2011).Dilbii:Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo.Finfinnee: Subii Printing Press.

Mulgeetaa Nagaasaa. (1999; 164).Wiirtuu Jiildii8.Barruulee Qormaataa Afoola Oromoo.Finfinne e Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaa

Maammoo Gadaa. (2008; ).Duudhaa

Okpewho, I. (1992).*African Oral Literature*. Bloomington and Indianapolis: India University Press

Sims and Sephen. (2005).Living Folklore.An Introduction to the Study of people and their tradition.Utah State University Press.USA.

Waaqumaafi kaawwan (2020) BBO, Barnoota Gadaa: Finfinnee

Workineh Kalbessa. (2001). Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Argument for Environmentally Sound Development. Organization for Social Science Research in Eastern and Southern Africa (OSSREA).

Zoltan. (2007). Research Method in Applied Lingustic.Quantitative, Qualitative and Mixed Methodology

Zelalem Aberra. (2003). Translation from Oral to Written Oromo Poetery. In Studies. *Vol.10 Numbers* Journal of Oromo *1 and 2*.

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

**Gabatee Maqaa namoota Odeeffannoo kennanii**

| **Lakk.** | **Maqaa guutuu** | **Saala** | **Umrii** | **Ganda dhalootaa** |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Baalchaa Dibaabaa | dhi | 79 | A/Soolee |
| 2 | Bacharee Gurmeessaa | dhi | 55 | A/Soolee |
| 3 | Bushuraa Aangessaa | dhi | 55 | ‘’ |
| 4 | Eebbisaa Tuujjii | dhi | 37 | Tu/Waayyuu |
| 5 | Gaachanaa Hayiluu | dhi | 41 | A/Soolee |
| 6 | Guddisaa Fayyisaa | dhi | 76 | A/Tajii |
| 7 | Guutaa Arraddaa | dhi | 78 | A/Soolee |
| 8 | Makuree Miidhaksaa | dhi | 57 | A/Soolee |
| 9 | Miidhaksaa Imaanaa | dhi | 80 | A/Soolee |
| 10 | Milkeessaa Danboobaa | dhi | 82 | A/Soolee |
| 11 | Mulugeetaa Biqilaa | dhi | 58 | A/Soolee |
| 12 | Rattaa Galaalchaa | dhi | 52 | A/Tajii |
| 13 | Shugguxii Fayyisaa | dhi | 46 | A/Soolee |
| 14 | Takkaa Galaalchaa | dhi | 55 | A/Soolee |
| 15 | Tasfaayee Danboobaa | dhi | 59 | A/Soolee |
| 16 | Tuujjii Dhaabaa | dhi | 80 | Tu/Waayyuu |
| 17 | Nigaatuu Dammasaa | dhi | 42 | Baantuu |
| 18 | Boontuu Dabalee | du | 35 | Baantuu |
| 19 | Naggasaa Biqilaa | dhi | 79 | A/Soolee |
| 20 | Tashoomaa Baqqalaa | dhi | 65 | A/Soolee |

**Dabalee B  Maqaa namoota marii garee**

| Lakk. | Maqaaa | Saala | Umrii | Ganda dhalootaa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Arfaasee Qaabatoo | Du | 40 | A/Soolee |
| 2 | Baacaa Hayiluu | Dhi | 55 | A/Soolee |
| 3 | Dharraa  Miidhaksaa | Du | 65 | A/Soolee |
| 4 | Dharraa Milkeessaa | Du | 43 | A/Soolee |
| 5 | Jambaree Aangessaa | Dhi | 50 | A/Soolee |
| 6 | Jiituu Baqqalaa | Du | 48 | A/Soolee |
| 7 | Taarikuu Hayiluu | Dhi | 52 | A/Soolee |
| 8 | Tasfaayee Miidhaksaa | Dhi | 58 | A/Soolee |
| 9 | Zannabuu Mul’isaa | Du | 61 | A/Soolee |

**Afgaaffiiwwan Qorataan hirmaattota ayyaanichaafi kanneen birootiif dhiyaate**

Yuunvarsiitii Finfinnee Dhaabbata Qorannoo Afaanii Qrannoo Digrii Duraatiin Booddee.

Kabajamtootaafi jaallattoota seenaa, aadaa, duudhaafi ilaalcha Oromoo bakkafi yeroon isin barbaadetti yeroo keessan akkasumas, yaada keessan osoo hin qusatin dhimma ani isin barbaaderratti oedeeffannoo naaf laachuuf baga asitti argamtan.Anis asitti isin argachuu kootti baga Waaqni namilkeesse. Kanan isin barbaadeefis, 1. Adeemsa Sirna Kabaja Ayyaana Hulluuqqoo ilaalchisee haalli raawwii isaa maali? 2. Ergaa Afoolli Oromoo sirna kana waliin walqabatee qabu maali? 3. Hiika meeshaaleen aadaa sirna kabaja ayyaana hulluuqqoo kana waliin jiran qaban, 4. Faayidaa sirni hulluuqqoo kuni jiruufi jireenya hawaasa Sooddoo biratti qabu, 5. Haal yeroo ammaa sirni hulluuqqoo irra jiruufi akkasumas 6. Yoomessi sirna kabaja ayyaana hulluuqqoo hoo? kan jedhurratti ragaa walitti qabachuufi.Kanaaf isinis waan beektan haala ifa ta'een odeeffannoo akka kennitan abdii guddaan isinirraa qaba.

Galatoomaa! Kabajamaaa!

Ragaalee Dhuunfaa iddattoowwanii

Maqaa guutuu___________________________________

Saala _____

Umrii_____

Bakka dhalootaa______________________________

Gahee hojii_________________________________

Ragaa kenname______________________________